# QAACCESSA IJAARSA EENYUMMAA HAALA QABATAMAA MOGGAASA LAFAWWAAN OROMOO WALLOO WARRA QAALLUUFI WARRA BAABBOO

**LAMMAA GEETAHUUNIIN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS AABABAA**

**KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA IJAARSA EENYUMMAA HAALA QABATAMAA MOGGAASA LAFAWWAAN OROMOO WALLOO WARRA QAALLUUFI WARRA BAABBOO

**QORATAAN: LAMMAA GEETAHUUN**

**GORSAAN: XILAHUUN TALIILAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN**

**GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS AABABAA KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata qorannoo digirii duraatiin booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Hogbarruu barsiisuuguuttachuuf **LammaaGeetahuun Qixxaataa** mata duree “ *Qaaccessa Ijaarsa Eenyummaa Haala Qabatamaa Moggaasa lafawwaan Oromoo Walloo Warra Qaalluufi Warra Baabboo”* jedhurratti sadarkaa yuuniversiitiin kaa’e guuteera.

**Koree qormaataa:**

Qoraa Alaa________________________________ Mallattoo ____________ Guyyaa_________

Qoraa Keessaa _____________________________ Mallattoo _____________ Guyyaa________

Gorsaa _______________________________ Mallatto_______________Guyyaa___________

_________________________________________________________________________

Dura taa’aa Muummee yookaan Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan mallattoon koofi maqaan koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa ko kan ta’eefi Yuniversiitii kamuu keessatti kan hinhojjetamne ta’uu isaa akkasumas . Wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbise haala seea qabeessa ta’een fudhadhee wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa: ______________________________

Mallattoo :______________________

Guyyaa :_________________

**Axereeraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa 'xiinxala Ijaarsa Eenyummaa moggaasa lafawwaan Oromoo Walloo Warra Qaalluufi warra Baabboo haala qabatama moggaasa ganamaa gidduu galeeffachuun gaggeeffame kun bara durii Oromoon Walloo gosaafi warraan jechuun,"warra Baabboo", "warra Iluu", "warra Qaalluu", "warra Raayyaa"fi kkf jechuun warraan wal bulcha ture.Garuu yeroo har'aa kana waan hinjirreef sana deebisuuf jecha kan hojjetamedha. Kana jechuun eenyummaa sabichaa beeksisuufi yaada lallaaquun eenyummaa sabichaa burjaajjessan hambisuufidha. Haaluma kanaan qaaccessa moggaasa maqaa kanaaf malli qoratichi itti gargaarame mala qorannoo akkamtaa yookaan qulqulleeffataati. Mala kanaan odeeffannoo madda ragaa duraafi madda ragaa lammaffaa irraa argaman kan kaayyoo qorannichaa galmaan gahu jedhamanii funaanamaniin wal simsiisun itti gargaarameera. Kana malees Yaaxinaalee akka seen- naannoo, aadaaa hawaasa bal'aa, walkeessoofi yaaxina irra deebisanii ijaaruu fayyadamuun hojjetameera. Dabalataanis mata duricha gabbisuuf, sirna adda addaa, afoola, jechamootaafi kkf kan eenyummaa sabichaa kan itti ibasamuufi raawwatus yaada manguddoliifi yaada beektootaarratti bu'ureeffachuun ibseera. Qabiyyee gurgudoon qorattichi irratti hundaa'e, maalumma maqaa, malumma moggaasa maqaa adda addaa lafarraa, moggaasa maqaafi qoodaa fudhattoota, faayidaa moggaasa maqaa, moggaasa maqaa keessaatti eenyu akka qooda fudhatu, bu'ura moggaasa maqaa, dhiibbaa sirnoota darbaniin moggaasa maqarraa gaheefikkf. kan ibsan yoo ta'u, qorannoo kana keessatti akka waliigalaatti wanti hubatame yookiin argannoo ta'an, hawaasni Oromoo warra Qaalluufi warra Baabboo akkaataa moggaasa maqaalee adda addaa lafawwaniifi daa'immanii itti raawwatu adeemsa mataa isaa kan qabu, mogaasni afawwanii eenyummaa saba tokkoo ibsuuf human akka qabu,bu'urri moggaasa maqaalee kanneenii: kan bakkeewwanii immoo maqaa namaa, haala qilleensaa, wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman, maqaa namaafi haala bakka sanaa walittii qindeessun akka ta'eefi dhiibbaa sirnoota darbaniitiin Oromoon naannichaa aadaafi duudhaa moggaasa maqaa kan isaa dagatee akka kan biraa dhaalu ta'uun isaa hubatameera. Kun kan namaatiis waqtiilefi amantan, abdiifi hawwii fulduraa, dhala dhabaniifi turmaata booda argachuu, guddinaafi sochii qaamaa daa'ima Kanaafuu, moggaasni maqaan uummata kanaaf kuusaa beekumsa gadi fagoo, ibsituu eenyummaafi calaqistuu aadaa kan yeroo dheeraa darara adda addaa dandamachuun asgaheefi jecha yookaan gaalee ittiin waamamuu sana bira ce'ee deemudha jechuun nidanda'ama. Kanaaf eenyummaa saba kanaa isa kaleessaa deebisanii ijaaruuf human guddaa kan qabu moggaasa lafawwanii oromoo warra Qaalluufi warra Baabboo ta'uusaa hubatamee xiyyeeffannoon itti kennamuun hojjetamuu akka qabu adda baasameera.*

**Galata**

Hunda dura hojii kana jalqabee hangaan xumurutti eegumsa isaa guddaa naa godhee isa hardhaan na gahe Waaqayyoof galanni guddaan haata’u. Itti aansuun, haala qorannoon kun itti gaggeeffamu kan kara na qabsiisanii na qajeelchuun akkan qorannoo kana galmaan gahuuf kan na gorsan, gorsaa koofi barsiisaa koo kan ta’an Dr. Xilahuun Taliilaa  baay’ee baay’een galateeffadha. Dabalataanis qoraa wixinee koo ta’uun kan na qajeelchan Dr. Mulgeetaa guddaa galatoomaa jechuun barbaada. Kana malees milkaa’ina hojii kanaaf odeeffannoo barbaachisu naaf qooduun kan deeggarsa dhugaa naaf godhan maanguddoota warra Qaalluufi baabboo guddaa guddaa galateeffadha, umurii dheeradhaa, raagaa jechuun barbaada.

Akkasumas nuffii malee karaa hedduun milkaa’inni kee kooti jechuun boqonnaafi hirba isheerraa naaf gumaachuun hanga dhumaatti kan waa hundaan na cinaa dhaabbaatte haadha manaa koo barsiistuu Kadijjaa Ibraahim galatoomi jechaa dhuma hojii kanaafi dadhabbii kee rabbi si haa agarsiisun jedha. Dhumarratti waa hedduun meeshaalee irraa eegalee hanga ogumaafi teeknikaatti hiriyyoota koo na cinaa dhaabbataniif galanni koo daangaa hinqabu.namoonni hunduu galatoomaa, horaa bulaa jechuun barbaada!

## Hiika /jibsoo jechootaa

Qorannoo kana keessatti jechootan fayyadame keessaa kan yeroo dubbisan dubbistoota rakkisuu danda`an jedhee yaade haala armaan gadiin hiikamaniiru.

**Abbagaar:** Jaarsa biyyaa beekamaa kan nikaa yeroo fuudhaafi heerumaa hidhu.

**Boola Qayyaa:** Boolla kan dubartiin heerumte yookiin mana godhatte itti qaama ishe ho'ifattudha

**Du'aayii:** Kadhaa uumaa isaanii nagaa Uumaa hunda taasisi jechuun kadhatanidha.

**Gaarayyuu**: Dargaggootaafi shamarran fuudhaafi heeruma dura hiriyyaa wal qabatan ( qabdoo/ wadaaja)

**Gibira**: Yeroo ateetee godhattu kan nyaatamuufi dhugamurraa abdaariif dhibaafatamu

**Haqafaa:** Dargaggoota dhiiraafi dubarri mudhii olqullaa ta'uun wal hammachuun waliin taphatan

**Lafjalee:** Tapha cidha dursee taphatamuufi gaarayyuun taphatamu (jalabultii cidhaa)

**Mala'oo:** Mmuka dubartiin boolla qayyaatti aarfattudha

**Moggaasa Lafawwanii:** moggaasa maqaa lafarratti argamanii hunda kan qabate

**Qaallicha:** Nama amantaa isilaamaa barsiisuufi qaraasisu

**Sheehuu**: Nama quraana qara'ee xumuree ittiin tajaajilaa jiru

**Xajji-saara**: Gosa margaa ta'ee kan baay'ee urgooftudha.

**Gabaajee**

**01 Q.** Ganda warra Qaaluudha

**01 B.** Ganda warra Baabboodha.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ I
Galata ........ II
Hiika /jibsoo jechootaa ........ III
Baafata ........ IV
Baafata Fakkiilee ........ VII
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa qorannichaa ........ 3
1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa ........ 4
1.4. Kaayyoo Qoranniichaa ........ 4
1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.4.2. Kaayyoo Gooree ........ 4
1.5. Faayidaa Qorannichaa ........ 5
1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 7
1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 7
1.8. Haala Jireenyaa Hawaasa Naannoo Qorannichaa ........ 7
1.8.1. Haala teessuma lafashee ........ 9
1.8.2. Qubsuma Hawaasa Naannoo Qorannichaa ........ 10
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 14
2.1. Maalummaa Fookiloorii ........ 14
2.1.1. Damee Gurguddoo Fookloorii ........ 14
2.1.1.1. Afoola ........ 14
2.1.1.2. Duudha Hawaasaa ........ 15
2.1.1.3. Meeshaa Aadaa ........ 15
2.1.1.4. Dalaga Artii duudhaa ........ 16
2.1.2. Maalummaa Moggaasa Maqaawwanii ........ 16
2.1.3. Amaloota Maqaa dhuunfaa ........ 16
2.1.5. Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii ........ 17
2.1.6. Eenyummaa ........ 18

2.1.7. Seenaa Lafaafi Eenyummaa ....................................................................................19
2.2. Yaaxinaalee Fookloorii ...................................................................................................20
2.2.1. Yaaxina Seen-naannoo ...............................................................................................21
2.2.2. Yaaxina Walkeessoo ....................................................................................................21
2.2.3. Yaaxina Aadaa Hawaasaa ..........................................................................................22
2.2.4. Yaaxina Irra Deebi`anii Ijaaruu ...................................................................................22
2.3. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii ...................................................................................23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..................................................................25
3.1. Madda Ragaa ......................................................................................................................25
3.2. Qindoomina Qorannichaa ...................................................................................................25
3.2.1. Hawaasa /Irraawatama/Qorannichaa ..........................................................................26
3.3. Malaafi Hamma Iddataa .....................................................................................................27
3.4. Malleen Funaansa Ragaa ....................................................................................................27
3.5. Mala ragaafi Tooftaa Ragaan itti Guurame .......................................................................29
3.6. Mala Odeeffannoon Itti Qaacceeffame ..............................................................................30
BOQONNAA AFUR: XIINXALAA RAGAALEE ......................................................................31
4.1. Bu'ura Moggaasa Maqaa Namaafi Bakkeewwanii ............................................................31
4.1.1. Bu'ura Moggaasa Maqaa Daa'immanii .......................................................................32
4.1.2. Maqaalee Waqtiileen Walqabatanii Moggaafaman .....................................................32
4.1.3. Maqaalee Amantaan Walqabsiisuun Moggaafamu .....................................................33
4.1.4. Bu'ura Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii ...................................................................34
4.1.4.1. Maqaalee Bakkeewwanii Sanyii Namaa Bu'ureeffachuun Moggaafamanii .............34
4.1.4.2. Maqaalee Bakkeewwanii Waantota Naannoo Sanatti Baay'inaan Argaman Bu'ureeffachuun Moggaafaman ....................................................................................35
4.1.4.3. Maqaalee Bakkeewwanii Taatee Bakka Sanaan Walqabatanii Moggaafaman .........36
4.1.5. Moggaasa Maqaawwan Adda Addaa Lafawwan Naannichaa Ganamaafi Hiika Isaanii37
Moggaasni maqaawwan adda addaa naannoo kanatti argamanii kan ganamaa warri ta'an hedduu yoo ta'anisa muraasni isaani: ..................................................................................37
4.1.5.1. Moggaasa Bakkeewwaniifi Maqaa Adda Addaa Ganamaa Warra Baabboo ...........38
4.1.5.2. Moggaasa Bakkeewwaniifi Maqaa Adda Addaa Ganamaa Warra Qaalluu .............41

4.2. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaawwan Adda Addaaf Warra Qaalluufi Warra Baabboo....44
4.2.1. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaa Namaaf ....45
4.2.2. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii ....46
4.3. Walitti Dhufeenya Moggaasa Lafarraafi Eenyummaa Hawaasichaa....46
4.3.1. Gahee Moggaasni Maqaalee Qabatamaan Lafarra Jiranii Eenyummaa Ibsuuf Qabanii..47
4.4. Xiinxala Afoolaa, Jechamootaafi Haala Haasaa Hawaasichi Itti Fayyadamaa Jiranii....48
4.4.1. Fayyadama Afoola Isaanii....48
4.4.2. Xiinxala Ragaa Jechamoota Afaan Lamaaniin Naannichatti Dubbatamanii....51
4.4.3. Xiinxala Haala Fayyadama Haasaa Isaaniin Eenyummaa Isaanii Ilaaluu....52
4.4.4. Xiinxala Sirnoota Adda Addaa Naanichatti Kabajamuu....53
4.4.4.1. Tapha Lafjalee /Aqafaa/ ....53
4.4.4.2. Adeemsa Callee Naqachuu Dubartii Warra Baabboo ....54
4.4.4.2.1. Akkatti gaggeeffamu ....54
4.4.4.2.2. Fakkoomii Sirna Ateetee Keessatti Argamanii ....55
4.5. Dhiibbaa Sirnoonni Siyaasaa Darbanii Moggasa Maqaa Lafawwanfi Bakkewwan irratti Geessisan....56
4.5.1. GamaEenyummaafi Afaan Oromoo Walloo Warra Qaalluufi Baabboo....59
4.5.2. Waantota Kufaatii Eenyummaa Oromoo Walloof Sababa Ta’an ....60
BOQONNAA SHAN: ARGANNOO, CUUNFAAFI YABOO....66
5.1. Argannoo....66
5.2. Cuunfaafi Yaboo ....68
Wabii....70
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C
Dabalee D
Dabalee E
Dabalee F

**Baafata Fakkiilee**

Fakkii 1. Gabaa Baatee kan duraan warra Baabboo amma warra Qaalluu taatee ..........................9
FAKKII 2. KAARTAA NAANNOO AMAARAA......................................................................13
Fakkii 1. Naannoo ganda warra Caalii kan agrarsiisu ..................................................................39
Fakkii 2. Masgiida warra Qaalluu keessa ganda shonkee keessatti argamuu...............................43
Fakkii 3. Sibiila nama itti fannisan kan gabaa Baatee keessa yeroo ammaa kanallee jiruuti. .......65

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo uummata biyya Itoophiyaa kana keessa bakka adda addaa jiraateefi jiraachaa jirudha. Isaan keessaa tokko kaaba biyyattii jiraataa kan ta'an saba Oromoo Walloodha. Akkuma beekamu uummanni aadaa barreeffamaan seenaasaa ibsachuuf carraa hinqabne afoolaafi moggaasa maqaalee ganamaa adda addaan ibsachuun akka ture nibeekama. Kanuma ilaalchisee **John Hamer** barreessaan jedhamu akka jedhutti seenaan ummataa bifa barreeffamaan hinture tokko duubatti deebi'anii ijaaruuf maddaafi jireenya isaanii mirkaneeffachuuf afoolliifi moggaasni maqaa adda addaa bakka guddaa qaba jedha.Seenaa yoo jennu daawwitii deemsa keenya booruuf nu qajeelchu  ta'uu isaa beekuun dirqama. Uummanni seenaa ofii hinbeekne ykn akka hinbarre taasisamee jiru eenyummaa isaanii irratti milkaa'oo miti.Seenaa darbe hubachuu dhabuudhaan ofiifis osoo seenaa hinhojjetiin addunyaa kanarraa gala (Ahimaddiin Jabal 615-1700).

Yaaduma kanaan wal qabatee waa'ee seenaafi eenyummaaOromoo walloo keessatti warra hundarra kan nama dhibu rakkoofi gidiraa hunda dandamachuun gariin afaaniifi eenyummaa hambifatee, gariin immoo afaanicha dagatuun maqaalee akka lageewwanii, gareewwanii, qe'eewwaniifi kkf moggaasa maqaa ganamaa isaaniin akka waamaman gochuun har'aan gahan kana duubatti deebi'uun keessatti of ilaaluun  hubachuu barbaada jechuudha. Aadaan saba kana akka hinguddanne ilaalchisee Asafaan akka ibsetti Waantonni eenyummaafi Oromummaan  akka hinguddanneefi dagaagne gufachiisan dhiibbaa siyaasaan afaan, aadaan, eenyummaan dhugaan akka hindagaagne gochuun walitti lallaaquun /waliin fakkeesuun/ ture. Akkasumas, manneen barnootaattiifi dhaabbattootatti aadaa dhaloota haarawwaarratti xiyyeeffatee hojjetu dhabamuunsaa akka  sabboonummaan Oromummaan lallaaqamtu (un even identity) taasiseera jechuun waan isin hinfakkaanneefi waan tahuu hinfeene tahuun garbummaa sammuuti jedha (Asafaa Tafarraa 2009:112)

Oromoo kibba Walloo kanaaf magaalaan guddoon Deesseedha. Deesseen Finfinnee irraa km 401 irratti argamti.  Moggaasni Dessee jedhu kun kan kennameefii akka maanguddoon Warra Qaalluu jedhanitti dur dubartiin Oromoo tokkotu bakka kanatti farsoo gurgurti jedhama. Haata'u malee osoma hojii kaanaan jiraattuu nideesse.Warri farsoo ishee biraa dhugan maamiltoonni

ishee deemanii farsoo dhaban. Kana booda “maal maaltu ta’ame” jechaa waliin walgaafatan, gariin “deesseeti” jennan,“deessee deessee” jechuun ajaa’ibsiifachuun kanumaan maqaan “Deessee” jedhu itti moggaafame jedhan (Obbo Ibraahim Mohaammed sadaasa, 2011).

Kanuma ilaalchisuun, Hanks &Hudges (1995: vii) yoo ibsan “A person’s name is a badge of cultural identity. The name that people bear are determined in large part by the culture of that they belongs to,” jedhu. Yaada waraabbii kanarraa hubachuun kan danda’amu, maqaan mallattoo eenyummaa akka ta’e hubanna. Gama biraan yoo ilaallu, aadaan immoo mul’istuu eenyummaa saba tokkoo waan ta’eef maqaan mallattoo eenyummaa hawaasaa ta’uuun isa hubatamuu nidanda’a. Maqaan moggaafamus aadaa saba sanaan akka murtaa’u kan namatti mul’isu ta’a. Akkasumas, naannoo jiraatu kanatti waantota itti dhimma bahan haalli moggaasa maqaa isaanii maal akka ta’e adda baasuun kan beekanidha.

Dhimma eenyummaa Oromoo Walloo kana ilaalchisuun akka kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16$^{ffaa}$ (1998:275)tti “Jechi “walloo” jedhu dur,“waloo’ jedhamee akka waamamu kaa’uun walloo qabiyyee gosoota toorban wallootiin kan moggaafamedha” jedha. Toorban Walloo kunneenis Warra Qaalluu, Warra Baabboo, Warra Himanoo, Warra Iluu, Warra Albukkoo, Warra Raayyaafi Warra Laga Amboodha. Akkuma maqaa isaanii irraa hubachuun danda’amutti jarri kun kaaba biyyitti bakka adda addaa jiraachuu eegale. Ilmi namaa immoo jireenya hawaasummaa isaa keessatti namootaaf, bakkeewwaniifi wantoota biroo naannoo isaa jiraniif maqaa moggaasuun nama yookaan wanta sana ittiin waama. Maqaan jecha yookaan jechoota namoonni, bakkiifi wantoonni ittiin waamamanifi ittiin beekaman akka ta’e yaanni hayyoota tokko tokkoo niibsa. Moggaasni maqaa yoomiifi haala kamiin akka jalqabame adda baasuun rakkisaa akka ta’e kaa’ama. Kana ilaalchisee Crystal (1989:290) akkas jechuun ibsa. “We have no direct knowledge of the origin and early development of language and name as well or it is easy to imagine how such knowledge is obtained.” Yaada waraabbii kanaarraa akkuma hubachuun danda’amu, haala jalqabbii moggaasa maqaafi afaanii ilaalchisee yoom akka eegalame adda baasuun rakkisaa ta’uu agarsiisa.

Dhimmuma kana ilaalchisee Asafaan (2009:90) akka ibsetti “waantotni eenyummaafi Oromummaan akka hinguddanne taasisaa turan dhiibbaaa siyaasaan afaan, aadaan, eenyummaan dhugaan akka hindagaagne walitti lallaaquun ture.Manneen barnootaatti, dhaabbataatti dhimma aadaa irratti xiyyeeffatamee hojjetamuu dhabamuunsaa akka oromummaan lallaaqamtu

taasiseera.Oromoon duula gosa galoomii (assimilation/ amarization) dandamatee afaan isaa, aadaan isaa turuun waan tokko ta'us ammas Oromoon yoo jabaatee hiree ofii isaa ofiin murteeffachuu hindandeenye afaan ilmaan isaa itti barattuufi waan isii akka barattuuf hiree isaa yoo hinmurteessiini rakkoodha" jedha.

## 1.2. Ka'umsa qorannichaa

Qorannoo kana qorachuuf waanti akka ka'umsaatti nakaakaase bara durii Oromoon Walloo gosaafi warraan jechuun,"warra Baabboo", "warra Iluu", "warra Qaalluu", "warra Raayyaa"fi kkf jechuun warraan wal bulcha ture. Garuu, yeroo bulchiinsa Darguu "Walloo Kifile Haager" yeroo bulchiinsa ammaa kana immoo "Amaaraa killiliifi Godina addaa saba oromoo kamisee", akkasumas godina addaa Hawwii jechuun kan itti moggaasuun eenyummaa sabichaa burjaajjessaa har'aaan gahan kun ragaadha. Kanaaf kanneen maaliif akka akkas ta'an qorachuun bira ga'uun hubannoo sirrii hawaasaaf kennuufi

Oromoo Walloo warra Qaalluufi Baabboof moggaasni lafarraa kan afaan Oromoon hanga har'aatti waamaman maqaan gaarreenii, lageenii, gandootaa, mukeewwanii, karaawwanii, haroowwanii, manneen barnootaa, magaalotaa, aanolee, moggasa sirna adda addaafi kkf jiraatanillee hedduun hawaasichaa garuu, dugda duuba moggaasa wantoota kanaa hubannoo dhabuun kaan jechicha jallisee hiika dhugaa jechichaa jallisuun akka saba biraatti yeroo oflakkaawan, kaan immoo hubannoo seenaa lallaaqamee dhihaatuun waa'ee eenyummaa isaaniittiif burjaajja'anii jiru.Dhimuma kana ilaalchisee kitaabni seenaa oromoo hanga jaarraa 20ffaatti (2008:13) jedhutti Seenaa uummatoota Itoophiyaa keessatti keessattuu kan saba oromoo kan jaarraa 16ffaa duraa loogiin kan guutamedha. Kunis sababa lamaaf ta'a:

Aadaa barreeffamaa dhabuun, Qorannoo seenaa Itoophiyaa keessatti beekaa irra darbamuudha. Oromoon seenaafi aadaa isaa argaa dhageettiin dhalootaaf daddabarsaa ture. Aadichaan afoola guddisuu keessatti gahee haaqabaatu malee seenaa saba kanaa qabatamaan akka barreeffamu hintaasisamne. Sababni isaas hangaa guyyaa bilisummaa Afrikaatti (1960) afoolli akka ragaa seenaa ibsuutti akka hinfudhatamne ta'uudhaan akka seenaa hinqabneetti fudhatamuudha.

Kanaaf barruu kanarraa akkuma hubatamu seeraafi heera ofii bobbocan isatti hirkachuun eenyummaa sabaa dagachiisuuf dhiibbaafi shira taasisamaa tureefi jiruun burjaajjessuun osoo wal hinbeekiin lagaan, gandaafi sabaan wal qooduun wal dhabbii adda addaa gidduma isaaniitti

taasisamaa ture. Akkasumas, har’as kan jiruuf illee rakkoo seenaa isaanii kaleessaa dhoksuuniifi moggaasa ture jijjiiruun lallaaquun akka waan adda addaaf waldhaban taasisame sanaaf duubatti mil’achuun gaaffii sammuu keessa namoota adda addaa tureefi waldhabbii adda addaa ture nideebisa jedhameeti. Kanaaf, dhimmi isaanii kun immoo dhimma Oromoo hundaa waan ta’eef kan kaleessaa warra har’aa kana irraa qorachuun warra booruuf waanti ragaa taatu oltaa’uu qabdi jedhee waanan itti amaneefi dhimma eenyummaafi ijaarsa isaanii kana lallaaquun akka hinbeekamne dhiibbaa ta’amaa tureefi jiru adda baasuun agarsiisuuf kan qoratamedha.

Walumaagalatti sabni kun dhiibbaa adda addaa irraa kan ka’e afaan biraan waan dhaalameen eenyummaasaa irratti burjaajja’aa ture kana haqa lafarra jiruun dhugumaan akka beekaniifi beekamtii argatu taasisuudha.

## 1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa

Gaaffileen bu’uuraa kanneen armaan gadii kunnee qorannoo kana keessatti deebii argatu jedhamee xiyyeeffannoo keessa galchuun kan dhihaatanidha.

1. Waantoonni moggaasa maqaa lafawwan walloo adda addaaf bu’uura ta’an maal?
2. Moggaasni maqaawwan adda addaa lafarraa hariiroo hawaasicha waliin qabuufi hiikni isaa nibeekamaa?
3. Oromoo warra Qaalluufi warra Baabboo biratti moggaasni lafawwaniin eenyummaa (afaan) isaanii hanga yoomiitti ibsachaa ture?
4. Eenyummaa Oromoo walloo warra Baabboofi warra Qaalluu kana akkan ganamaasaa sana ibsuu/ agarsiisu sirniifi afoolli adda addaa ragaa ta’u yeroo har’aa kana nijiraa?
5. Eenyummaa Oromoo walloo warra Baabboofi Qaalluu har’aa kan laaffise maal?

## 1.4. Kaayyoo Qoranniichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa waa’ee Ijaarsa Eenyummaa moggaasni lafawwan Oromoo Walloo warra Qaalluufi warra Baabboon qabu xiinxaluudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

- ✓ Waantota moggaasa lafawwaniif bu’uura ta’an sakatta’uun dhiheessuu
- ✓ Moggaasa maqaa waantota adda addaaf kenname qooddattootaafi hiika isaa ibsuu

- ✓ Hariiroo moggaasni lafaa oromummaa isaanii wajjin qabu agarsiisuu.
- ✓ Afseenawwan lafa Oromoo walloo irratti keessattu warra Qaalluufi warra Baabboo afaaniin seeneffaman xiinxaluun baasuu
- ✓ Dhiibbaan siyaasa sirna bulchiinsota darbanii jijjiirama moggaasa maqaawwan lafa walloo warra Qaalluufi warra Baabboo irrattifide xiinxaluun dhiheessuu.

## 1.5. Faayidaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa kallattii adda addaan Hawaasa Oromoof murteessaadha. Keessattuu Oromoo walloofi dhaloota haaraaf galaa guddaadha. Akkuma beekamu Oromoon Walloo kaaba Itoophiyaa keessatti kan argamu ta'ee sababa adda addaa irraa kan ka'e baroota dheeraaf seenaafi eenyummaa isaa kana dhabamsiisuuf kutaa Walloo kanarratti mootummoonni dabaree dabaree wal jijjiiraa turan waan hinhojjenne hinqaban. Dhimma kana ilaalchisee Kitaabni seenaa Uummata Oromoo hanga jaarraa 16ffaatti (1998) jedhutti "Sirni mootummoota wal duraa duubaan darbanii seenaa saboota cunqurfamootaa walumaa galatti seenaa Uummata Orommoo keessaayyu akka hinbarreeffamneefi ifa hintaane dhiibbaa adda addaa irraan gahaa tureera"jedha. Kanaaf seenaa kana keessaa tokko immoo kan Oromoo Walloo irratti ta'amedha.

Kanas kan taasise aangoon siyaasaa biyya kanaa yeroo dheeraaf harka warra bittootaafi amantii isaanii hordofan waan tureef. Sababoota kanaan kaayyoofi amantaa isaanii warra hinfudhanne seenaa haamlee isaanii miidhu galmeessaa bifa biraan olaantummaa seenaa isaaniifi aadaa isaaniif iddoo guddaa kennuun loogiin bulchaa turan. Haa ta'u malee, eenyummaafi afaan isaan kana dhibbaa dhibbatti baraarrachuun eenyummaa isaa akkuma jirutti tursiisuun hanga har'aatti kan jiran hedduudha. Haa ta'u malee gariin immoo afaan isaanii dagachuun eenyummaafi duudha isaanii wallaalanii gara qilleensi isaan oofutti oofamuun, Inni kaan immoo qilleensichaan raafamurra gosumaatti oflakka'uun sabummaa isaa illee dagachuun maqaa adda addaan ofmoggaasuun jira. Dhimmuma kana ilaalchisee Asafaan (2009:90) akka ibsetti "Oromoon duula gosa galoomii (assimilation/ amarization) dandamatee afaan isaa, aadaan isaa turuun waan tokko ta'us ammas Oromoon yoo jabaatee hiree ofii isaa ofiin murteeffachuu hindandeenye afaan ilmaan isaa itti barattuufi waan ishii akka barattuuf hiree isaa yoo hinmurteessiini rakkoodha" jedha.

Yaadni barruu kanaa immoo kan darberraa barannee dhiibbaa ammas jiru kana mulqachuu danda'uu akka qabnu quba nama qabsiisa. Kana malees moggaasni lafawwanii kan Afaan

Oromoon hanga har’aatti waamaman maqaan gaarreenii, lageenii, gandootaa, aanoleefi kkf jiraatanillee hedduun hawaasichaa garuu dugda duuba moggaasa wantoota kanaa hubannoo dhabuun kaan jechicha jallisee hiika dhugaa jechichaa jallisuun akka saba biraatti yeroo of lakkaawan, kaan immoo hubannoo seenaa lallaaqamee dhihaatuun waa’ee eenyummaa isaaniitiif burjaajja’anii jiru. Kanaaf, hawaasa Oromoo kaaba biyyattii jiraniifi jiraataniif murteessaadha.

Maalummaa Oromoo walloo kaleessaafi har’aa kallatti kana duraa moggaasa maqaalee adda addaa jechoota Afaan Oromoon moggaasuun dhiibbaa bara dheeraa dandamachuun naannoo kana jiraachaa ture haala keessa darbe hubachiisa. Akkasumas, sabichi hidda dheeraa kan qabuufi har’as boorus kan jiru akka eenyummaasaa hindaganne moggaasni kaleessaa ragaa guddaa ta’uu isaa hubachiisa. Kana jechuun warri kaleessa yeroo ukkaamsaa aabbotii aangoo adda addaa dabarsaa ture hiree kana asiin gahe akka eenyummaa ofiifi dhiittaa keessa darbanii dhufan kana osoo hindagatiin galaa godhachuun kan har’aafi booruu maal akka ta’uu danda’u haalaan akka hubatan gargaara. Kunis boor yoo haalli mijatu ilmaansaafi ilmaan ilmaansaa afaan isaaniin akka baratan, eenyummaa isaanii akka hubatan gochuuf nidirqamu ta’uu danda’a waan ta’eef akka ragaatti isaan tajaajila jedhamee itti yaadamuun qoratamuun barbaachisaa ta’eera. Kanaaf:

- Aadaa, duudha, eenyummaa hawaasaa naannoo sanaa dhaloota booda dhufaniif hubannoo gahaa qabsiisa
- Oromoota Walloofi kan biroof dhimma Oromummaafi eenyummaa isaaniin wal qabatee waanti akka gaaffiitti sammuu isaanii keessa ture hanga tokko deebii ni argata.
- Moggaasni maqaa waantota adda addaa ganamaa eenyummaa saba tokkoo calaqqisiisuuf humna guddaa qabaachuusaa raga waliin agarsiisa.
- Waa’ee seenaa saba kanaa hubannoo burjaaja’aafi lallaaqamaa namoonni tokko tokko barreessuunis ta’e, dubbachuun sammuu namootaa irratti waan dogoggoraa fedhaa turaniif dhugaamti qabatamaan maqaan moggaasa lafarraa oromoo walloo warra Qaalluufi Baabboo kun deebii kenna.
- Namoota mata duree akkanaarratti qorannoo gaggeessaniifis gara fuula duraatti akka madda ragaa ta’uun tajaajiluurra darbee dhimmichi akka xiyyeeffannaa guddaan ilaalan miira guddaa itti uuma jedhameeti.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti geggeffame Oromoo Walloo Warra Qaalluufi warra Baabborratiakka lakkoofsa itoophiyaatti bara 2011ti. Mata duree xiinxala Ijaarsa Eenyummaa Oromoo Walloo haala qabatamaa moggaasa lafarraan jedhu irratti kan gaggeeffamu yoo ta'u, daangaa bakkaatiin naannoo Amaaraa Kaaba Itoophiyaa Oromoo Walloo warra Qaalluufi warraBaabboo irratti yoo ta'u; Daangessitoonni Kaabaan kaaba walloo warra yeejjuu, Kibbaan magaala guddoo Walloo Kibbaa kan taate Deessee, Bahaan daangaa Affaar Aanaa sanqallee, Dhihaan Warra Imanoofaadha. Kunis kan daangeffameef naannoo warra hafan itti ida'uun qorachuuf yeroofi humna, akkasumas baajata waan hin qabneef kana qofaa gidduu galeeffachuun qorachuuf daangeffadhe.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Mata duree kana yeroon qoradhutti akka sodaatti waantonni kaa'aman naannoo Amaaraatti sababa wal dhabbii adda addaa irraa kan ka'e Biiroon Aadaafi Turizimiin ragaa barbaachisaa ta'an yeroofi bakkaan barbaadetti naaf gumaachuu dhabuun yeroo koo akkaan hinfayyadamne na taasisuu; kana malees, namoonni madda ragaa ta'uun filataman ragaa guutummaa guutuutti naaf kennuuf sababuma kanaan yeroofi bakka jedhametti argamuu dhabuun rakkoon isaan mudate hojicha na jalaa duubatti harkiseera. Keessumattuu dhimma mata durichaan walitti dhufeenya waan qabuufi anis akkaan barbaadetti keessa deemuun ragaa guutuu argachuuf hudhaa guddaatu na mudate. Garuu yeroo koo aarsaa gochuun irra deddeebi'uun beellama qabachuuniifi barsiisota mana barumsaa koo dhalataa naannoo ta'an waliin deemuun mana isaanii ta'uun raga koo walitti qabeera.

Dabalataanis barruun wal fakkii dhabamuufi kitaaba wabii (seenaa dhugaarratti hundaa'uun qoratame) dhabuu. Akka walii galaatti Oromoo walloo mana hedduu qaba waan ta'eef isaan sana hunda irratti qorachuuf yeroo gahaafi baajata dhabuufaatu akka rakkootti mudatu jedhamee itti yaadamee akka sodaatti kaa'ameera. Garuu kan walitti siiqan sakatta'uun dhiheessera.

## 1.8. Haala Jireenyaa Hawaasa Naannoo Qorannichaa

Warri Qaalluufi Baabboo saba Oromoo Wallootti argaman keessaa tokkodha. kun gandoota magaalaa jahafi bulchiinsa magaala tokko kan qabdu warra Qaalluu yommuu taatu, gandoota magaalaa 2fi baadiyaa 22 kan qabdu warri Baaabboon irra caalaan uummata aanichaa lafa qotuu, daldaluufi loon horsiisuun kan jiraatanidha. Dhibeentaa (95%) uumata amantaa musiliimaa

hordofan yoo ta’an %5 immoo uummata amantaa Kiristaanaafi waaqeffataa hordofantu keessa jiru.Warra Qaalluu keessatti Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa akka afaan hojiifi afaan barnootaa ta’ee kan tajaajiluu yoo ta’u, warra Baabbboo keessatti garuu afaan Amaraa qofaan tajaajilamu. Warri Qaalluu gandoota 22 kan qabduufi bu’uuraalee misoomaa kanneen akka mana barumsaa, buufata fayyaa, daandiilee, bishaan dhugaatii, dhaabbilee barnoota olaanoofi kkf. Haaluma kanaan haalli qilleensa ishees, baddaan 12.5%, badda-dareen 50%fi gammoojjiin 37.5% yoo ta’u,. Hawaasni aanichaa bal’inaan qonnaa, daldalaafi horii horsiisuudhaan jiraata.Baay’iin uummataa Warra Qaalluu kana keessa jiraatu 599,640 akka ta’e lakkoofsi uummata bara 1999 adeemsisafame ni ibsa.Warra Qaalluu waanti adda taasisu yeroo ammaa kana bulchiinsi magaalaa ishee warshaalee hedduu qabaachuun.Sababa kanaan yeroo ammaa kana magaala industirii ta’uuf jedhamaa jirti.Hawaasni naannichaa amantaa kanneen akka Muslimaa, Ortoodoksii, Pirotestaantiifi Waaqeffataa kan hordofan yoo ta’an, irraa jireessa amantii muslimaa hordofu.

Warri Baabboo immoo gandoota baadiyaa **22**fi gandoota magaalaa **2**kan ofkeessaa qabdudha. Magaalaan aanittiis Bisteemaa jedhamti. Bisteemaan godina isaanii irraa jechuun Deessee irraa **Km47** irratti kan argamtu taatee maqaa nama Xaaiyaanii tokkoon kan bakka buusuun moggaafamte ta’uu isaa raga himtoota irraa hubachuun danda’ameera. Warra Baabboo warra kaan irraa waanti adda taasisu oomisha muduraafi kuduraan kan beekamtu ta’uun cinaatti ganda Miilleetti Bishaan ho’aa namoonni deemuun itti dhiqachuun fayyan bakka sadii qabaachuu isheedha. Gandi Miillee kun aanaa irraa **km38** irratti kan argamuttudha.Bishaan ho’aa ishees kan adda taasisu sadan keessaa inni tokko bishaan ho’aa dhamdhama bunaa ofkeessaa qabu dhakaa keessaa kan olfincaa’u qabachuun adda taati. Namoonni bakka kanaa deeman warri araada bunaa qaban sanuma waraabbachuun dhugu malee buna barbaacha bakka biraa hindeeman. Kan biroon immoo bakkuma bishaan ho’aa kana immoo bishaan qorraa qulqulluu dhugaatiif oolu cinaatti argamuu isaati.Akkasumas masgiinni sheek Sayid Caalii ganda Caaliitti 011keessatti argamu amantoota musiliimaan waan dawwatamuufi baratti yeroo tokko guyyaa dhaloota Nabiyyuu Mohaammed waan kabachiisuuf namoota hedduun achitti walgahuun kabajuufi dawwachuun adda ta’a(Biiroo aadaafi turizimii aanaa Bisteemaa waxabajjii, 2011).

**Fakkii 1. Gabaa Baatee kan duraan warra Baabboo amma warra Qaalluu taatee**



Baateen duraan bulchiinsa warra Baabboo jala turte.Kanaaf, immoo ragaan kaartaa duurii warraa Qaalluu keessatti hinhammatamne. Yeroo ammaa kana immoo bulchiinsa warra Qaalluu jalatti kan argamtudha. Fakkii isaa akkuma argamu kanatti waanti gabaa keessa dhaabbatee jiru kun sibiila bara bulchiinsota Minilikootaa kan namni itti fannifamudha. Gochaan akkanaa kun immoo eenyummaafi mirga hawaasa tokkoo hammam akka miidheefi miidhaa jiru wal nama hingaafachiisu. Kana malees aanaa baatee kana yeroo tokko gara Baabbootti yeroo gara Qaalluutti oliifi gad qabuun kunuu eenyummaa sabichaa burjaajjessuufi lafa isaa irraa fudhachuuf akka aggaamame dubbatu maanguddoon baatee (Biiroo aadaafi turizimii aanaa Baatee waxabajjii, 2011)


### 1.8.1. Haala teessuma lafashee

Haala teessuma lafa warra walloo akkuma weellistuun '**Eelsaa Nugusee'*"yaa lafa warra walloo teessumni goobaafi dhooqaa"*** jechuun weellisuun dhugaa jiru hawaasaaf ibsite. Dhuguma haalli teessuma lafa naannichaa irra caalaan isaa gaara (%68), bu'aa ba'I (%23)fi dirree (%9).

### 1.8.2. Qubsuma Hawaasa Naannoo Qorannichaa

Kutaa biyya Walloo keessa maatiiwwan Walloo jiran keessaa Warra Qaalluufi Warra Baabboo uummattoota dhibeentan %95 amantaa Musiliimaa hordofan yoo ta'an, kanneen biroo ammoo dhibeentaa %5 kan ta'anii kiristaanaafi kan biroodha.Afaan hojii isaanii Afaan Amaaraati. Akkasumas, uummatni keessaa jiraatan irri guddi Oromoo yoo ta'an, kan biroonis Amaaraa, Argobbaa, Affaarii. Saboonni Oromoo hintaane kunis hedduun isaani Afaan Amaaraatti gargaaramu garuu, afaan oromoos nibeeku.Walloon qabiyyee gosoota toorban Wallooti.Maqaa gosoota toorbanii kanaan kan moggafameedha. Hidda dhaloota gosa Oromoon Walloorratti ragaalee adda addaa kan jiru yoo ta'u, manguddoonni walloo eebbaafi dhaadannoorratti walloo mana torba akka ta'e mirkaneessu.

**Caatoo 1. Hidda Latinsa Oromoo Walloo agarsiisu**





Akkuma caatoo armaan olitti ragaan ibsuutti hiddi latinsaa saba Oromoo Walloo dame Oromoo Baarentumaa ta'ee gosa oromoo Karrayyuu keessaa isa tokkodha.Karrayyuun Oromoo Baarentumaa keessaa isa hangafa yoo ta'u, qubannaan isaa Oromoota Booranaa gara bahaatti argamanitti aanuun jedhama.Kanaaf, karrayyuun Baarentuma jedhama.Baarentumni hiika lama qaba. Tokko gara bahaatti kan aanu yoo ta'u, kan biraan immoo, qulqulluu (eebbifamaa) jechuudha ( kitaataba seenaa oromoo hanga jaarraa 20ffaatti 2008).

Waa'ee Booranaafi Boorantuu kana ilaalchisee Dr.Gammachuun qorannaa 'falaasama Oromoo' jedhurratti waxabajjii 29-30/ 2011tti Yuuniversiitii Fichee Salaaleetti dhiheesserratti Booranniifi Baarentumaan maqaa namaa osoo hintaane kallattii namoonni duraan itti qubatanidha. Booranni

gara bahaan jechuu yoo ta'u, Baarentumaan immoo boroo bariittiOromoota qubatan jechuudha malee inni fakkeessuun maddi Oromoo jara kana lamaan jedhan kijiba guddaadha jedhan (Gammachuu Magarsaaa waxabajjii, 2011).

Hidda latinsa Oromoo Walloos, kan tahan Warra Buukkoo, Warra Qaalluu, Warra Noolee, warra Baabboodha. Manguddoon Walloo yoo waaqa kadhatan Waaqa shanan Qaalluu majan, Waaqa Afran Warra Baabboo majan, Waaqa Salgan Waacaalee jedhanii fixate jedhama. Hawaasni Oromoo Qaalluufi Baabboo keessa jiraatu akkuma hawaasa naannoolee biraa keessa jiraatuu ilaalcha, amantaafi aadaa akkasumas, barsiifata, moggaasa maqaa, duudha, aartiiwwan garaagaraa, sirna fuudhaafi heerumaafi tapha lafjalee taphachiisaafaa kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe qaba. Akkasumas, moggaasa maqaa waantotaaf moggaasuun eenyummaa isaanii akka kitaaba seenaatti kan galmeesseefii ol kaa'u godhachuun aadaa cinaatti eenyummaa isaanitiif mirgaa isaan ibsuun ergaa guddaa kan itti dabarsuun har'aan gahan moggaasa maqaalee adda addaaf moggaasan hedduu qabu.

FAKKII 2.KAARTAA NAANNOO AMAARAA




**Madda:- www.ethiodemographyandhealth.org**

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti qabxiileen akka waliigalaatti dhiyaatan: maalummaa, yaaxinaalee fookiloorii, maalummaa moggaasaa, faayidaa moggaasaa, gosoota moggaasaafi waan bakka bu'an, haala fayyadama afaan Oromoo sabni Oromoo Walloo kun yeroo eebbaa, abaarsaafi yoomessa adda addaa keessatti fayyadaman sakatta'amee dhiyaateera. Akkasumas, yaaxinoota qorannoo kanaaf barbaachisan yookiin mijatantu dhihaata.

## 2.1. Maalummaa Fookiloorii

Maalummaa fookiloorii irrattihayyoonni hedduun hiikaafi ibsa garaagaraa kennaa turanis hanga har'aatti yaada wal fakkaataafi mara walii galchu argachuun hin danda'amne.*F*ookilooriin hawaasummaa, meeshaalee hambaafi afoola hawaasaa walii galaati. Aadaan hawaasa kanneen akka taphoota adda addaa, shubbisa, hojiiwwan amantaa kan hammatu, meeshaan aadaa, ogummaawwan ijaarsa garaagaraafi akkasumas afoolli hawaasaa faaruuwwan, durduriiwwan af-seenaa, mammaaksafi hibboo kan of-jalatti qabuudha. Dhimmuma kana ilaalchisee yaanni kanaan wal fakkaatu akka armaan gadiitti kennameera.

> *Folklore in its broadest sense is the part of the culture, customs and beliefs of society that is based on popular traditional. It is produced by the community and is usually transmitted orally or by demonstration. In addition to folklore and poetry the principal subjects treated in this article, folklore includes arts and skills and music dance. (Encyolopedia American, 1983: 498)*

### 2.1.1. Damee Gurguddoo Fookloorii

Fookloориin firiiwwan hudduu ofkeessatti akka hammatu hayyoonni adda addaa qorannoo isaaniitiin addeessaniiru.Firiiwwan garmalee baayyee ta'an akaakuu akaakuudhaan tarree qabachiisuuf Richard Dorson (1972:3) firiiwwan gurguddoo afuritti qooda. Isaanis: Afoola (Oral literature), Barsiifata hawaasaa (Folk custom), Meeshaa aadaa (Material Culture)fi Dalaga Artii duudhaa (Performing Folk Art) jedhamu. Kanaaf firiiwwan gurguddoo kana armaan gaditti tartiiba tartiibaan kaasuuf yaalameera.

#### 2.1.1.1. Afoola

Afoolli gosa oguma ta'ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti darbudha.Ilaalchaafi falaasama hawaasaa dhaloota haaraatti beeksiisuufi barsiisuun akka daandii cimaa ta'ee tajaajila. Kana malees, aartii jechaa aadaafi duudhaa hawaasaa afaaniin

dhalootaa dhalootatti darbu kan akka weedduu aadaa adda addaa ofkeessatti hammata (Dorson,1972). Kunis, afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin hawaasaaf gumaacha kenna.Afoola fayyadamee hawaasni walbarsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaasaa addunyaa beeksifata, ittiin bohaaraa walbashanansiisa.Waan darbee ragaa dhugaa, ilaalchisee Asaffaan (2009:23) dhumarratti "Akkuma daawwitii keessatti of ilaallu kan faana jiru deebisee calaqqisuu gochuu osoo hintaane akka ofilaalee cabaa fuula tolchuu isa tahes isa hintahiinis mul'isuu ta'a," jedha.Akka yaada kanaatti wanti afoola hawaasaa jala dhokatu akka hinjirredha. Afoolli aadaa, duudhaafi safuu hawaasa tokkoo dhalootaa dhaloota itti aanutti afaaniin daddarbaa kan dhufe, darbaa kan jiru.Afoolli ofjalatti afwalaloo, afseenaafi raagamtaafaadha.

### 2.1.1.2. Duudha Hawaasaa

Duudha hawaasaa firiiwwan fookloorii gurgurddoo keessaa isa lamaffa ta'uusaa dursee ibisameera. Duudhaan adeemsa jireenyaa keessatti gareen uummataa walitti dhufeenya uumuun, gocha raawwatuun, afoolaan irra deeddeebi'ee kan itti fayyadamuudha. Kana wajjin walsimatee Simsfi Stephen (2005: 65) akka ibsanitti "Duudhaa jechuun beekumsaa (lore)fi adeemsa (process) beekkumsi duudhaa ittin goonfatamuu, maalummaan kan ittiin ibsamuudha".jedha. Duudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe, firiiwwan adda addaa bara wajjin jijjiirama kan agarsiisan kanneen immoo ittifufiinsa kan qaban ta'uusaa hubachuun nidada'ama. Barsiifanni yookiin duudhaan hawaasaa akkuma firiiwwan gurguddoo fookloorii kanneenii akaakuuwwan adda addaa ofkeessatti hammata.

### 2.1.1.3. Meeshaa Aadaa

Firiiwwan gurguddoo Fookloorii inni sadaffaa Meeshaa Aadaadha. Meeshaan aadaa uummanni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti bifa adda addaatiin kan itti fayyadamu, harkaan soqee yookiin bocee tajaajila kan itti ba'an ofkeessatti hammata. Kana malees, huuccuuwwan jila wajjin walsimsiisee itti fayyadamu, haalluuwwan adda addaa kan ofkeessaa qabu, akkaataa manas ta'e dallaa ijaarsaa, nyaataa aadaa akkaataan ittiin qophaa'uuf fi kkf, meeshaa aadaa jalatti akka qodaman Richard (1972**)** niaddeessa. Kanuma wajjin walsimatee ilaalchaafi amantii uummataa kan calaqqisiisan fakkoommiiwwan (mallattoowwan) adda addaa meeshaa aaddaa (material culture) ta'uusaanii hubanna.

#### 2.1.1.4. Dalaga Artii duudhaa

Akka Richard **(**1972:3) duraa duubaan addaan qoodetti akaakuuwwan gurguddoo fookloorii keessaa Dalaga Artii Dhuudhaa (performing Folk Art) kan jedhamu isa arfafaadha. Akaakuun fookiloorii kun aadaa, do'ii dhuudhaa, diraamaa jecha malee, shubbisa, dhiichisaafi kkf, ofkeessatti nihammata. Akaakuuwwan fookloorii kun firiiwwan fookloorii kanneen wajjin walsimatanii jilawwan (rituals) addadaa uummata keessatti kabajamanirratti akka dhiyaatan nihubanna. Fakkeenyaaf, uummata keessatti dalagaawwan adda addaa wayitii gaggeeffaman muuziqaan aadaa, meeshaalee wajjiin qindaa'ee, faaruuwwanfi weedduuwwan adda addaa wajjin walsimateeti dhiyaata. Haaluma kanaan, akaakuuwwan fookloorii kun walitti dhufuun hirmaattoonni itii basannanaa barnnoota akka irraa argatan taasisu.

### 2.1.2. Maalummaa Moggaasa Maqaawwanii

Moggaasni maqaawwanii jiruufi jireenya hawwasummaa keessatti kan dhalli nama, namootaaf, bakkeewwaniiifi wantoota biroof maqaa ittiin baasudha. Maqaan yeroo moggaafamu caljedhee osoo hintaane wantoonni xiyyeeffannoo keessa galan heddutu jiru. Yaada kana kan deeggaru Steward (1967:65) yoo ibsu, "*Names are not consciously planned like the origin and characterstics of language. It depends on some conditions during or before it is given to a fellow or things*," jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti moggaasni maqaa karoorfamee osoo hintaane haala yeroo moggaasni sun kennamu ture bu'ureeffachuun kan kennamu ta'a. Kana jechuun dursee yaadee ittii karoorfatee osoo hintaane haala yeroo sanaarratti kan hundaa'u ta'uu kan mul'isu ta'a.

### 2.1.3. Amaloota Maqaa dhuunfaa

Moggaasni maqaa jiruufi jireenya hawwasummaa keessatti kan dhalli nama, namootaaf bakkeewwaniiifi wantoota biroof maqaa ittiin baasu dha. Maqaan yeroo tokko tokkoo waantotaaf akka hiika qabaatu taasisameeti. Kanaaf, tokko tokkoon maqaawwanii bu'uura itii maggaafamaniin amalaafi hiika mata mataa isaanii kan qabanidha. Akkuma maqaawwan waantotni moggaafamanii amala adda addaa qaban moggaasni lafawwaniis amala mataa isaa qaba.Fakkeenyaaf, akkuma maqaa namaa amalaan wal qabsiisuun nama amalaafi ilaalchaan gaarii ta'e tokkoon 'Tolaa' jechuun moggaasan, maqaa lageewwanii haalaan wal qabsiisuu 'laga Amboo, laga Fincooftuufaa' jechuun moggaasu. Kunneen amala dhuunfaa isaanii kan agarsiisudha.

### 2.1.4. Faayidaa Moggaasa Maqaawwanii

Yeroo har’aa kana moggaasni jechootaafi yaadachiifni jechootaa dagatamuun karaa sab-qunnamtiifi barruuleen waanumma har’aa kana deddeebisuun dhiheeffama. Haa ta’u malee moggaasni jechootaa yaadachiiftuu eenyummaa saba tokkoo waan ta’eef warra har’aaf moggaasni waantota adda addaa kaleessaa sun raacatiidha. Kanaaf,kan dagataman yaadachiisa, duudha, aadaa, afaan, eenyummaa isaanii yaadachisa.Maqaan moggaafamu tokko hawaasa maqaa sana moggaasu keessatti faayidaa mataasaa niqaba. Kunis maqaan sun hawaasa sana keessatti hiika mataa isaa qaba waan ta’eefi. Kunis namni sun saba kami irraa akka ta’eefi bu’urri moggaasa sanaa maal akka ta’ellee tilmaamuu nama dandeessisa.

Namoonni tokko tokko garuu maqaan isaanii ittiin waamamuu bira darbee hiikaafi maqaan sun maaliif akka isaani mogga’ee ibsuuf nirakkatu. Haata’u malee maqaan jecha yookaan gaalee afaan sanaa isa xiqqaa ta’ee bakka bu’aa waan qabatamaafi qabatamaa hintaanee kanneen akka hawwii, abdii, yaada, taatee, baay’ina, ilaalcha, seenaa, amantii yookaan aadaa isaani ittiin ibsachuuf bakka buusuu danda’un ta’a.

Kana ilaalchisee Dunkling (1977:267) yoo ibsu, “… *a name has other association as well as verbal. It might suggest a particular racial group. It might suggest religions demonstration*,” jedha. Yaada kanarraa maqaan Harbuu, Deessee, Warra, Qaalluu, Baatee, kombolchaa, taphachisaafi kkf jechoota afaan oromoon saba Oromoorraa akka ta’an yoo ibsu, kan maqaan Dammallaash, Gizaachoow, Urgoo Barrifi kkf saba Amaaraa irraa akka moggaafaman ta’uun hubachuun baay’ee nama hinrakisu. Kanaafuu maqaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti jechuun nidanda’ama.

### 2.1.5. Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii

Waa’ee maalummaa moggaasaa kana ilaalchisee akka Mulgeetaan (2014:188) ibsetti “different expariates native researchers touched upon the concept and practice of ‘moggaasa’ in the course of Oromo historical and cultural studies. Reveals the practice of moggaasa as adoption among Borana Oromo of southern Ethiopia” jedha. Akka waraabbii kana irraa hubatamuun danda’utti yaad-rimeen moggaasa jedhu kun bakka adda addaatti maalummaafi faayidaan isaa kan kaasameefi hawaasa Oromoo biratti kan beekamuufi kan itti fayyadaman ta’uusaati. Kanaaf, waa’ee Seenaa moggasa maqaa bakkaa warra Baabboofi warra Qaalluu keessa jiranii yoo ilaalle maqaaleen kunneen yoomessa adda addaa keessatti waantota adda addaaf moggaafamaniiru.Isaan keessaa moggaasa bakkeewwanii kanneen akka maqaa gandootaa,

maqaa bakkaa amantaan wal qabatanii, lageenii, gaarreeniifi kkf akka ragaatti kaasuun nidanda'ama.

***Maqaa gandootaa***: ganda Caalii, ganda Dharraa Baatii, Ganda Harbuu, ganda Qarsaa, ganda Currisaa, ganda Adaamee, ganda Ejersaa, ganda Bokoksaa, ganda warra Baabboo jedhamanfaatu jiru.

***Maqaa bakkota amantaa waliin wal qabatan:*** Ganda Caalii bakka masgiinni Caalii itti argamu, warra Daanaa bakka sheekota bira deemanii itti dhibee fayyan jechuudha. Ganda Gataa kun bakka mooliidni itti kabajamuufi hawaasa Walloo hunda biratti beekamtii qabudha.

***Maqaa lageenii*****:** Cuqulee, Lakkuu, Muummee, Wakkaalloo, Fincooftuu, Saamtee, Qileefaati.

***Maqaa gaarreewwanii*****:** Tulluu Qarsaa, Tulluu Ulaa, Tulluu abbaa Jiboo, Gaara Rakkoo, Gaara gubbaa Odaa jedhamanfaatu jiru.

### 2.1.6. Eenyummaa

Moggaasniifi eenyuummaan hariiroo sirrii qabu. Moggaasni maqaa waanta tokkoo eenyumaa saba maqaa sana moggaaseef kan hinibsine tanaan hariiroon gidduu isaanii hinjiru jechuudha. Sabni moggaasa adda addaaf kennu eenyummaa isaan wal qabsiisuun bakka buusuun walitti dhufeenya gidduu isaanii jiru jabeessuufi hubannoo sirrii ta'e dhaloota duubaan dhufaniif hambaa lafa kaa'ee darba jechuudha. Kanaaf eenyummaan saba tokkoo afaaniifi aadaasaa qofaan kan ibsamu osoo hintaane moggaasa maqaawwan adda addaa irraanis ibsuun danda'ama. Eenyummaa yoo kaasnu kallattii hedduun adda addaan yoomessa adda addaa keessatti kaasuun ibuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf ganda Harbuu jedhu osoo fudhannee ilaalle moggaasni isaa maal, eenyuun moggaafame, naannoo sana maaltu baay'ata jennee yoo xiinxalle eenyu naannoo sana akka jiruufi ture tilmaamuun nama hindhibu. Sababni isaas harbuun maqaa mukaa guutuu oromiyaa keessatti maqaa kanaan beekamuufi jecha afaan oromoon kan moggafame waan ta'eef. Kanaaf ganda harbuu kana kan jiran eenyu yoo jenne Oromoodha jedha gandumtichi. Walumaa galatti eenyummaan ibsituu jiruufi jireenya sabaafi sablammoota adda addaa waan ta'eef saba tokko saba birarraa adda baasuuf eenyummaa isaa ganamaa, moggaasa maqaa adda addaa, afoola isaafi aadaa isaa gidduu galeeffachuun xiinxalama.

Kan biraan immoo Beekaan (2015) eenyummaan karaa adda addaa hacucamuu danda'a.kunis afaan yookiin aadaa saba biraan liqinfamuun, hacuuccaa siyaasa mootummaa irraa kan ka'e liqinfamuun, moggaasa maqaa duraanii jijjiiruufi kkf. Eenyummaan nama dhuunfaas ta'e saba

tokkoo haala kanaan bade jechuun nidanda’ama.Dabalataanis maalummaa eenyummaa ilaalchisee hiikni Cambridge English dictionary kennuuf,“Identity is who a person is, or the qualities of aperson or group that make them different from other and Whoa person is. or the qualities of a person” jedhee hiika. Kana jechuun eenyummaan eenyummaa nama dhuunfaa yookiin kan garee hawaasummaan waliin jiraatan ta’ee waanti isaan waliin raawwatan aadaa, amantaa, mirga namummaafi ibsawwan adda addaa waliin raawwatanidha yaada jedhuuti. (Cambridge English dictionary )

### 2.1.7. Seenaa Lafaafi Eenyummaa

Laafaafi eenyummaa adda baasuun ilaaluun barbaachisaadha.Akka odeeffannoo toori interneetii wikipia irraa argame jedhutti “**Land and Identity:** Land owner ship may be considered as a sing of person‘s worth. But land it selfs is not the source of our identity” jechuun lafa kaa’a. Akka Yaadniwaraabbii kun kaa’uttihiikni isaa akka warra abbaa lafaatti tarii madda eenyummaadha lafti jechuu danda’u, garuu lafti ofuma isee madda eenyuummaa keenyaa ta’uu hindanda’u yaada jedhudha. Yaadni kun kan nama hubachiisu lafa qofaa gidduu galeeffachuun eenyummaa ibsuun rakkisaa waan ta’uuf hawaasa lafa sanarra jiraateefi jiraachaa jiru gidduu galeeffachuun lafa sanaaf moggaasa akkamii kennuun yoomessa jiraateen wal qabsiisuun eenyummma saba yookaan nama sanaa abalu jechuun seenessuu yookiin waa’ee isaa dubbachuu dandeenya yaada jedhuuti. Kanaaf eenyuummaa kana yoo ilaallu karaa lamaan kan naannoofi kan biyyoolessaa jechuun:

> ***Identity:*** *an interpretation of the self that establishes whata and their person is in the both social and psychological terms. Alla identities emerge with in a system of social relation and representation. In my view the defining criteria of identity are countinuty over the time and differentiation from others. Both fundamental elements of national identity.*
>
> ***National identity:*** *is acollective sentiment based upon the belief of belonging to the same national and of shering most of the attributes that make if distnic form other nation.* (Cambridge English dictionary )

Akka yaada armaan olii kanaatti eenyummaan kallattii adda addaan gareenis ta’e dhuunfaan ta’uun kan hiikni itti kennamudha. Gareen tokko yookiin namnmi tokko jireenya hawaasaa keessatti ani eenyu, maaliinan nama biraa irraa adda ta’a jedhee kan ofgaafachuun eenyu akka

ta’e ofbeekudha. Hiikni kun kan hawaasuummaafi xiinsammuun wal qabachuun kennamutti. Eenyummaan akka kootti kan itti fufinsa qabuufi sabaan sabni tokko saba biraa irraa kan itti addaa addummaa qaban agarsiisudha. Kanaaf eenyummaan kan naannoofi biyyoolessaa ta’uun garaagarummaa saba tokko gidduu jiruus agarsiisuu danda’a. kana yeroo jedhamu sabni naannoo tokkoo eenyummaa isaa haalatti ibsatuufi tikfatu kan naannoo biraa waliin adda ta’uu danda’a jechuudha.

Kanaafuu, Lafti qabeenya uumamaa keessaa isa tokko yoo ta’u, haalli teessuma isaas gaarreen, cabbiin, bishaana’oo jechuun lageewwaniin, harroowan, maddawwaniifi galaanotaan marfamuun yookiin guutamuun kan jiru ta’uu danda’u. Haa ta’u malee namoonni tokko tokko immoo qabeenya uumamaa kana dhuunfaanis ta’u gareen ta’uun kan koo kan kee mitiitti irratti walitti bu’u. kan koo, kan kee miti jennee murteessuu duratti maalummaa lafaa ilaaluun barbaachisaadha. Lafti eenyummaa waliin kan walitti hidhate har’a miti.Fakkeenyaaf, seenaa namootaa akka fakkeenyaati haa ilaallu,abbaan lafaa akka nama tokkootti yookiin mallattoo tokkootti haafudhannu garuu, lafti madda eenyummaa keenyaa miti. Eenyummaa keenya kan ibsan meeshaalee adda addaati meeshaalee kana caalaa immoo kan eenyummaa keenya calaqqisiisu amala keenyadha.

Akka fakeenyaatti yoo ilaalle kennaan namaafi amanamummaan akka lafaa haala teessumma lafaan kan daangeeffamu miti. Jarreen kunneen aadaafi haala teessuma lafaarra caalu.Kanaaf haala teessuma lafa kanaaf haala isaa irratti hundaa’uun maqaa adda addaa moggaasuuniif dirqama. Moggaasni kunneen immoo maal bu’uureffachuun kan jedhuuf deebii kan kennu warra moggaaseefi maqaa mogga’e sana ta’a. yeroo akkana jennu kana moggaasni maqaa eenyummaa maqaa sanaa akka ibsu kan hawaasaas ibsa jechuudha. Kanaaf eenyummaafi moggaani maqaa lafaas walitti dhufeenya qabu isa jedhu nama hubachiisa.Fakkenya maqaa ‘Harbuu’ jedhu osoo ilaalle harbuun maqaa gandaati /Karaa biraa maqaa bakkaati.Harbuun moggaasa jecha afaan Oromoo hiikni kallattii isaa maqaa muka fireen isaa nyaatamuuti. Kanaaf kana kan moggaasu eenyu yoo jenne immoo namoota hiika harbuu kana afaan oromootiin beekanidha.

### 2.2. Yaaxinaalee Fookloorii

Fookilooriif yeroo adda addaa hiikni adda addaa kennamaa tureera. Fookilooriin falaasama aadaa hawaasummaa eenyummaa garee hawaasa waliin jiraatanii walii gala bartee /barsiifata/ hawaasichaa irratti hundaa’ee kan dubbiin dhalootaa dhalootatti haala adda addaan afaaniin,

ogumaan, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, ogummaa harkaafi aartiiwwaan biroon kan daddarbudha (Finnegan, 1992: 4).

### 2.2.1. Yaaxina Seen-naannoo

Kaayyoon yaaxina kanaa seenaa afoola tokkoo bira gahuudha. Yaaxina kana gargaaramuun gooroon afoolaa tokko madda tokko qaba; kanaafuu, Afoola jalqabaa sana bifa garaa garaa inni ittiin argamu sana walitti fiduudhaan, xiinxaluun bira gahuun nidanda`ama. Afoolli inni jalqabaa sun yoomiifi eessatti akka uumame mala dhahuun nidanda`ama yaada jedhu kana gidduu galeeffachuun akkuma afoola duraa sana bira gahamuun danda'ame, ijaarsa eenyummaa oromoo Walloo fi moggasa lafawwan ganamaa sana xiinxaluun dhugaa bira gahuun dhugaa jiru sana dhiheessuudha waan ta'eef yaaxina kana fayyadamuun maqaalee adda addaa, afoolawwan, jechamootaafi sirnoota adda addaa xiinxaluun raawwatame. Fakkeenyaaf afoola warra baabboo h yoo ilaalle afaan lamaan kan dhihaatedha.

Kanaaf kamtu dursa isa jedhu jedhuu raaguuf.

*Mataa dheeraa kankee, Xajji-saariin mari*
*Waanni namaa hinoolle, du'aafi tidaariidha.(gurbaa)*
*Dubbii tidaar kanaa, osoo gamtaan yaane*
*Gamtaanis sanuma, jennee irra dachaane.( Dubartii)*

*(Asfaaw Awwal caamsaa 2011)*

### 2.2.2. Yaaxina Walkeessoo

Yaaxinni kun yaaxina Dorson jedhamuus nidanda`a. Sababiin isaas, Dorson kitaaba isaa keessatti "my own theory" jechuun barreesseera. Yaaxinni kun qaaccessaaf akka tolutti afoola addunyaa haaraafi moofaa jedhee bakka lamatti qooda. Kunis sababiin barbaachiseefii afoolli biyyoota garaa garaa keessa jiran sababii adda addaan waan wal makanii argamaniif.

Kanaafis waantonni sababii ta`ani, Amerikaan kolonii biyyootii Awurooppaa jala ooluu, Afirikaa keessaa namoonni daldala garbaa waliin haala walqabateen gara Amerikaafi Awurooppaa geeffamuu, biyyootii Awurooppaa hedduun biyyootaAfrikaa garaa garaa gabroomsataa turuun, biyya tokko keessa afoolli jiran qaama afoola makatee argamuu, afoolli biyya tokkoo kan isa biyya biraa waliin jiraachuun dhimmoota ka`uu danda`ani.Waan kana ta`eefis, afoolli biyyota haaraa kan xiinxalamuu qabu, seenaafi sabummaa 'racial' bu`uureffate ta`uu qaba yaada jedhu kaasa. Yaada kanas kallattumaan yoo ilaalle dhimmi qorannoo koo kun

kallattiin waan ibsuuf gara kaaba biyyittiitti kanaatti sabootaafi amantaalee hedduutu waliin jiraachaa ture jiras. Kanaaf, kamtu kami kan jedhu hundee ganamaa sana sakatta'uun moggaasa lafarra jiru, afoola sabichi fayyadamaa tureefi jiru, akkasumas haala fayyadama jechamootaafi afaan isaa gidduu galeeffachuun eenyuu akka ta'an adda baasuun qaaccessuuf yaaxina kanatti fayyadameera.

### 2.2.3. Yaaxina Aadaa Hawaasaa

Yaaxinni kun kan madde qu`attoota duudhaa kan ta`an kanneen akka **Iorwerth Peate, Don Yoder** fa`iini. Kaayyoon fookloorii kanaas hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuufi bu`aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo akka argatu taasisuudha.Akka yaada yaaxina kanaatti qu`annoon hammayyaa ta`e yaaxina qofaa kan giduu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii irra deebi`anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa`ee fookloorii sanaa kan agarsiisudha. Kanaafuu, qu`annoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu agarsiisa.Kanaaf qabeenya uummataa kan ta'an immoo aadaa, duudha, afoola, moggaasa maqaa adda addaaf kennuu, sirnaafi kkf.

### 2.2.4. Yaaxina Irra Deebi`anii Ijaaruu

Yaaxinnni kun duudhaan hawaasaafi fooklooriin durii irra deebi'amuun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaa'udha. Akka yaada Yaaxinna kanaatti waantota ammaaf kan bu`uura ta'e waan durii sababii ta'eef, qorannoo fookloorii kan ammaas ta`e kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta'uusaati. Egaa gabaabumatti yaada kanarraa waanti hubatamu fookloorii bade tokko irra deebi`anii lubbuu itti horuufis ta'e kan amma argamu cimsuuf waan durii duubatti deebinee ilaaluun akka gaarummaa qabudha. Kanaafuu, qorannoo fookloorii keessatti haala kana tajaajilamuun bu`aa qabeessa ta`uu isaa mul`isa. Kana waan ta'eef yaaxinni kun mata duree qorannoo koo kanaaf barbaachisaa waan ta'ee itti dhimma bahame**.** Keessumattuu seenaa saba tokkoo kana jechuuf seenaa isa kaleessaa sana raacatii godhachuun kan har'aabilcheeffachuu waan ta'uuf akkuma fuulduratti fiiguuf duubatti dhaggaammachuun jiru sana durii sabichaa ilaaluun dirqamadha. Moggaasni lafarraa durii suniifi har'aa kun wal cinaa qabuun dhugaa ganamaa sanatti deebisuuf moggaasa kaleessaa sana barbaaduun bu'uureffachuun kan xiinxalamedha.

## 2.3. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin wal fakkaatan kan jalatti dhiyaatanidha.

Kanaafuu mata duree qorannoo kanaan guutuumaa guutuutti kan walfakkaatanii hojjetaman hanga ammaatti kan dhiyaatan tokko illee kan hin argamne yoo ta'es, kan mata duree kanatti dhiyaatan argamuu danda'u ta'a. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kanaa waraqaalee qorannoo garaagara kanaan dura hojjetaman sakatta'uudha. Kanaaf qorannoo kanaan dura taasisaman keessaa bara (2008) tti Digirii lammaffaa guuttachuuf Seefuu Tsaggaayee mata duree "xiinxala moggaasa maqaa daa'immaaniifi bakkeewwanii aanaa waliisoo" jedhurratti gaggeesseera. Qorannoo kana keessatti kan dhiheeffaman waantotni moggaafaman akkamiin akka ta'e kan qaaccessudha. Dabalataanis moggaasa maqaa daa'immanii qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. Kan koo immoo kan xiinxaluuf kaayyeeffate moggaasa lafarraa kanaan dura moggaafamaniin eenyummaafi ijaarsa Oromoo Walloo kalleessaafi har'aa hubachiisuufidha..

Qorannaa isaa dubbisuun garaagarummaafi tokkuummaa waliin qabnu xiinxaluun kan dhihaatedha. Kanaaf tokkummaan keenuya dhimma moggaasaan wal qabatan xiinxaluu yoo taanu, garaagarummaan immoo inni moggaasa maqaa daa'immanii qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. Kan koo immoo kan xiinxaluuf kaayyeeffate moggaasa lafarraa kanaan dura moggaafamaniinfi afoola fayyadaman dabalachuun eenyummaafi ijaarsa Oromoo Walloo kalleessaafi har'aa qaaccesuudh. Kan biraan qorannoo Gammachuu Magarsaafi Aneessaa Qaasim (2015) mata duree "constructing identities: presenting self and society with objects" jedhurratti Oromoo Booranaa gidduu galeeffachuun dhihaate yoo ta'u. Garaagarummaafi tokkuummaa qabnu ammas bakkatti ilaalamudha. Kanaaf tokkummaan keenya lachuu dhimma Oromoorratti eenyummaa isaa isa lallaaqaa hinqabne dhaloota ammaa hubachiisuuf dhimma qabannee xiinxaluutti seennedha. Garaagarummaan keenya immoo kan isaanii Ulee yookaan meeshaa aadaa gidduu galeeffachuun eenyummaa sabichaa kan xiinxalan yoo ta'u, kan ko immoo moggaasa lafarraan maqaalee adda addaafi afoola, jechamoota, haala fayyadama afaan isaanii itti dabaluun dhugaa jiru hubachiisuuf kan xiyyeeffate ta'uudha.

Kan biroonis waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban ykn walitti dhiyaatu jedhamee kanan fudhadhe qorannoo Dastaa Amaaraa (2000) Yuunivarsiitii Addis Ababaatti, qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf mata dure "**በቦረና የበኩር ልጅ ስም ስያሜ በዓል አከባበር**"

jedhuu yoo ta'u kan tokko nu taasisu qorannoon lamaanuu mata duree moggaasa maqaa ilaalatan ta'uun qabiyyeen isaanii moggaasa maqaa kana ilaallatan waan ta'eef lachanuu wanta walfakkeessudha.

Akkasumas aadaa boonsaa kan ta'e kan eenyummaa isaa ittiin calaqqisuufi boonu kan ganamaa moggaasa maqaa Oromoon kaleessaaafi har'a qabu akka hubatamuuf qorannaa godhamen.

***Garagarummaan keenya immoo***: qorannoo isaa Ayyaana moggaasa maqaa ilma hangafaa Booranaa qofa ta'uun daa'imman kaanifi moggaasa maqaa bakkeewwanii kan hindabalannefi moggaasa lafarraa ida'achuu dhabuun isaa adda nu taasisa. Dabalataanis bakkiifi naannoo qorannoowwan kun irratti gaggeefameen yoo ilaalle naannoo Amaaraa ta'ee kutaa biyya Wallootti Oromoo Walloo warra Qaalluufi warra Baabbootti ta'uu isaaniti.

Mulgeetaanqorannoo PhD itti hojjetan irratti (2014) mata duree "Documentation and analysis of the Ritual performances of sera Gada among the Karrayyuu Oromoo" jedhurratti qorannoo taasiseen mata duree seera moggaasaa /law of naming/ jedhu kaasuun Oromoo warra Karrayyuu gidduu galeeffachuun waa'ee moggaasaa maalummaa, yoomessa, eenyuun akka moggaafamuufi akkaataa itti moggaasan, eebba guyyaa sanaafi hirmaatota agarsiiseera.Mata duree kana jalatti Oromoon Karrayyuu yeroo maqaa daa'immaniif moggaasu haala adda addaa gidduu galeeffachuun ta'uusaa kaa'eera. Fakkeenyaaf, Waanti isaan bu'uureffatan Waktiilee, yeroo itti dhalamuun, haala siyaasa yeroo saniin, haala diinagdeefi kkf hubannoo keessa galchuun akka seera moggaasaa kana moggaasan ibsa. Fakkeenyaaf kan ganama dhalateef Ganamoo, kan ganama dhalatteef, Ganamee jechuun moggaasu. Akkasumas, kan guyyaa dhalateefi dhalatteef Guyyoofi Guyyee jechuun akka moggaafamu ibsameera.

Kanaaf, mata duree koo waliin kan wal nufakkeessu dhimma moggaasaan wal qabatan Oromoo gidduu galeeffachuun ilaaluu keenya yoo ta'u, garaagarummaan keenya immoo kansaa ragaawwan walii gala Oromoo Karrayyuu kaasuun haala jiruufi jireenya isaanii keessatti aadaafi sirna gadaa isaanii hanga har'aa jiru agarsiisuuniifi moggaasa maqaa namaa qofa kan dhiheessedha. Kan koo immoo waa'ee Oromoo Walloo ijaarsaa eenyummaa isaanii kaleessaa sana hubannoo sirrii ta'e qabsiisuufi eenyummaa sana deebisee ijaaruuf moggaasa lafarraan maqaalee adda addaa gidduu galeeffachuun dhugaa jiru agarsiisuuf kan dhihaate ta'uun.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Mala qorannichaa yoo jennu qorannichi gosa qorannoo jiran keessaa isa kamiin akka ijaarame, iddata kamtu hojiirra oole, gaaffileen mala akkamiin akka guuramaniifi odeeffannoon funaaname mala akkamiin akka ibsamu kan agarsiisudha. Kanaaaf, gosa qorannoo bu'uuraa gidduu galeeffachuun kan qoratamu yoo ta'u, mala qorata qulqulleeffataan kan qindeeffamudha. Gosa iddata jiran keessaa iddata carraan mala xiyyoon iddeessuu fayyadamuun kan gaggeeffamedha. Sababni isaas namoota maanguddootaafi seenaa keessatti hubannoo gahaa qabaniifi umurii dheeraa qaban akkaataa barbaachisummaa isaaniin bakka barbaachisanitti iddata mit carraatti fayyadamuun warra filataman keessaa mala xiyyoon /akkayyoon/ iddeessuun kan hojiirra ooledha.

## 3.1.Madda Ragaa

Maddi ragaa kan namni qorannoo gaggeessu tokko kaayyoo ka'eef galmaan ga'uuf odeeffannoo irraa funaanudha. Haaluma kanaan, madda ragaa $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$tti fayyadamuun kan raaawwatamedha. Madda ragaa $1^{ffaa}$ kan jennu Ayyaantota(waliyyoota), maanguuddotaa warra Qaalluufi warra Baabboo irraa afwalaloo, jechamootaa, seenaa afaan Oromoofi Amaaraan fudhachuuniifi qorattoota seenaafi hojjettoota waajira aadaafi turizimiifaa irraas dabalataan seenaawwan iyyaafachuunidha. Maddi ragaa $2^{ffaa}$ immoo, kitaabilee adda addaafi dookimentii adda addaa sakatta'uun kan xiinxalamedha. Kunis afgaaffii irratti manguddootaa, beektota seenaa Oromoo Walloo, marii garee xiyyeeffanoo irrattis manguddoota warra Qaalluufi warra Baabboofi afgaaffii hojjettota waajira biiroo aadaafi turizimii aanaalee lachuu hirmaachisuun kan gaggeeffamedha.

## 3.2.Qindoomina Qorannichaa

Boqonnaa tokkoo hanga boqonna shanii jalatti wantoonni qindaa'an akka armaan gadiitti ibsamaniiru. Boqonnaa tokko jalatti seenduubee qorannichaa, ka'uumsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, haala naannoo qorannichaafi haala qilleensasaa kan hammatamedha.

Boqonnaa lama jalatti sakkataa barruu jalatti, maalummaa maqaa, maalummaa moggaasa maqaa, moggaasa maqaafi aadaa, faayidaa moggaasa maqaa, gosoota moggaasa maqaa bakkeewwan aadaa Warra Qaalluufi Baabboo haala yookaan sirna raawwii duudhaafi sirna adda addaa, bu'ura

moggaasa maqaa, dhiibbaa sirnoonni siyaasaa darbaniin moggaasa maqaa bakkeewwan irratti gessisan mata dureen guguddan kan xiinxalamanidha.

Boqonnaa sadii mala qorannoo jalatti mata durreewwan guguddaa saxaxa qorannoo,gosa iddaataa, tooftaa iddatteessuu, irraawwatama qorannichaa, madda ragaa, meeshaalee funaansa ragaaa (Afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa, sanada sakatta'uu)fi adeemsi funaansa ragaa jalatti dhiyaataniiru.

Boqonnaa afur xiinxala ragaalee jalatti gosoota moggaasa maqaa adda addaa lafarraafi walitti dhufeenya eenyummaa sabichaa waliin qabu, sirnaafi haala raawwii isaanii, qooda fudhattoota moggaasa maqaa adda addaaf bu'ura ta'an ibsuun, moggaasicha ilaalchisee dhiibbaa sirnoota darbaniin wal qabatan xiinxaluu irratti fidaniifi mata dureewwan jedhan guguddaan ka'aniiru.

Boqonnaa shanjalatti cuunfaa, argannoo, goolabaafi yaboo mata dureewwan jedhaman jalatti qabxiiwwan barbaachisoon ka'aniiru.

Walumaa galatti qorannoo mata dureen isaa Xiinxala ijaarsa eenyummaa oromoo walloo warra Qaalluufi Baabboo haala qabatamaa moggaasa lafarraanjedhu kana ragaawwan madda adda addaa irraa argaman qaaccessuuf malli akkamtaan qaaccessa eenyummaa saba kanaa agarsiisuuf ragaawwan karaa garaa garaatiin sakatta'uuf mijataadha waan ta'eef mala qorannoo akkamtaatti gargaarameera. Xiyyeeffannoon qorannoo akkamtaa mala qorannoo seenawwaa hawaasaan kaayyoo isaa ibsuurratti hundaa'uun qindeeffame. Kan ibsames odeeffannoo akkamtaa irratti hundaa'ee yoo ta'u qindoominni isaa akkamtaa kan itti dhimma bahamedha.Akkasumas, haalli itti qulqulleeffatame mala seenawaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffatamee qulqulleeffatamedha.

### 3.2.1. Hawaasa /Irraawatama/Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu irraawwatama qaba.Irraawwatamni kunis namootaafi dhimmoota qorannoon gaggeeffamu sun irratti gaggeeffamuudha. Kana ilaalchisee, Addunyaan (2011:64) yoo ibsu, "...namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatiin uumame," jedha. Haaluma kanaan, irraawwatamni qorannichaa xiinxala ijaarsa eenyummaa moggaasa lafawwan haala qabatamaa Oromoo Walloo warra Qaalluufi warra Baabboo jedhurratti waan ta'eef hawaasa Oromoo Walloo keessaa warra Qaalluufi warra Baabboo irrattidha.

### 3.3. Malaafi Hamma Iddataa

Qorannoo kana haala barbaadameen galmaan geesisuuf hawaasni oromoo walloo warra toorba jiran hundarratti waan hindanda'amneef gosoota iddata jiran keessaa iddata mit carraan fayyadamuun warroota toorban jiran keessaa warra lama filachuun yoo ta'u, malli iddataa hojiirra oole immoo akkaayyoon iddeessuu filachuun kan itti dhimma bahamedha.Haaluma kanaan mata-duree qorannoo kanaaf kan mijatu mala iddatteessuu miti-carraa (non probability sambling) dha. Mala iddatteessuu miti-carraa gosoota inni qabu keessaa immoo **iddattoo akkayyoo (purposive sampling)** fayyadame.Yaaduma kana fakkaatu Berg B. (2001:32) yommuu ibsu, "When developing apurposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population." Nicholas William (2006:79) gama isaatiin, "Purposive sampling is where the rsearcher selects what he/she thinks is a typical sample based on specialist knowledge or selection criteria."

Akka yaada waraabbii hayyoota kanneeniitti qorataan iddatteessuu akkayyoo fayyadamu beekumsi waliigalaa duraan dhimmicharratti qabu murteessaadha. Sababni isaas maatiin warra walloo heedduu waan ta'aniif hunda isaanii irratti qorachuun waan hindanda'amneef isaan filataman bakka warra hafanii buusuun kan gaggeeffamedha. Akkasuamas, dhimmicha haala qabatamaa jiruun namoota waa'ee mata duree kanaarratti hubannoo gahaa qabaniifi umuriin bilchaatoo ta'an hedduu waan ta'aniif akka madda ragaatti xiyyeeffannaan keessaa hamma barbaachisanfudhachuun kan irratti gaggeeffame.Walumaagalatti, namoonni akka madda ragaatti fudhataman maatiiwwan Oromoo Walloo jiran keessaa warra hubannoo gahaa qabu jedhamuun filataman maanguddoota Warra Qaalluu, Warra Baabboo, qorattoota seenaa sabichaa haalaan beekaniifi ogeessota biiroo aadaafi turizimii gandoolee adda addaa warra Qaalluufi Baabboo jala jiraniidha. Kunis kan filataman Yeroo tokkotti hunda isaanii ilaaluun waan hindanda'amneef jarreen kunneen yoo qorataman parsantiin yoo qaacceeffaman warra Walloo toorban jiran keessaa lamarratti kan adeemsisamedha.

### 3.4. Malleen Funaansa Ragaa

#### A/ Afgaaffii

Afgaffiin mala qorannoon akkamtaa yookiin qulqulleefataa keessatti malleen oddeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa bu'uraati. Yaada kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009:47) yoo ibsan,"Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in

gathering reliable data," jechuun kaa'u.Yaada armaan oliirra akkuma hubatamutti mala qoranno qulqulleefataaf ragaa funaanu keessatti afgaaffiin meeshaa beekamaafi bay'ee barbaachisaa akka ta'e nihubanna. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti qorataan ragaa funaanuurratti afgaaffii sirnaawaafi wal keessoo filachuun itti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu funaanachuun akka qaacceffamu ta'eera. Ijaarsaafi eenyummaa saba Oromoo walloo kana karaa moggaasa maqaawwan lafarra jiran ilaalchisee qorannoon bal'inaan gaggeefame hinjiru. Hanga qorataan beekutti, keessumaa naannoo kanatti dhimma moggaasa maqaarratti qorannoon ta'e hinargamu. Kanaafuu, dhimma kana gadi fageenyan kan beekan manguddoota yookiin jaarsooliifi namoota seenaa sirriitti beekan waan ta'aniif isaan irraa odeeffannoo funaanuun qorannoo kana gaggeesuun dirqamadha. Haaluma kanaan ragaa funaanameef afgaffii bilisaawaa, walkeessoofi sirnaawaa akka filatamee hojiirra oolu godhamuun kan itti dhimma bahamedha. Ragaa kanas qorataan naannoo manguddooliin ragaa ga'aa ta'e kennanirratti argamuun, yaadannoo qabachuun, vidiyoofi sagalee waraabuun ragaan kun akka funaanamu ta'ameera.

**B/ Marii Garee**

Marii garee irratti mata duree qorannoo kanaaf odeeffanoo sirrii kan kennuu danda'an jaarsoliifi namoota seenaa dhugaa beekan yoo ta'an oggeeyyiin qorattoota seenaa naannichaa hanga tokko beekumsa niqabaatu jedhaman waliinis taasisameera.Namoonni kunneen warra afgaaffii irratti hirmaatan irraa addadha. Kanaafuu, namoota kanarraa odeeffannoon mala kanaan akka funaanamu ta'ameera.Kunis muuxannoofi beekumsa jara kanaa qorannoo kana keessatti dhimma bahuuf gargaarameera. Kana ilaalchisee Kotheri (2004:98) yoo ibsu, "*Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent…*," jechuun kaa'a. Marii kanas qorataan bakka giddugaleessa ta'e walitti qabuun ragaan akka irraa funaanamu taasisa. Yeroo marii garee xiyyeeffannoo kanas ragaa funaanamu keessatti sirnoonni darban dhiibbaa moggaasa maqaa irratti geessisan ilaalchisee akka ibsa kennan naannoo isaanii deemuun yeroo gaaffiin dhihaatuuf waliin marii'achuun akka dhiheessan taasisameera. Kan dura turan seecca'a dookimentiifi ragaa Biiroo Aadaafi Turizimiin ofharkaa qabuun walcinaa qabuun hojicha qaaccessuuf itti dhimma baheera. Kunis baatii Eeblaa hanga Caamsatti waajjirra jaraatti argamuun kan taasisamedha. Odeeffannoo barbaachisu argachuuf jecha Warra Qaalluufi warra Baabboo keessaa ulaagaa seenaa kaleessaa beeku jechuun xiyyeeffannaa itti kennuun maanguddootaafi hayyoota fudhachuun yeroo lama lama marii bakka adda addaatti waliin taasiseera.

**C/ Daawwannaa**

Daawwannaan meeshaa funaansa ragaale keessaa isa tokkodha.Meeshaa kanatti fayyadamuudhaan bakka gochi yookaan waanti qoratamuuf barbaadamu suni jirutti argamuun ijaan ilaalaa odeeffannoo ittiin funaananidha. Yaada kana kan deeggaru, Dastaa (2010: 118) yoo ibsu, "Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannichaa irratt gaggeessu sana hordofa," jedha. Kanaafuu, qorataan mala odeeffannoon akkamtaa yookaan qulqulleeffataa ittiin funaanamu keessaa tokko kan ta'ee daawwannaatti gargaaramuun. Kanas yeroo sirni adda addaa gaggeeffamu bakka sanatti argamuudhaan fayyadama afaaniifi afoola isaanii waraabbachuun, haaluma gaaffii yeroo daawwannaaf qopheeffateen wantoota daawwate waraabuuniifi barreessuun qabachuun ragaan akka funaanamu taasisameera.

**D/ sanada adda addaa sakatta'uu**

Dhimma moggaasa saba Oromoo Walloo warra Qaalluufi warra Baabboo kanarratti waantota barreeffamuun ol taa'an odeeffannoo mala adda addaan argaman waliin walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaa xiinxaluuf waan barreeffamuun oltaa'an sakatta'ameera. Kun immoo barreeffamaan seenaa oltaa'aniifi seenaa abbaa dhimmaa irraa afgaaffiifi moggaasa lafarraan argame gidduu maaltu akka jiruufi ture kallattii nama qabsiisa waan ta'eef qorataan filatamee itti fayyadame.

## 3.5. Mala ragaafi Tooftaa Ragaan itti Guurame

Akka dhimma kanarratti Yaaddeessaan (2001) jedhutti "Adeemsa hojii qorannoo keessatti malaafi tooftaa amansiisaa, saffisaafi qabeenya qusataa ta'e filachuun barbaachisaadha" jedha. Kanaaf, qorataan qorannoo kana gaggeessuuf maddi ragaa namoota naannoo sanaa ofumaa deemee, afgaaffii dhiheessuun, waanta qabatamaa lafarra jiran moggaasa adda addaa lafarraa jiraniifi walitti dhufeenya haswaasicha waliin qaban xiinxaluun, afoola sabichaa waraabuun, sirna adda addaa raawwatamaa jiruufi darbandaawwachuufi gaafachuuniifi dhimma eenyummaa sabichaarratti hojii hojjetaman barruuleefi sanada adda addaa sakatta'uunidha. Malli ragaan kun itti guurame immoo qorata afaanii bilisaawaa, walkeessoofi sirnaawaa. Akkasumas, daawwannaa alaalaa sirna adda addaa irratti ta'amuufi sakatta'a sanadawwan adda addaa gidduu galeeffachuun.

### 3.6. Mala Odeeffannoon Itti Qaacceeffame

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu erga funaanamee boodas bakka adda addaatti qoqqoodamuun ibsameera. Odeeffannoowwan afgaaffii, marii gareerraafi daawwannaatiifi sakattaan funaanaman kunneen akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti guuramanii ibsaman. Ibsi itti kennames haaluma namoonni odeeffannoo kennaniin sababa isaanii waliin taa'e.Odeeffannoon erga guuramee xumuramee booda haala barbaachisuun qindeeffamee akkaataa duraa duuba isaan hiikniifi ibsi gahaa ta'e itti kennamee mala qorata qulqulleeffataan kan dhihaatedha. Akkasumas, ragaa namoota adda addarraa afgaaffiin, marii gareen argameefi kan dawwaannaa alalaafi sanada sakatta'uun argame wal simsiisuun akkaataatti barreeffameefi jedhametti taajjabbii koofi dhugaa jiru itti dabaluun kan dhimma barbaadameefi dhugaa jiru lafa kaa'uu danda'uun qaacceffame.

## BOQONNAA AFUR: XIINXALAA RAGAALEE

Aadaa bal'aafi dagaagaa Oromoon qabuufi qabaachaa jiru keessaa tokko aadaa moggaasa maqaati. Moggaasni maqaa kun akkaataafi yeroo itti moggaafamuun garaagarummaas tokkummaas kan qabanidha. Akka seeraafi sirna Oromootti waantotaaf yeroo maqaan moggaafamu waantota hedduu gidduu galeeffachuu yoo ta'u, maqaa moggaasan kanas yeroo yeroon kan jijijjiran miti. Dhimma kana ilaalchisee maqaawwan lafarraaf akkaataa Oromoon walloo warra Qaalluufi warra Baabboo keessatti maqaawwan adda addaa lafarraa itti moggaasameefi maal gidduu galeeffachuun akka moggaasame ilaalchisee manguddootaafi beektota irraa ragaa afgaaffiifi marii gareen, sanada adda addaa sakatta'uun, afoola isaaniifi akkasumas,sirnoot adda addaa isaan kabajataniifi duudha hawaasichaas qaamaan biratti argamuun dawwachuun hiikaafi ergaa isaa xiinxaluun funaanamee haala barbaachisuun qindeeffamee dhihaateera.

### 4.1. Bu'ura Moggaasa Maqaa Namaafi Bakkeewwanii

Moggaasni maqaa bakkeewwanii kan kennamu hawaasa irra jiraatu keessaa akka ta'ee nibeekama. Maqaan bakkeewwanii yeroo moggaafamu caljedhee osoo hintaane wantoonni xiyyeeffannoo keessa galan heddutu jiru. Yaada kana kan deeggaru Steward (1967:65) yoo ibsu, moggaasni maqaa cal jedhee moggaafame osoo hintaane qaamni maqaa kana moggaasu addatti bahee waan beekamuu baatus maaliif akka moggaasameef nibeekama, gosa garaa garaatti addaan qoodanii kaa'uudhaaf kan hindanda'amne yoo ta'es moggaasni bakkeewwan Oromoo Walloo lafawwanii kun taateen, waantota naannichatti baay'inaan argamuuniifi gosa warraa irra qubateenis walqabsiisuun nimoggaasu. Fakkeenyaaf, Warra Qaalluu, Warra Baabboo, Warra Hebanoo, Warra Iluufi kkf yoo ilaalle qubsummaan kan moggaafamedha.

Akkasumas taateen walqabsiisuun kan moggafame yoo ilaalle Fakkeenyaaf Deessee/ dassee kan jedhu kun "dur dubartii farsoo gurgurtu tokkotu osoma farsoo hojjettuu bakka kanatti deesse jedhan. Yeroo kana warri maalila ishee farsoo deemanii dhabuun maal jennaan deeesseetii waliin jechuun kanumaan deessee jedhamee hafe"jedhama (Obbo Mohaammed Ibraahim Alii, Onkolooleessa 2011).

Hawaasni Oromoo Warra Qaalluufi Warra Baabboo tokko namaafi bakkeewwaniif yeroo maqaa moggaasnuu wanti akka bu'uraatti fayyadamnu waantota garaagaraatu jiru jechuun. Haaluma kanaan manguddoon warra qaalluu bu'uura moggaasa maqaa namaaf gama amantaan wal qabsiisuun kan moggaasantu rimaadha jedhu. Fakkeenyaaf maqaa dubaraa yoo fudhannee ilaalle

akka hawaasa musiliimaatti baay'inaan kadijjaa, Hawwaa, Faaxumaafaa jechuun moggaasuutu rimata. Kadijjaan dubartii yeroo jalqabaaf amantaa musiliimaa fudhatte waan taateef baay'ee jaallatamtuu ta'uun maqaa isheen fakkeessuuf fayyadamna.(sheek yasuuf Eebla, 06/2011.)

### 4.1.1. Bu'ura Moggaasa Maqaa Daa'immanii

Gaaffii "Moggaasni maqaa namaa maal bu'ureeffachuun gaggeeffama"?jedhuufmanguddota warra Qaalluuf dhiyaatee yaada akka itti kennaniif dhihaateera. Haaluma kanaan manguddooliin marii garee xiyyeeffannoo irratti akka ibsanitti maqaan namaaf yeroo moggaafamu wantoonni bu'uura godhataman adda addaa akka jiraniidha. Isaanis: Amantaan walqabsiisuun, Firoommiin walqabsiisuun, yeroo ammaa immoo waqtiileefi haala jireenyaan walqabsiisun, hawwiifi abdii jireenya boruun walqabsiisunifi kanaaf  kan kana fakkaatan faa bu'uura godhachuun akka ta'e mirkaneessaniiru. Dhimmuma kanaan kan wal qabatan ilaalchisee Mulgeetaan (2014) Waanti isaan bu'uureffachuun moggaafamuuf Waktiilee, yeroo itti dhalatamuun, haala siyaasa yeroo saniin, haala diinagdeefi kkf hubannoo keessa galchuun akka seera moggaasaa kana moggaasan ibsa.Haaluma kanaan moggaasa maqaa namaa aadaa Oromoo walloo keessatti dhimoota akka bu'uuraatti ilaalaman keessaa warra murteessoo ta'an akka itti aanuutti xiinxalamuun dhiyaataniiru.

### 4.1.2. Maqaalee Waqtiileen Walqabatanii Moggaafaman

Akka ragaa kennitoonni ibsanitti maqaan namaa/ daa'immanii waqtiileen walqabatanii darbee darbee moggaafamuu danda'u.Maqaa akkanatti moggaasuun yeroo ammaa kana baay'inaan daa'imni sun waktii itti dhalate/tte akka ibsuuf itti yaadameeti. Maaqaaleen waqtiileefi walqabatanii moggaasaman keessaa muraasni isaaniis:

A. **Dhiiraaf :**Baatii, Obaamaa

Kana jechuun yeroo yookiin bara bulchiinsa pirezedaantii Ameerikaa duraanii Obaamaa warra dhalateefi yeroo biiftuun baatu nama subii dhalate jechuun walitti fiduun kan moggaafamudha.

B. **Dubaraaf:** Iftuu, Daraartuu

Jedhanii waqtiileen walqabsiisuun moggaasu.Kunis yeroo birraa dukkana gannaatii gara ifaati darbuufi daraaran jiraachuu ibsuuf, daraaran jiraachuu ibsuuf Daraartuu, Iftuu jedhu.

Dhimma kana Mulgeetaan (2014:195) moggaasa waktiileen /yeroo da'umsaan wal qabsiisuun koorniyaa lamaan gidduu galeeffachuun akkaataatti Oromoon Karayyuu daa'imman dhalataniif maqaa moggasan akka itti aanutti kaa'eera.

**Gabatee 1.**

| Lakk. | Maqaa waktiilee /yeroo | Maqaa dubartii | Maqaa dhiiraa |
|---|---|---|---|
| 1 | Ganama | Ganamee | Ganamoo |
| 2 | Galgala | Galgalee/ Gallee | Galgaloo |
| 3 | Guyyaa | Guyyee | Guyyoo |
| 4 | Halkan | Alkoo | Alkoo |

Gabatee 1ffaa yaada waraabbii fudhatame kana irraa waanti hubatamu gara Oromoo Karrayyuu kanaatti namoonni yeroo daa'imman dhalata yeroo isaan dhalatan sanaan wal qabsiisuun maqaa kan moggaasanii ta'uusaati.

### 4.1.3. Maqaalee Amantaan Walqabsiisuun Moggaafamu

Akka odeeffannoo kennitoonni himanitti namoota yeroo Nabiyyuu Mahaammed waliin ta'uun qabsaa amantichaa ta'uun isa waliin aarsaa godhan gidduu galeeffachuun maqaaleen moggaafaman kanneen armaan gadiiti:

**Gabatee 2.**

| Lakk. | Moggaasa amantaan wal qabsiisuun moggaasamu | |
|---|---|---|
| | **Maqaa dhiiraa** | **Maqaa dubartootaa** |
| 1 | Mohaammed | Kadijjaa |
| 2 | Kaalid | Faaxumaa |
| 2 | Hamzaa | Hawwaa |

Akkuma gabatee 2ffaa kanarraa hubachuun danda'amutti moggaasni maqaa namootaa amantaa giduu galeeffachuun moggaafamanii kunneen sababa mataa isaa qaba jedhu.Akka walii galaatti amantaa isaanii irratti ejjennoofi fedhii isaan qaban bu'uureffachuun moggaasna jedhan. Akka fakkeenyaatti yoo kaasne Tokkoffaa, Mohaammed kan jennuuf maqaa Nabiyyicha keenyaan walitti fiduun gaarummaa isaan bakka buusuuf. Kan dubartii immoo kadijjaa yoo jechuun

moggaasnu kadijjaan dubartii yeroo jalqabaaf amanticha fudhatteefi dubartii gaarii haadha manaa Nabiyyi keenyaa waan taateef sanaan wal qabsiisuun jedhu. Warra hafanis akkasuma aarsaa amantichaaf godhaniifi fedhii isaan qaban waliin qabsiisuun akka maqaan kun moggaafamuuf himaniiru.

### 4.1.4. Bu'ura Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii

Gaaffii bu'uura moggaasa maqaawwan bakkeewwanii maal jedhuuf deebiin kenname akka itti aanutti dhihaateera. Hawaasni tokko bakkeewwaniif yeroo maqaa moggaasu lafumaa ka'ee jecha afaanitti dhufe jechuun utuu hintaane wanta bu'uura godhatee moggaasu sababa adda addaa bu'uureffatu qaba. Kunis sanyii namaa bu'uureffachuun, waantota bakkee sanatti baay'inaan argaman bu'uureffachuun, taateewwan bakka sanaatti mudateen wal qabsiisuun ykn bu'uureffachuufi kkfdha jedhu(sheek mohaamed caamsaa 20,2011).Haaluma kanaan bu'uura moggaasa maqaa bakkeewwanii yoo ilaalle:

#### 4.1.4.1. Maqaalee Bakkeewwanii Sanyii Namaa Bu'ureeffachuun Moggaafamanii

Akka manguddoonniifi beektonni yeroo marii garee xiyyeeffannoofi dhuunfaan, "Bu'uurri moggaasa maqaa bakkeewwanii maali?" jedhuuf yeroo deebisan bu'uurri moggaasa maqaa bakkeewwanii maqaa namaa ta'uufi haala qubsumaa lafaa dur taasifamaa tureen walqabatee seenaa ture dabarsuuf maqaa namaa ykn sanyii naannoo sana qubatee ibsuuf akka itti fayyadaman ta'uu ibsan. Kanaaf, immoo ragaa kan ta'u maqaaleen naannoo keenya keessatti moggaafamaniis qubsummaa maatii Walloo toorban Warra Baabboo, Warra Albukkoo, Warra Qaalluu, Warra Himanoo,Warra Iluu, Warra yaajjuu, Warra Raayyaafi kan kana fakkaatan akka ta'an dubbatu. Warri sababa dura dhufeef warra jechuun maatii waliin jiraatu yoo ta'u, isaan kanatu dursee bakka maqaa isaaniin moggaafame kanaa jiraataa ture waan ta'eef maqaa maatii / ilmaan walloo toorbaniin bakka isaan qabataniin waan moggaafameef durse. Kana jechuun guutuu Walloo kan bulchaa ture Walloo waan ta'eef erga ilmaan isaa gahanii irraa bahuun bakka adda addaa qabachuun maqaa isaaniin akka moggaafame dubbatu. Akkasumas, Warra Baabbootti gandi Warra Caalii maqaa nama Caalii jedhamuun kan hundooftedha jedhu(obbo Sayid Qacamaa, caamsaa 20,2011).

Yaada manguddoota kanaa deeggaru Powell (1990:24) yoo ibsu "*Many people names are derived from personal names…"* jechuun kaa'een walsima.

### 4.1.4.2. Maqaalee Bakkeewwanii Waantota Naannoo Sanatti Baay'inaan Argaman Bu'ureeffachuun Moggaafaman

Akka ibsa manguddooliifi beektota Warra Qaalluufi Warra Baabbootti bu'urri moggaasa maqaa bakkeewwanii gariin kan moggaafame waantota naannoo sanatti baay'inaan argaman gidduu galeeffachuun akka ta'e dubbataniiru. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle Harbuu, Qarsaa, Kombolcha, Agamsa, Gariiroo, Andoodee, Fincooftuufi kan biroo jechuun tarreessaniiru. Yaada manguddoolii kanan kan walfakkaatu, Eugene (1997:2) yoo ibsu "*Each place names has an image that portrays the physical and environmental characterstics of the place,"* jedhuun kan walfakkaatudha..

**Agamsa**: naannoon "Agamsa" jedhamu kun kan argamu gandota warra Qaalluu keessaa GandaQotee Bulaa Agamsaa keessatti yoo ta'u naannoo kanatti muka maqaan isaa agamsa jedhamutu baay'inaan argama.

**Kombolcha:** immoo kan  argamu warra Qaalluu keessatti yoo ta'u hiikni isaa maqaa mukaati. Mukni kun baay'inaan naannoo yeroo ammaa kana magaalaa Gudditti Warra Qaalluu jedhamuun beekamtutti rimachuun argamudha.Yeroo ammaa kana mootummaan nurraa mulquuf magaala Industiiriidha jechuun naannoo Walloo kana keessaa baatee ofdanda'uu qabdi jechuun irra deddeebi'anii dubbatu. Kun immoo tajaajila warri walloo irraa argatu akka hinarganneef itti aggaamamaa jira jechuun sodaa jiru dubbatu.( shee Muhee Indiris caamsaa 2011)

**Qarsaa-** kun immoo kan argamu naannoo Baatee ta'ee ganda qarsaa jedhamutu jira. Qarsaan kan moggaafame naannoo sanatti dhagaan dirirriiraa ta'uun baay'inaan lafa uwwisanii waan jiraniif sanumarraa ka'uun moggaafameef jedhan (sheek Umar Qaasim, Eebla, 6/2011).

**Gaarirroo**- gaarirroon Warra Baabboo keessatti kan argamudha. Gaarirroon maqaa muka dura laaftoo ture jarri 'Giraar' jechuun jijjiiran irraa akka moggaafame ragaa kennitoonni ibsaniiru.Giraar jechuun maqaa muka afaan oromoon Laaftoo jedhuuti. Kanaaf sabichi akka isaaniitti jechuu dhiisee seera afaan isaatiin "Gaarirroo" jedha. Mukni kun naannoo sanatti baay'inaan waan argamuuf Afaan Amaaraa irraa fudhachuun itti moggaasan jedhan. Yeroo ammaas maqaa mana barumsaa ittiin moggaasuun tajaajilamantu jira. Innis "Mana barumsaa Gaariirroo sadarkaa 2$^{ffaa"}$ jedhama(obbo Hasan Ahmad, Eebla, 6/2011)

**Urgoo Barri**- Warra Qaalluu keessa taatee maqaan ishee inni ganamaa '**Qolaaddi**i' jedhamti ture. Maqaa kana sababa qotee bultoonni naannichatti hedduummataniin dhiheessi aannanii yeroo baay'atu gariin itichee gurguruu eegaluun itittuun magaala xiqqoo kana maqaa jijjiirte

jedhu.’Urgoobari’ daandii konkolaataan walakkaa ishee kutee bahu yeroo taatu, Urgoo barri bakka itittuun baay’inaan itti gurguramudha. Kanaaf namoonni ganama ganama naannoo sana yeroo gahan Itittuu dhuguuf jecha bakka kanatti konkolaataa dhaabsisu turan. Kanumarraa ka’uun mogga’eef jedhu (obbo Hasan Ahmad, Eebla, 6/2011)

**Harbuu-** warra qaalluu keessatti magaala xiqqoo argamtudha. Aanaan magaala kanaas ‘Qaalluu Waradaa’ jechuun kombochatti kan argamudha. Maqaa biraanis yeroo ammaa kana ‘Kaartum’ jechuun itti fayyadamaa jiru. Kanaaf ragaa kan ta’u bara 2003 A.L.H kan hundeeffame manni daldala baankii Itoophiyaa Harbuutti tajaajilu mana daldala baankii Itoophiyaa dame “Kaartum” jedhuun hanga ammaatti itti fayyadamuu isaaniidha. Jijiirraan akkanaa kun immoo adeemsa keessa ammas dhiibbaa geessisuuf ta’uusaas odeeffannoo kennitoonni shakkii tokko malee dubbataniiru.

**4.1.4.3. Maqaalee Bakkeewwanii Taatee Bakka Sanaan Walqabatanii Moggaafaman**

Akka yaada manguddooliifi beektota seenaa irraa yeroo afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa godhameetti bu’urri moggaasa maqaa bakkeewwanii inni biroon taatee bakka sanaa akka ta’eedha. Haala kanaan maqaaleen moggaafaman: Baatee, Deessee, Fincooftuu,Sanqalleefi kkf.

**Baatee-** ‘Baatee’ jedhu kan moggaafamee yoo ilaalle “Dur obbolaa lamaantu muka murachuuf laga deemanii osoo muka muratanii bosona keessatti wal adda badan. Erga lachuu muratanii bahanii booda karaa adda addaan bahuun wal waamuun ‘baatee baatee’ waliin jechuun wal gaafatan. Kana booda naannoo kana Baatee moggaasuun ragga’e” jedhama (Obbo Ibraahim Mohaammed sadaasa, 2011).

**Dharraa Baatii-** kana jechuun Baatiif dharraa/ fedhii qabaachuu jechuudha**.**

**Deessee-** Magaala guddittii walloo kibbaati. Deessee kan jedhu kun “dur dubartii Oromoo taate farsoo gurgurtu tokkotu naannoo biraarraa dhuftee osoma farsoo hojjettuu bakka kanatti deesse jedhan. Yeroo kana warri maalila ishee farsoo dhuguuf deemanii dhabuun maal jennaan deesseetii waliin jechuun kanumaan deessee jedhamee hafe” jedhama(Obbo Mohaammed Ibraahim Alii, Onkolooleessa2011).

**Fincooftuu**: Warra Qaalluu keessatti bishaan gaaraa gad fincaa’u tokkotu naannoo sanatti argama waan ta’eef sanaan walqabsiisuun moggaafame jedhu manguddoonni. Dabalataanis yeroo ammaa kana bakki kun bakka bashannanaa ta’uun guyyaa sanbata lamaanii warri cidha

qabu bakka sana bashannanaa suura ka’uufi dargaggoonni achitti bohaaran baay’achuun fincooftuuf haalaan beekamtii kenneeraaf jedhu.

**Sanqallee:** ilaalchisee (Obbo Mohaammed Ibraahim Alii, Onkolooleessa 2011)yoo deebii kennan bakki kun kan argamu Warra Qaalluu keessa ta’ee, ganda baay’inaan warri Argoobbaa jiraatanidha. Maqaa “Sanqallee” jedhu kanas kan moggaasa argate naannicha namoota gugurraachatu ture waan ta’eef yeroo Argoobbaan dhuftee itti dabalamtu namichi karaa deemu tokko ijoollee argoobbaafi muca warra gugurraa tokko waliin taphtu argee nagaa gaafachuun isheen sanqalleen kun kan eenyuuti jedhe jennaan ijoolleen ‘sanqallee sanqallee’ jechuun ittiin waamnaan sanumaan itti fufee hafe jedhu.

**Sulula:** kunis kan argamu Warra Baabboo keessatti ta’ee maqaa gandaati. Akkuma maqaasaa gandi sulula jedhamu kun gamaafi gamanni gaara ta’ee gandittiin gidduutti kan argamtudha.

**Hayiqqi**: Maqaa haroo kuufataa warra Baabboo keessatti argamuuti. Haroon hayiqqi kun oomisha qurxummiitiin gara Wallootti adda durummaan maqaa kan dhahamudha. Moggaasni isaas yeroo roobni garmalee roobu haroon kun lafa guutuu waliin gahuun waan uwwiseef yeroo itti bahanii ilaalan guuteera yeroo kana ‘haroon xiqqi’ jedheera jedhu dabaree dabareen. Kanarraa ka’uun “Hayiqqi” jedhan (sheek Umar Qaasim, Eebla, 6/2011).

**Saamtee-** bishaan waraanni Abbabaa Gammadaa uummata irraa dhoorkuun ofii fayyadamuu turanidha. Kanaaf, sababa saamamaniif hawaasichi saamtee jedhe jedhan.

**Andoodee**: argamni bakka kanaa Warra Qaalluu ganda Ahulaal jedhamtu keessa yoo ta’u, moggaasa maqaa “Andoodee” jedhus kan moggaafameef biqiltuun andoodee dur baay’inaan naannoo sanatti sababa argamuuf bakkichaa ciruun mana barumsaa waan hundeessaniif akka ta’e manguddoonni odeeffannoo naaf kennaniiru. kanaaf kana keessatti maqaa mana barumsaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> ittiin moggaasuun “Mana Barumsaa Andoodee sadarkaa 1<sup>ffaa</sup>” jechuun hanga kutaa 8tti itti tajaajilamaa jiru.

### 4.1.5. Moggaasa Maqaawwan Adda Addaa Lafawwan Naannichaa Ganamaafi Hiika Isaanii

Moggaasni maqaawwan adda addaa naannoo kanatti argamanii kan ganamaa warri ta’an hedduu yoo ta’anisa muraasni isaani:

#### 4.1.5.1. Moggaasa Bakkeewwaniifi Maqaa Adda Addaa Ganamaa Warra Baabboo

*Gaaffii naannoo kanatti maqaawwan gandootaafi lageenii mee naa tarreessaa jechuun manguddoota warra Baabboofi qaalluuf dhihaateef* deebii isaanii akkana jedhan.Warri Baabboo gandoota baadiyaa 22fi magaalaa 2, walitti24 qaba  jechuun maqaan isaaniis akka armaan gadiitti tarreessaniiru.

**A/ Moggaasa Maqaa Gandoota Warra Baabboo Keessa Argamanii**

| | |
|---|---|
| 01- Ganda **Haraa** | 013- Ganda **Bokoksaa** |
| 02- Ganda **Gulguloo** | 014- Ganda **Gadiidaa** |
| **03-** Ganda **Abbaa daamoch** | 015- Ganda **Arraa Baatii** |
| 04- Ganda **Daayyee/  Gubdataa** | 016- Ganda **Ulaa Ulaa** |
| 05- Ganda **Shittoo** | 017-Ganda **Fantaallee** |
| 06- Ganda **Gubbisaa** | 018- Ganda **Miillee** |
| 07-  Ganda **Geedarroo** | 019- Ganda **Bashaa** |
| 08-  Ganda **Machaalaa** | 020-  Ganda **Ejersaa** |
| 09-  Ganda **Gohaa** | 021-  Ganda **Qunnuu** |
| 10-  Ganda **Gara Baabboo** | 022-Ganda **Goljaa** |
| 11-  Ganda **Cuqulee** | |
| 12-  012.– Ganda **Caalii** | |

Akkuma maqaa gandoota warra Baabboo keessa jiran olitti kanneen ilaalle moggaasni isaanii ganamaa afaan Oromoo ta'uu isaanii ragaa nuuf ta'aniiru. Fakkeenyaaf ganda **01** yoo fudhanne, Hara kan jedhudha. Hara jechuun bakka bishaan hedduun itti kuufatuun yeroo dheeraaf taa'u Haroo isa jedhamudha. Kan ganda **02** yoo ilalles ganda Gulguloo kan jedhudha. Ganda kana maqaa namaan kan moggaafamedha. Namni Gulguloo jedhamu eenyu yoo jenne maqichutti ni dubbata. Warri hafanis haala kanaan yoo xiinxalaman hunduu jechoota afaan Oromoo warra qulqulluudha. Ganda Cuqulee, Caalii, Gara Baabboo, Dharraa Baatee, Ulaa Ulaa, Ganda Bokoksaafi kkfjechuun itti fufu. Waa'ee ganda warra Baabboo kana keessa jiranii akka fakkeenyaatti '**ganda *020 ganda Ejersaa'*** isa jedhamu aartistiin ***Aster Awwaqee*** kan  isheen ittiin bara 2011tti weelliste ragaadha.

**Fakkii 1. Naannoo ganda warra Caalii kan agrarsiisu**




**B/ maqaaLageewwan warra Baabboo keessatti argamanii**

| | |
|---|---|
| Sulula | Qilee |
| Cuqulee | Bokoksaa |
| Qarsaa | Coqortii |
| Laga Miicaa | Gaadulloo |
| Lakkuu | Hursoo |
| Muummee | |

Moggaasa lageewwan olii kanneen yoo ilaallu akkuma tarreeffaman dhugaa eenyuyyu haaluu hindandeenye moggaasa afaan maalii akka ta'an isaanumatu dubbatata. Fakkeenyaaf laga sululaa yoo ilaalle lagni kun kan gaara gamaafi gamanaa gidduutti argamudha. Sulula jechuunis hiikni isaa kan gama lachuun ol ka'e gidduu dhooqa gidduutti argamu jechuudha. Dabalataanis laga qileefi muummee yoo ilaalle kan gaaraan marfame kan namni gubbaan irra ba'ee gad ilaaluuf baay'ee sodaatu jechuudha. Muummeen bishaan gaaraa yaa'u ta'ee dhugaatiif oolu waan ta'eef qulqullina isaa irraa kan ka'e maqaaleen hoteelotaafi manneen cuunfaa maqaa muummeen moggaafaman hanga ammaatti magaala Deessee keessa bakka adda addaatti niargamu. Kanaafuu

warra hafan moggaasa afaan kamii akka ta'e jechoonni itti moggaafaman kun raga haqamaafi lallaaqamaa hinqabnedha.

**C/Maqaa/ Moggaasa Gaarreewwan Warra Baabboo**

Odkennitoonni warra Baabboo gaarreewwan ishee maqaan isaanii waamuun akka itii aanutti himaniiru.

1. **Tulluu Qarsaa** 2. **Tulluu Ulaa**

**D/ Moggaasa maqaa mukeen warra Baabboo keessatti hanga har'aatti itti waamamanii**

**Agamsa –** muka qoree qabu kan fireen isaa nyaatamudha.

**Ejersa -** muka jabaataa dhaaba manaa ta'u, meeshaa qonnaafi dameen isaa rigaa ta'udha.

**Harbuu –** muka firiin isaa nyaatamuufi baalli isaa beelladootaan nyaatamudha.

**Kombolcha -** muka baala isaa beelladoonni nyaataniifi qoree qabaatee qoraaniif ooludha.

**Mala'oo –** muka dubartoonni walloo warri heeruman faffalaxuun aarfatanidha.

**Ulaagaa –** muka hoomii fakkaatee baalli isaa michiif qoricha jedhamee alanfatamudha.

Akkuma maqaalee armaan olii kanarraa hubachun danda'amutti moggaasni isaanii kan jechoota maqaa mukaa Oromiyaa guutuu keessa jiruun kan moggaafamedha. Kun immoo walitti dhufeenya sabni kun bakka adda addaa ta'ee waliin qabu kan agarsiisudha. Hiikni isaaniis akkasuma kan wal fakkeenya qaban ta'uu isaa nama hubachiisa. Kanaaf Warra Baabboo eenyummaa isaanii kaleessaa sana kan bakka bu'uun dubbatuufii raga biraa maqaa mukoota kanaa qabu jechuudha. Fakkeenyaaf, maqaa muka '**Ejersa'** jedhuun gandi Warra Baabboo keessaa tokko taate ganda **020-** ganda Ejersaa jedhamuun ittiin moggaafamteetti.

**E/ Moggaasa Maqaa Guyyootaa Warra Baabboo**

Akka odkennitoonni jedhanitti maqaalee guyyoota torbaanii warra Baabboo isaan kanneeniidha:

Wixata- ***Sanyoo***

Kibaxata- ***Maksanyoofi Ruffisee***

Roobii- ***Roobii***

Kamisa – K***amisafi Kamis***

Jimaata –J***imaatafi jima'aa***

Sanbata xiqqaa – K***adirfi Qidaamee***

Sanbata guddaa – S***anbatafi Ihud***

Moggaasa maqaawwan guyyoota torbee armaan olii kanneen akkuma jedhanitti kan fudhatamanidha. Garuu guyyoonni muraasni isaan keessaa kan akka ***Roobii, Kamisaafi Sanbataa*** moggaasa maqaa Oromoota naannoo biraa bakka adda addaa jiraatan waliin walitti dhufeenya kan qabanidha. Waanti tokko kan adda isaan taasisu immoo gara warra Baabboo kanatti '***torbee***' isa jennu kanaan '***mirmira***' jechuun bakka tokko tokkotti itti fayyadamu. Mirmira jechuun jedhu kan torbee nanaanna'u kan marmaaru jechuudha jechuun hiika itti kennu.

**4.1.5.2. Moggaasa Bakkeewwaniifi Maqaa Adda Addaa Ganamaa Warra Qaalluu**

Moggaasni ganamaa gandoota warra Qaallu mee maal maal jedhamuun moggaafaman, maali hiikni isaas jechuun gaaffii gaafatamaniif deebii isaanii kennaniiru.Maanguddoonni warri Qaalluus deebii isaanii marii garee irratti haala itti aanuun kennan dhihaatera.

**A/ Moggaasa Maqaawwan Gandoota Warra Qaalluu Jiranii**

Odeeffannoo kennitoonni akka dubbatanitti Maqaawwan gandoota keenyaa jechuun maqaa isaaniifi waa ittiin moggaafamaniin walqabsiisuun:

1. **Harbuu**–maqaa mukaan
2. **Agamsa**–maqaa mukaa
3. **Adaamee-** maqaa mukaan
4. **Kombolch**a– maqaa mukaan
5. **Qarsaa**- maqaa dhagaan
6. **Garfaa**- maqaa gandaa
7. **Garbaa**– maqaa Bishaaniin/galaanaan
8. **Meexxii**- maqaa mukaan
9. **Sanqallee-** maqaa Aanaa
10. **Fontoniina**a- gandaa Afaan Xaaliyaaniitiin moggaafamedha.
11. **Qolaaddii-** maqaa mukaan
12. **Currisaa-**bakka bishaan yaa'uun
13. **Waraabaa-** bakka bishaan waraabaniin
14. **Goljaa-** maqaa bineensaan
15. **Waladdii-** waan adda addaan dorgomsiisuun
16. **Adaame**e –muka adaamiitiin
17. **Gataa**- bakkatti kennaa kennuun kadhatan
18. G**anda Mixii-** bakka namoonni giggidiroo baay'atan
19. **Ganda Jaafar-** maqaa namaan moggaasame
20. G**anda Dooluufi**
21. **Ganda badannoodha**. Muka qoree qabu kan firiin isaa nyaatamu

Moggaasni maqaa gandootaa kunneen warra Qaalluu keessatti gandoota argamanidha. Akkuma maqaa isaanii irraa hubachuun danda'amutti jechoota afaan Oromoo ta'anii hedduun isaanii

maqaa mukeeniin wal qabsiisuun kan moggaafaman yoo ta'an, gariin immoo waantota bakkichatti argaman gidduu galeeffachuun kan moggaafamanidha. Akka fakkeenyaatti maqaalee maqaa mukeeniin waamaman: Harbuu, Meexxii, Kombolcha, Qolaaddii, Agamsa, Adaameefaati. Warri kaanis akkasuma sababa itti moggaafaman qabu, Garbaa galaana bakkichatti argamuun, waladdiin baay'ina sabaafi sablammii bakkichatti argamuun ta'ee wal adda isa jedhu waladdii jechuun moggaasan, currisaa bishaan suuta jedhee yaa'uuniifi kkf kan moggaafaman ta'uu isaanii odeefkennitoonni dubbataniiru. Walumaagalatti eenyummaa saba warra Qaalluu kana ibsuuf gandoonni kunneen kan eenyuuti yoo jenne kan isaanii ta'uu moggasni ganamaa kunneen gaaffii tokko malee dhugaa bahu jechuudha.

**B/ Moggaasa Maqaawwan Lageen Warra Qaalluu Keessatti Argamanii**

Gaaffiin itti aanu immoo maqaa lageewwaniifi gaarreewwan keessanii mee naaf tarreessaa kan jedhu ture. Isaanis Lageen keenya immoo jechuun hiika isaanii waliin akka armaan gadii kanaan dabaree dabareen naaf tarreessaniiru:

1. **Currisaa**–bishaan yaatuu
2. **Borkannaa-** bishaan guddaa ganna ganna guutuu
3. **Cuqulee-**bishaan waraabuun dhugamu
4. **Fincooftuu-** bishaan gaaraa gad yaa'u / fincaa'uufi bakka bashannana addaati
5. **Saamtee-**bishaan waraanni Abbabaa Gammadaa uummata irraa dhoorkuun ofii fayyadamaa ture jechuun tarreessaniiru.

**C/ Maqaan Garreewwan Warra Qaalluu Keessa Jiraniis Akka Itti Aanuun Himaniiru.**

Deebii kennitoonni maqaa gaarreewwan naannoo isaanii yeroo tarreessan qorataan barreessuun akka itti aanutti dhiheesseera:

| | |
|---|---|
| Tulluu Abbaa Jiboo | Gaara Hanee |
| Gaara Garaadoo | Gaara hiyyoo |
| Gaara Waleensee | Kuyyiitii |
| Gaara Gubbaa Odaa | Gaara Rakkoo |
| Gaara Alshaayyoo | |

Moggaasa maqaa gaarreen kana olii kana yeroo hiika isaa natti himan "gaara abbaa Jiboo"kan jedhamu kun namoota ija qabantu naannoo kana jiraata waan ta'eef sana ibsuuf itti mogga'e

jedhan. Gaara waleensee kan jedhamu immoo, yeroo hunda kan hurriin irraa hindhabamnedha jedhu. Gaara gubbaa Odaa kan jedhamuufis daangaa warra Qaalluufi warra Albukkoo gidduutti kan argamu ta’ee gubbaa isaa Odaatu jira. Gaara Alshaayyoo kan jennu immoo maqaa goxiin akka moggaafame dubbatu. Gaara rakkoo kan jedhamu kun immoo gaara walitti kiphuun nama malee harree fe’umsa baattee deemtu kan hindabarsinedha jechuun waa’ee gaarreewwan kanaa sababa hundeeffama isaanii waliin deebii naaf kennaniiru. Kanaaf akkaataan moggaasa isaaniifi maqaan moggaasa isaanii kan wal quba qabuufi hiika qabuuti.

**Fakkii 2. Masgiida Warra Qaalluu Keessa Ganda Shonkee Keessatti Argamuu**



**D/ Moggaasa Maqaaawwan Mukeenii Warra Qaalluu**

**1.** Agamsa

2. Harbuu

3. Makkanniisa bakka tokko tokkotti ‘misaannaa’

4. Urgeessaa

5. Qolaaddii

6. Dhugoo- muka loomii

7. Kombolcha

8. Mala’oo

9. Ulaagaa

10. Waleensuu

Maqaawwan armaan olii kunneen maqaa mukoota Qaalluu keessatti argaman ta'anii moggaasni isaanii inni ganamaa hanga har'aatti kan tajaajilaa jiruufi moggaasa Afaan Oromoo ta'uu isaa maqichumti ragaadha. Kanaaf, eenyu moggaasa yoo jedhamu maqichumatu ofii isaa dubbachuun sabicha bakka bu'ee dubbata jechuudha.

**C/ Maqaawwan Guyyoota Torbaanii Warra Qaalluu**

Wixata- **kofalee**fi S**anyoo**

Kibaxata- **meexii**, **Maksanyoofi Ruffisee**

Roobii- **Roobiifi Abdooyyee**

Kamisa – **kamisafi kamis**

Jimaata –**jimaatafi Jima'aa**

Sanbata xiqqaa – **kadirfi Qidaamee**

Sanbata guddaa – **Sanbatafi Ihud**

Akka odkennitoonni jedhanitti guyyoonni olii kunneen bakka adda addaatti maqaa adda addaan akka waamaman dubbataniiru. Fakkeenyaaf ganda tokko keessatti guyyaa wixataa kofalee kan jedhu jira, kan biraan immoo sanyoo kan jedhutu jira. Guyyaa kibxataas kan meexxii jedhu jira. Sababni isaan akkas jechuun moggaasanis guyyaa gabaa ganda meexxii waan ta'eef. Kan biroon immoo guyyuma kanaan ruffisee jechuun kan waaman jiru. Walumaa galatti maqaa adda addaa moggaasuun itti tajaajilamna jechuun deebii kennaniiru.

## 4.2. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaawwan Adda Addaaf Warra Qaalluufi Warra Baabboo

Moggaasa maqaa adda addaa yeroo jennuu waan hedduu kan ofkeesatti hammatedha. Kan akka maqaa namaa, maqaa beelladaa, maqaa bakkaa, maqaa gaaraa, maqaa lagaa, maqaa mana barumsaa, maqaa qe'ee, maqaa meeshaalee adda addaafi kkf ta'u. Kanaafuu, jarreen kunneen yeroo maqaan itti moggaasamu maqaa tasuma kan lafaa burqu yookaan kan samii bu'u osoo hintaane qaamni kana keessatti qooda fudhachuun moggaasu eenyuufi maaliif akka ta'e gargar baasuun ilaalla.

#### 4.2.1. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaa Namaaf

Akka aadaa Oromoo Wallootti moggaasa maqaa namaa keessatti qaamoleen adda durummaan qooda fudhatan jiru. Kana ilaalchisee, “*Moggaasa maqaa namaa keessatti eenyutu qooda fudhata?*” gaaffii jedhuuf, manguddoonni Warra Baabboo yaada akka itti kennan ta’eera. Haaluma kanaan manguddoota keessaa Shee Mohaammed (Ebla 28, 2011) deebii yoo kennan moggaasa maqaa namaa maatiin gaggeeffamu akka ibsanitti moggaasa maqaa maatiin gaggeeffamu keessatti maatiifi firri dhiyoon kan hirmaatan ta’ee yoo akaakayyuufi akkaawoon jiraatan isaaniif dursi akka kennamuufi abbaafi haatiis ga’ee guddaa akka qaban dubbatu. Gama biraan immoo, warri mucaa dhaban warra sheekotaa deemuun mucaa dhabuu isaanii yoo itti himatan sheekonni waa ilaaluun du’aa gochuun daa’ima niargattu bara qabdanii dhuftu maqaan isaa/ isee abaluu jedheera jechuun osoo hindhalatiin maqaa moggaasuuf jedhu maanguddoon kun. Kanaaf, akka deebii kanaatti moggaasa maqaa daa’imaniif kennamu karaa lama ilaalla jechuudha. Warri mucaa yeroon argate ofis, fedhe immoo akaakayyuufi akkayyoon akka moggaasamuuf kan agarsiisu yoo ta’u; inni lammataa immoo warri daa’ima yeroon argachuu hin dandeenye mana warra waliyyii deemuun himachuun du’aayii (kadhaa) godhachuun yoo kan argatan ta’e osoo hindahiin yeruma sana waliyyiin maqaa dursee moggaasuufii jechuudha.

Moggaasni maqaa osoo hindhalatiin kennamu kunii aadaa guddifachaa oromoo waliin kan wal fakkatudha. Akka maanguddoonni jedhanitti warra daa’ima dhabeef warri waliyyii maqaa dursee baasuun kun akka waan isaanii ta’etti ilaaluun. Jechuun du’aayii isaaniin argame waan ta’eef maatiinis komii hinqabu yaada jedhudha. Aadaan guddifachaas kanuma waliin walitti dhufeenya kan qabudha. Jechuun abbaan dahe maqaa isaan itti moggaasan dhiisuun kan biraa kennuuf waan ta’eef. Waliyyiifi Qaalluun moggaasa kana keessatti ga’ee guddaa akka taphatan manguddoonni dubbataniiru.Dabalataan yeroo marii garee xiyyeeffannoo sheek yesuuf (Caamsaa 14/2011 ALI) guddifachaa ilaalchisee yaada kaasan Waliyyiifi Qaallun moggaasa maqaa dur Oromoon yeroo aadaa akkanaan bulu ga’ee guddaa akka qabaniifi yeroo ammaa laafaa akka dhufe kaasu. Dhimma qooda fudhattootaa kana ilaalchisuun Mulgeetaan (2014:191) participants: “the people involved in the ceremonial event of naming of the child, are his parents, the paternal andmaternal grandparents, and the paternal and maternal uncles and aunts, few close relative, neighbours, and the nearby children in the community”. Kanaaf moggaasa maqaa daa’immanii keessatti qooda kan fudhatan warren armaan loitti tarreeffaman maatii waliyyiifi Qaalluuwwan jechuudha.

### 4.2.2. Qooda Fudhattoota Moggaasa Maqaa Bakkeewwanii

Moggaasa maqaa bakkeewwanii ilaalchisee gaaffii ka'eef caamsaa 14/2011 ganda sheekota warra daanaatti marii gareerratti kan hirmatan akkana jechuun eegale. Moggaasa maqaa bakkeewwanii moggaasuu keessatti akka kan daa'immanii kan adda bahee baay'ee hinbeekamneefi nama dhuunfaan yookaan gareen maqaan kun akka mogga'aa ture deebisan. Moggaasa kana isa kana warra abeluu, isa sana warra abeluu jedhanii gosaan qooduuf rakkisaa akka ta'ee deebisuun garuu, hawaasa naannichaan akka mogga'u yeroo marii gareefi afgaaffii yaada ka'e irraa hubachuun danda'ameera.

### 4.3. Walitti Dhufeenya Moggaasa Lafarraafi Eenyummaa Hawaasichaa

Ijaarsaafi eenyummaa saba kanaa ilaaluuf moggaasni lafarraa waa hunda caalaa raga dhugaa akka ta'e maqaawan adda addaa kaasuun ibsamuf yaalameera. Waantonni lafarraa kunneen walitti dhufeenya isaan sabicha waliin qabantu ibsama. Walitti dhufeenya isaanii kan ilaaluu yaadni hayyoonni adda addaa waa'ee moggaasa irratti yaada kennan haa ilaallu. Hanks (1995:Viii) "aperson's name is abadge of cultural identity. The name that people bear are determined in large part by the culture of that belongs to" Jedha. Cuunfaan yaada kanaa maqaan mallattoo eenyummaa akka ta'eeti. Gama biraan yoo ilaallu aadaan immoo mul'istuu eenyummaa saba tokkoo waan ta'eef maqaan mallattoo eenyummaa hawaasaa ta'uun isaa ifatti kan beekamudha. Maqaan moggaafamu sanaas aadaa saba sanaan akka murtaa'u kan namatti mul'isu ta'a. Akkasumas naannoo jiraatu kanatti waantota itti dhimma bahan haalli moggaasa maqaa isaanii maal akka ta'eefi ta'uu qabu adda baasuun kan moggaasaniifiidha. Kan biroon walitti dhufeenya jaraa haalaan cimsuuf Dunkling (1977:267) gubbaatti "… a name has other association as well as verbal. It might suggest a particular racial group, itn might suggest religions demonstration,"jedha. Kunis maqaawwan akka gandootaa, lageewwanii, gaarreewwanii, mukeewwanii, magaalotaa eenyuun moggaafaman jechuuf jechichi jecha /maqaa eenyuuti kan jedhu yoo dursiisne deebiin isaa warra abaluu ta'a jechuudha. Fakkeenyaaf, maqaawwaan warraa Baabboofi Qaalluu keessatti moggaafaman yoo ilaalle kan dharraa baatii, Ejersa, Mala'oo, Harbuu, kombolcha, taphachiisaa, tulluu Ulaa, ganda Gataafaa moggaasa kanneen irra dhaabbannee duuba isaanii eenyutu jira jennee sakatta'uun dirqama. Sababni isaas maqaan kunneen namoota bakka sana turaniin kan moggaafame waan ta'eef jara eenyummaa isaanii beekuu kan hinoolleta'a.

### 4.3.1. Gahee Moggaasni Maqaalee Qabatamaan Lafarra Jiranii Eenyummaa Ibsuuf Qabanii

*Faayidaa moggaasni maqaawwanii eenyummaa ibsuufi bakka bu'uuf qabu maal?Moggaasa lafarraa kana hunduu hiika isaa beekaa gara keessan kanatti gaaffii* jedhuuf, Ogeessonni biiroo aadaafi turizimii aanaa warra Baabboo eeenyummaa ibsuuf faayidaa niqaba. Fakeenyaaf, maqaa nama beekamaa tokkoon daandii yookiin mana barumsaa moggaasuun seenaafi eenyummaa nama sanaa beeksisuufi akka hindagatamne taasisuuf akkuma ta'e waan ta'eef kunis akkanuma eenyummaa ibsuuf humna guddaa qaba jechuun, moggasa maqaawwan lafarraa kanaaf warra durii yoo ta'e malee namni beeku hinjiru jedhan. Warri Qaalluus akkas jedhan eenyummaa ibsuuf adda durummaan kan fayyadudha. Fakkeenyaaf, warra Qaalluu yoo fudhanne maal akka ta'eefi eenyu akka bakka bu'u waan sammuutti nama dhufutu jira jechuun, waa'ee hiikasaa garuu unuun dabalatee namni xiyyeeffannaan waa'ee kanaa xiinxalus hinjiru kana duras qorannaan kanaan wal fakkatus hindhihaanne waan ta'eef quba wal hinqabnu jechuun nidanda'ama jedhan.

Manguddoonni odkennitoota ta'anis gahee moggaasni lafarraa qabatamaan jiru kun faayidaa hagana hinjedhamne eenyummaa ibsuuf humnaafi dhugaa kan qabu tokkoofi tokko moggaasa maqaalee adda addaa hanga har'aatti lafarra jiranidha jedhu. Fakkeenyaaf Walloo keessa deemtee bakka hundatti maqaaleen hedduun isaanii moggaasa afaan oromoo ta'uu isaa argita. Garuu hawaasni naannichaa hiikaafi maalummaa isaa kan hinbeekne lakkoofsaan rimaadha jedhu. Warri hiikaafi maalummaa maqaalee kanneenii hinbeekne kunneen moggaasa isaa keessatti gahee hinqaban jechuu nidandeenya jedhan. Kana qofaa miti maqaan meeshaalee adda addaafi afoolli isaan fayyadaman hundi kan eenyuu akka ta'e wal quba hinqaban jechuun jabeessanii dubbachuun deebii kennaniiru.

Deebii maanguddoota kanarraa akkuma hubatamutti maqaaleen hedduun isaanii kan naannoo qorannaan kun itti gaggeeffamee jiran eenyummaa saba kanaa ibsuu irratti humna guddaa kan qabudha. Fakkeenyaaf gara Booranaa jechuun Makaana salam deemtan maqaalee gandootaa kanneen akka Laaftoo, Gugguftuu, lakkuufi kkf fi sirna akka lafjaleefaatu argamu.

Yaada kana ilaalchisee Marsanii (2008) yoo ibsu "moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko.Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti *qofa*." jedha.Haala kanarraa hubachuun akkuma danda'amu aadaa hawaasni qabu keessaa tokko moggaasa maqaati. Dhimmuma kana kan mirkaneessu sagantaa Televiijina

‘**ONN’** irratti Artistii Gammachiis Bayyanaa jedhamu seenaa walloo kaasee akkas jedhe. “Saba walloo yoo eenyummaa isaa gaafatte Amaara ofiin jedhu, yoo lafa gaafatte immoo, Oromoodha ofiin jedha” garuu, meeshaa isaan uffatan yoo ilaalte Fkn.Callee, Dooqa, Huccuu.Sirnaisaan gaggeeffatan gidduu galeeffachuun qorachuun nidanda’ama akka fakkeenyaatti sirna Ateetee, Callee naqachuu, aadaa dubartii jechuun kadhaa godhamuufaa jechuun ragaa oromummaa isaanii bakka isaanii bu’ee dubbatu waa hedduu kaaseera (Artistii Gammachiis Bayyanaa Caamsaa 2, 2011).

Kanarraa ka’uun akkuma afaan mallattoo eenyummaa saba tokkoo ta’e moggaasni maqaa waantotaas mallattoo hawaasa tokkoo ta’uu isaarraayyuu maqaan moggaafamu tokko hiika kan argatu aadaa hawaasa moggaasni sun itti kenname keessatti qofa akka ta’e hubanna. Haaluma kana fakkaatuun uummanni Oromoo walloo kibba biyyattii jiran afaaniifi aadaa, sirnaafi duudha mataa isaaniifi kan waliin qooddatan aadaafi duudha hedduu kan qabanidha. Haata’u malee yeroo har’aa kana gariin isaanii afaaniifi aadaa isaanii gad lakkisuun afaan naannichaafi aadaa saba biraan kan burjaajja’aa jiranidha. Gariin isaanii immoo afaan isaanii dagataniyyu duudhaafi aadaa isaanii rakkoo hedduu dandamachuun sirna akka afoola isaanii,aadaa dubartii yookiin sirna ateetee, taphachiisaafaa, moggaasa maqaawwan ganamaa eenyummaa isaanii ibsu hambifataniiru. Haa ta’u malee dhiibbaa adda addaan afaaniifi aadaa isaanii gariin haa dhabaniyyu malee moggaasni maqaa ganamaa immoo waan dagatameef duuba hawaasichaa ta’uun bakka isaanii bu’uun dhugaa kaleessaa sana akka deebisanii ijaarrataniif dafaa naqaqqabaa jechaa eenyummaa isaaniif iyyaa jira jechuun nidanda’ama.Moggaasni lafarraa raga bahaa jiran kanneen akka gandootaa, mukeewwanii, gaarreewwanii, lageewwanii, meshaalee itti fayyadamaniifi afoola afaaniin itti fayyadamaa jiran adda durummaan eeramu.

### 4.4. Xiinxala Afoolaa, Jechamootaafi Haala Haasaa Hawaasichi Itti Fayyadamaa Jiranii

#### 4.4.1. Fayyadama Afoola Isaanii

Egaa akkuma beekamu afoolli gosa oguma ta’ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himamsa afaaniitiiniifi gochaan dhalootaa dhalootatti darbudha. Ilaalchaafi falaasama hawaasaa dhaloota haaraatti beeksiisuufi barsiisuun akka daandii cimaa ta’ee tajaajila. Kanaaf, qorannoo kana keessatti eenyummaa saba kanaa isa dhugaa ta’e dabalataan xiinxaluuf kan gargaaruufi humna cimaa kan qabu afoola isaaniidha.

***Akka fakeenyaatti afwalaloo warra baabboo afaan Oromoofi Amaaraan walmakuun dhihaate***

*አረ ባቲ ባቲ- Eeree Baatii Baatii*

*ባቲ ገንዳ ዳዩ - Baatii ganda Dooyyuu*

*ሃዳሩ የምድረው- Haadraaw yemmi diraw*

*አደራው የሚሞቀው - adaraaw yeemi mooqoow*

*ደራሪቦው ስተኙ ነው፡፡ -deraariboo sitenyuu new.*

*አረ ባቲ ባቲ - Eeree Baatii Baatii*

*ባቲ ገንዳ ዳዩ - Baatii ganda Dooyyuu*

*አደገች ይሉኛል- aadegeech yilunyaal*

*ቁመተን እያዩ፡፡- qumeteen iyyaayyu (dubartii)*

Kanaaf,afoola isaanii kanneen akkanaa kana fudhachuun yeroo xiinxalame walkeessa jiraachuu isaaniituargama. Afwalaloo kana keessatti kan hubannu Baatiin ganda Daayyuu ta'uu isaa afaan lamaan walitti makuun ergaa kan dabarsudha. Akkuma duraan moggaasa maqaa Baatee jedhu ilaalletti jara obbolaatu bosona keessatti wal baduun kallattii adda addaan bahuun baatee baatee waliin jechuurraa ka'ee akka mogga'e ilaalleera. Kanaaf walmakuu afaanii kanaaf isa kamtu akka makame bira ga'uuf moggaasa maqaatu durse moo afwalalootu durse kan jedhu gidduu galeeffachuun afaan eenyuutu makame jennee murtoo kennuf eenyu eessatti dubbataa jira isa jedhu ilaaluun mrteessaadha.

Fakkeenya biroo yoo ilaalle dargaggoonniifi dargaggeetonni warra Qaalluufi Baabboo yeroo baay'ee nama ilkaan kaarruu ta'e baay'ee jaallatu jedha maanguddoon warra Baabboo. Wallootti namni lkaan kaarruu ta'e kabajaafi jaalala guddaa qaba hanga har'aatti jedhu. Kanaaf, dargaggoonni kunneen yeroo hojii adda addaa hojjetan, keessattu yeroo migira guuraa nama jaallataniif yoo ilkaan kaarruu qabaate/ qabaatte, yoo qabaachuu baatanis jaalala isaanii akka itti aanutti ibsatu.

**Isheen:**ናካሮዩ ካሮዩ ካሮዩ-naa kaarruyyee kaarruyyee X2

**Innis :**ነይ ካሮዩ ካሮዩ ካሮዩ -ney kaarruyyee ney kaarruyyee X2…jechuun fedhii isaanii wal afeeru.

ካሮዩ ማለት ጥሪሰ ፍንጭት ማለትነው፡፡ -kaarruyyee jechuun ilkaan kaarruujechuudha**.**

Inni ነይ ጥሪሰ ፍንጭቴ ማለቱ ነው፡፡-innis koottu kaarritti jedha

Isheenis ናልህ ጥሪሰ ፍንጭት ማለት ነው፡፡- koottu kaarrulee jetti isheenis

Afwalaloo olii kana yoo ilaallee kaarroyyee jechi jedhu hundeen jechichaa jecha afaan oromoo '**kaarruu**' isa jennudha.Afaan Amaaraan **'ጥሪሰ ፍንጭት**' isa jedhamudha.Akkuma maanguddoon

natti himanitti namni ilkaan kaarruu qabu tokko walloorratti hanga har’aatti jaallatamaafi kabajamaadha.Akkasumas yeroon isaan taphatan yeroo migira guuraa kan jedhu kunuu jechi migira jedhu jecha afaan oromoodha (shek Mohammed Ebla 4,2011).

Kanaaf jecha ‘kaarruu’ jedhuuf moggaasa ganamaa kan kenneef eenyu akka ta’e wal nama hingaafachisu. Uummanni oromoo guutummaa biyyattiitti kan itti fayyadamudha.

Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle nama ilkaan kaarruu qabuuf jaalalli hawaasni qabu adda akka ta’e weellistuu ‘Muluu Baqqalaa’ waa’ee **kaarruu** weelliste ragaa gara walloo kan dhugoomsudha.

Fkn.*Koommee kaarrulee koo Mala naa malii, mala naa malii*

*Garaan nahammaatee nafudhuu galii/badii*…..jechuun jaalala isaaf qabdu akkanatti ibsatteetti.

Kanaaf, warra Ilkaan kaarruu qabaniif kabajaafi jaalala guddaan kan kennamuuf hawaasa oromoo hunda biraatti ta’uu gara walloo qofaatti akka hintaane walleen kun ragaadha. Kun hawaasni oromoo sababa adda addaan walirraa fagaachuun bakka adda addaa jiraatus dhimma adda addaa irratti ilaalchaafi miira tokko /wal fakkaatu/ qabaachuu isaanama hubachiisa. Dabalataanis weelistuu ‘Saaliyaa Saamii’ gara warra Raayyaa deemuun waa’ee kaarruu ilaalchistee ‘**Kaarroyye kaarroyyee’** jechuun weelisteetti.

Mee ammas fakkeenya biraa afaan lamaan kan fudhatame haa ilaallu. Kunis dargaggoota warra qaalluutu waliif miira isaanii akka itti aanutti ibsatu.

**Afwalaloo afaan Oromoofi Amaaraan walmakuun dabalataan dhihaate**

Kan biraan immoo afoolli afaan Amaaraafi Oromoon walkeessa jiru yookiin taphamu yeroo tapha lafjalee dargaggoonni sala lachuun dabareen wal jalaa qabaa taphatan hanga ammaatti kan itti fayyadaman akka armaan gadiitti dhihaateera:

*Mataa dheeraa kankee, Xajji-saariin mari*

*Waanni namaa hinoolle, du’aafi tidaariidha.(Gurbaa)*

*Dubbii tidaar kanaa, osoo gamtaan yaane*

*Gamtaanis sanuma, jennee irra dachaane.(* Dubartii)

Jechuun walaloo afaan lamaan walitti weeddisuun miira isaanii yoo ibsatan inni dhiiraa mataa dheeraa kankee xajjisaariin mari, waanni hinoolle du’aafi tidaariidha jechuun isaa kun sababa adda addaa irraa kan ka’e afaanichi wal makuu isaa waan tokko ta’us, ergaan walaloo isaa rifeensa kee kana urgooftuun sirreefadhu yeroo keeti, silaa oliifi gad of hinqabiin waan hin

hafneef of hinmidheessiin heerumuun dirqama yaada jedhu haala barbaade sana afaan lamaaniin wal unachiisuun walaleesseera. Isheenis jalaa qabuun“dubbii ti aar  kanaa osoo gamtaan yaanee, gamtaanis sanuma jennee irra dachaane” jetti. Deebiin ishee kun waan tidaar kanaa osoo waliin yaane, marii'anne gamtaan akka hin heerumne mormanne garii hinta'uu yaada jedhu fakkeessuuf fiddee dafte immoo mariinis sanuma maal yeroo dheeressina waan aadaa keenyaa jechuun gara gabaabsuutti fidduuf 'gamtaanis sanuma jennee irra dachaane' yaada jedhu ofkeessaa qaba. Jechuun fakkeessuuf gurbaaf deebii kennuuf ani hinheerumu waa'ee heeruma kanaa osoo dubartoonni waliin yaanee falmanne gaarii hinta'uu jechuun gidduun immoo isaanis nibarbaadu mitii jechuun irra dachaane/tidaariitti seene jechuu isheedha.

Walaloon olii kun kan nama hubachiisu tokko jechoonni baay'inaan hiriiran afaan oromoo ta'uu, afaan amaaraa kan ta'e jecha 'tidaarii' jettu qofa. Kanaaf amala afaanii keessaa ergafachuun isa tokko waan ta'eef keessumattuu walaloon immoo afaan barbaabade bakka barbaadetti fayyadamuuf mirga waan qabuuf wal unachiisuuf kan ergifate fakkaata.

### 4.4.2. Xiinxala Ragaa Jechamoota Afaan Lamaaniin Naannichatti Dubbatamanii

Waa'ee jechamaa ilaalchisee Fedhasaan (2013:62) jechamni hiika dhokataa ofkeessaa qabuun sammuu namaa kan qarudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbateeyaada bal'aa sammuu namaa afeeru jechuun nidanda'ama jedha. Kanaaf qorataanis eenyummaafi ijaarsa saba kanaa kan kaleessaa sana dhugoomsuuf jechamoota isaanii xiinxaluuf dirqameera. Akka maanguddoon warra baabboo jedhanitti 'Dur gara walloo kanatti farsoon baay'ee beekama jedhama. Farsoon kun yeroo gannaa midhaan akka garaa waan hinjirreef midhaan itti xiqqeessuun bishaan itti baay'isuun maqumaaf naqu ture. Warri naqes, warri dhugus icciitii ishee beeka waan ta'eef akkana jedhu:

**"*Macheem maal godanii (godhanii)***

***farsoon Maskaramii qaxanxan godanii (godhanii)".***Waliin jechuun akka jechamaatti hanga ammaatti ittiin dubbatamaa jira.

Jechama kanarraa waanti hubachuu dandeenyu jechoota walkeessa makuun kan afaan lamaan dubbatan kana kamtu kamiif bu'uura jechuuf dhimma maalii dubbatu yoo jenne farsoodha. Kanaaf maqaa farsoo jedhu kana Wallootti dursee maqaa biraan akka namni biraan hinmoggaasneefi hinmoggaafamne waan ibsuuf waan Oromoon maqaa itti moggaasuun ofharkaa qabutti dhufuun waan karaa deemaa ta'aniif waan qotatanii lafa hinqabneefi akka barbaadanitti

oomishuun fayyadamaa waan hinturreef falli hinjiru kanuma qallisnee farsoodha jenna jechuu isaaniiti yaada jedhu ofkeessaa qaba jedhu odkennitoonni (Sheeh Hajii Mahaammed caamsaa, 05, 2011).

Kan biraan immoo waa'ee farsoo yoo kaasnu waa'ee magaala guddoo kibba walloo Deesseetu namatti dhufa. Maaliif yoo jenne maqaa kana kan argatte sababa farsoon waan ta'eef. Jechuun dur dubartiin oromoo tokko farsoo hojjechuun achitti gurgurti ture deemsa keessa gaafa deessu deemanii dhabuun maal waliin jennaan kan dursee dhaga'e deesseeti jedhe kanan booda 'Deesseen' mogga'ee hafe jedhu maanguddoonni (Obbo Ibraahim Mohaammed sadaasa, 2011).

**4.4.3. Xiinxala Haala Fayyadama Haasaa Isaaniin Eenyummaa Isaanii Ilaaluu**

Qorataan yeroo qorannoodhaaf hawaasa kana waliin wal qunnamtii taasisetti haala haasaa isaanii kan taajjabeefi gariis gaafachuun argate haala kanaan dhiheesseera. Warra Baabbootti yeroo namni tokko nama waliin wallole yookiin waan hinmalle raawwate jecha 'akka malee' jedhutti fayyadamuun ibsu. Fakkeenyaaf yoo abbaan manaa haadha manaa reebe akkas jedhuun dhaadhessu:

***Akka malee 'metta ikkoo'*** jechuun duubbatu, akka malee godda jedhu.

Akkasumas waan tokko yeroo raawwatan kun maaliif yoo jedhaman '***aadaachiin new'*** jedhu.

Ateetee dubartiin naqattus '***ye dubartii aadaa'*** jechuun ibsu. Boola Qayyaa dubartoonni itti aarfatan '***boolla qayyaa'*** jechuun akkuma jirutti lafa Walloo kamittuu afaan Oromoon dubbachuun itti fayyadamu. Kanaafuu, haasaa yookiin fayyadama dubbii isaanii kana yoo xiinxalamu jechoonni isaan bu'uura gochuun dubbatan jecha afaan Oromoo isa qulqulluudha.Akka malee metta yeroo jedhan garmalee miidheera yaada jedhudha. Waan raawwatan tokkoof deebiin isaanii '***aadaachinew'*** jecdhan kun immoo waan aadaa keenyaa waan ta'eef raawwanne jechuudha. Akkasumas,sirnaafi waan dubartoonni rawwatan aadaa dubartii, boolla qayyaa dubartii jechuun bakka hundatti itti fayyadamuun kun baay'inaan kan mul'atu waan ta'eef eenyummaa hawaasichaa haalaan ibsudha.

***A****kka malee metta- akka malee miidhe/ dhahe*

*Aadaachiin new- Aadaa keenyadha*

*Aadaa dubartii- sirna ateetee jechuudha.*

*Boolla qayyaa dubartii- boolla* dubartiin heerumte tokko itti aara aarfattu jechuudha.

#### 4.4.4. Xiinxala Sirnoota Adda Addaa Naanichatti Kabajamuu

##### 4.4.4.1. Tapha Lafjalee /Aqafaa/

Gaaffii gara walloo kanatti taphni lafjalee dargaggootaan taphatamu jira jedhama dhuguma jiraa?Yoo jiraate akkamitti taphatama?Kan biraan hoo jiraa gaaffii jedhuuf,deebii kennitoonni warra Qaalluu lafjalee jechuun Aqqafaas nijedhama kana jechuunkan dargaggoonni dhiiraafi dubaraa hiriyyaa wal qabatanii kan waliin galgala galgala bakka namni isaan hinargineetti walitti dhufuun kan waliin taphataniifi wal haqqafatanidha. Bakka tokko tokkottis keessumattuu warra Hemanootti ‘taphni taphachiisaan’ jedhamuun beekama. Tapha kana galmaan geessisuuf dargaggoonni nama isaaniif milkeessu kan naannoo isaanii ta’e nama tokko tokko saala lachuu keessaa nifilatu. Isaanis Abbagaar jedhamu. **Abbagaar-**jechuun jaarsa biyyaa beekamaa kan namoota wal dhaban araarsu, nikaa yeroo fuudhaafi heerumaa hidhudha. Garuu kan dargaggoonni kun filatan dargaggoota keessaa kan hojiin abbagaar kanaan fakkeeffamanidha jedhan.

Deebiin warra Baabboos akkana jedhu Taphni lafjalee yookiin gaarayyuu kan taphatamu gaarayyoonni yeroo cidhi torban lamatti gale galgala galgala taphatani. Yeroo tokko tokko immoo osoma ciini hinjiraatiin dhokachuun naannoo manaarraa fagaachuun taphatanis ni jira. Taphni kunis tapha gaarayyuu jedhamuun beekema.Waa’ee gaarayyummaa dargaggoota kanaa bakka tokko tokkotti maatiin dargaggootaa gaarayyuu walii ta’uu isaanii beekuun beekamtii kennuuf. Kana ilaalchisee akka ragaa naaf kennanitti maatiin ijoollee kanaa hiriyyaa walii ta’uu isaanii beekuun kun dhuguma jechuun sababni isaa akka jarri dhoksaan walitti hin buuneef kan beekamtii kennaniifidha jedhan. Kana jechuun hanga gaafa fuudhaafi heeruma isaaniitti mudhii ol malee mudhii gad akka walitti hinbuuneef jecha beekamtii kennuuf. Yoo mucaan gaarayyuu mucaa kanaa gaafa heerumte durba ta’uu dhabde kan itti gaafatamu waan ta’eef innis itti hinbu’u. Kun immoo aadaafi duudhni hawaasaa akka kabajamuufi jarris kabajaman taasisa jechuudha.Ega warri gaarayyuu walii ta’an kunneen tapha teenamuus damma jaallee jedhamuunis waliin taphatama jedhan.

Walumaagalatti waa’ee tapha gaarayyuu, lafjalees ta’e taphachiisaa kana yoo ilaalle maqaa adda addaa bakka adda addaatti haaqabatu malee jechoonni hunduu jecha afaan oromoo ta’uusaa nama hubachiisa. Dhimma tokkoof bakka adda addaa ta’uun maqaa adda addaa moggaasuun kun eenyummaa isaanii jecha ittiin moggaasan sanaan mirkaneessuuf carraa gaariidha jechuun nidanda’ama.

### 4.4.4.2. Adeemsa Callee Naqachuu Dubartii Warra Baabboo

Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanittiifi yeroo daawwii mirkaneeffadhe fakkeenya gaarii kan ta'u kan biraanimmoo gara warra Baabbootti sirna dubartii jedhamuun kan beekamu 'Callee naqachuun' isa tokkodha.

Gara Oromoo Walloo warra Baabbootti dubartiin ateetee naqattu sun waktii Arfaasaa yeroo roobni roobee marga biqilchu marga sana haamuun manatti facaasuun kan hafe harkatti Siinqee waliin qabachuun of tottolchuun mana ishees tottolchuun gara midhaan kadhachuu bobbaati. Yeroo kadhaaf deemtu kanas osoo namni tokko isheetti hindubbatiin isheenis nam tokkotti hin dubbatanii deemtee balbala gubbaa dhaabbachuun yoo ishee arguu dhaban balbala isaanii dhadhahuun kadhachuun deebiti.Meeshaan itti kadhattus qalqalloo jedhama.Kan isheen irraa midhaan kadhattus 'Amiin' jedhamu.Amiin jechuun maatii warra eebbisamoo ta'an, warra fuudhee wal hiikee hin beekne jechuudha.Sababni isaas akkuma jiruu isaanii isheefis akka jiruun ishee akka saanii ta'uuf yaadeeti. Mana shan yookiin toorba, yookiin sagal, irraa kadhatu jechuun mana lakkoofsa hir'uu malee guutuu irraa hinkadhatan.Yeroo midhaan sana kennaniif isa dura of harkaa qabdurraa xiqqoo meeshaa isaaniirratti marga qabattee baate sanarraa kaasuu waliin kennuun kan isaanii fudhatti. Erga kadhattee raawwattee booda mana ishee galtee midhaanicha harka lamaan yeroo sadii irraa hammaaruun gingilchaa migirarraa hodhame irra marga waliin gooti.Yeroo hammaartu kana kuno gibira kee siif jalqabeera jechuun kadhachaa hojicha itti fufti. Waan yeroo sadii hammaaran sana kan biqilu yoo ta'e nibiqilchiti, kan hin biqille yoo ta'e immoo gurguruun kan biqilutti jijjiirratti. Erga biqilee booda biqilicha baasuun bishaan biqilichaan qaama dhiqatti. Biqila sanaan buqurii hojechuun guyyaa ateetee ishee sana nama naannoo ishee waamuun dhugama. Gaafa ateetee kana naqattu waanti nyaatamuufi dhugamu kan qopheeffamu marqaa, akaawwii garbuu, baaqelaa, nuugii tumame, buna, aannan, damma, dhugoo, turungoo, kookaa dhugamu, daabboo,yoo ta'u kan afamuufi urgeeffatan immoo harrittii, xajjisaari, adasiifikkf tarreessuun bakkatti kaa'ama. Kana hundarraa erga isheen fufudhuun dhamdhamtee /qammastee/ booda warri kaanis nyaatu.

#### 4.4.4.2.1. Akkatti gaggeeffamu

Kunoo gibiriin ke siif kopheessineerra, maal barbaadda jechuun wanneen olitti tarreeffaman maqaa dhahuun nurraa ka'i ijoollee ishee, maatii ishee, loon ishee, jiruu ishee qe'ee ishee, nagaa godhi jechuun kadhatu. Abbaan warraafi haati warraa nagaan waliin haajiraatan, utubaa manaa

jala teessee kan walitti isaan buustu ka'ii ba'i gibira kee fudhatteetta jechuun soorata qopheeffame sanarraa dhibaafachuun /daddarbachuun/ deemi deemi jechuun dhumarratti callee sana damma, dhadhaa, shittoofi aannanitti dhuubuun/ cuubuun maqaa callee sanaa abbaa Duulaa, Mishingee, Diimtuu, Shumburee, Bishaannee, jechuun waamuun morma isheetti dira.

Kana booda hanga guyyaa sadiitti manichi hinharamu.Gaafa guyyaa sadaffaa sagantaa mana haraa jedhamuun waan manatti hafe hundi nyaatamee dhugamee kosiinis haramee qulqulleessuun bakka lukni namaa hin ejjennetti gatuun xumurama.

### 4.4.4.2.2. Fakkoomii Sirna Ateetee Keessatti Argamanii

Fakkoommiin adeemsa hawaasni aadaa tokko qabu sirna aadaafi duudhaa isaa keessatti mallattoo yookiin bakka bu'iinsa yaadaa waan tokko kan ittiin ibsuudha. Fakkoommii hawaasa adda addaa keessatti hiikaa adda addaa qabaachuu danda'a.Akka fakkeenyaatti sirna ateetee warra Baabboo keessatti gaggeefame tokkoo yeroo dawwiifi afgaaffi waan argeefi dhaga'e tokko haa ilaallu.

**a/ Fakkoommii Mallattoon** -yeroo biqila cabsachuuf deemtu haati ateetee mallattoon isheen ittiin beekamtu ulee siinqee, coqorsa harkatti qabachuun. Uleen mallattoo haadha siinqee kabajamaafi kan ulfina qabu ta'uu isaa agarsiisuuf, coqorsi immoo mallattoo Oromoon itti beekamu sirna adda addaa irratti qabatee kan ittiin eebbisuufi Irrecha itti irreeffatu, mallattoo dagaaginaa jechuudha. Kanaaf, waan bakka bu'eef sanaan ala waan biraatti fakkeeffamuuf hariiroo waan itti fakkeeffamuu qabaachuun dirqama.Wanti mallattoon taa'u kun ragaafii dhugeeffannoo qabatamaa waliin kan kaa'amedha. Kanumaan walqabtee marga, siinqee qabattee deemuun dubartii kun mallattoo jiidhinaa, badhaadhinaafi dagaaginaafi kabajaa agarsiisuuf jecha kan bakka buustedha.

**b/ Fakkoomiin yeroo-** kun yeroo itti ateetee naqatanidha. Yeroon kunis kan filatmeef waktii arfaasaa keessa yeroo oomishaaf qophaa'aniifi oomishuuf rabbiin itti kadhatamu ta'uusaa agarsiisuuf marga afraasaan roobee biqqilche cirachuun jiidhina wammuu agarsiisuuf bakka buusanii itti fayyadamu.

**c/ Fakkoommii Beekumsaa-** Fakkoommii beekumsaa jechuun; fakkoommii tokko keessatti waan wal make taa'e tokko amalaafi ibsa isaa sirna mallattoo tokko keessatti beekuudha.Fakkoommiin beekumsaa kun ammoo dhimma seeraafi duudhaa adda baasanii beekuudha. Kanaaf dubartiin callee godhattu kun namoota wal fuudhanii wal hiikanii hinhiikne

midhaan adda baastee isaan akkanaa qofarraa kadhachuun sirna ateetee isheetti ida'achuun rawwachuun kun jireenya akka isaanii waliin jiraachuuf fedhii agarsiisuu fakkeessuun beekumsa akka kanaan daddarbaa dhufe ta'uudha. Gabaabumatti jireenya gaariifi tasgabbii qabu akka warra abaluufaa najiraachisiifi namoota modeela yookiin fakkeenya gaarii ta'an na taasisi jechuuf carraqu ishee kan bakka buustee itti fayyadamte yaada jedhudha.

**4.5. Dhiibbaa Sirnoonni Siyaasaa Darbanii Moggasa Maqaa Lafawwanfi Bakkewwan irratti Geessisan**

Qorataan manguddooliif beektota irraa bifa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffanoo dhiyaaterratti hundaa'uun akkasumas, daawwannaan odeeffannoo yeroo sassaabu, akka yaada isaaniitti dhiibbaan guddaan kan durii qofa miti amma yerooma kana maqaawwan durii deebisanii maqaa biraatti jijjiiraa jiru jechuun yaada walfakkaatu dhiheessu.

Akka fakkeenyaatti yeroo ammaa kana kanneen akka maqaa bakkaa:

*Maqaa Kamisee gara "Midiregeny"-bakka duwwaa turte jechuu fakkeessuuf*

*Maqaa bakka qubsummaa warra Baabboo gara "Bisteemmaa",*

*Maqaa Qolaaddii ture gara "Urgoo barri",*

*Maqaa gandaa Saamtee kan ture gara Irgitaa,*

*Maqaa Harbuu ture gara "Kaartum" j*echuun jijjiiraa jiru jechuun ragaa waliin lafa kaa'aniiru. Waa'ee '**kaartum**' yoo kaasan maal kun jennaan bara durii magaala kamisee har'aa kana dursee kan qubate namoota sudaan turan. Isaanis kasala kasaleessuun gara Harbuu geessuun gurguru turan.Sanarraa ka'uun yeroo hund jarri harbuudhaa waan hindhabamneef kaartum jedhame jedhu.Yeroo durii immoo sirni bulchiinsa keenyaa naannoon osoo hintaane haala qubsummaa saba keenyaan kutaan biyya Walloo kun warra Qaalluu, Warra Baabboo, Warra Hemanoo, Warra Iluu, Warra Albukkoo, Warra Waajjuu, Warra Raayyaa jechuun ture. Warra Qaalluu jechuun Qaalluun ilmaan Walloo keessaa angafa ta'ee abbaa irraa deemee naannoo amma Kombolcha, Baatee, Kamisee, Garbaa, Garfaa, fi kkf qubachuun kan ture yoo ta'u warri hafanis akkanumaan bakka adda addaa qubachuun kan turanidha jedhu. Akka deebii isaaniiti dur yeroo seerri hinjirre osoo dhiisnee kan ammaa kana ilaallee kan kaleessaa dhiibba gama kanaan jiru wal nama hingaafachiisu jechuusaaniidha. Haala kanaan gochaan akkanaa jiruu, aadaafi dhudhaa gama moggaasa maqaan jiru akka hawaasni Oromoo walloo dagatuun kan biraan akka dhaalamu ta'aa akka ture dubbatu.

Dhimmuma kana kan mirkaneessu sagantaa Televiijina '**ONN'** irratti Artistii Gammachiis Bayyanaa jedhamu seenaa walloo kaasee akkas jedhe. "Saba walloo yoo eenyummaa isaa gaafatte Amaara ofiin jedhu, yoo lafa gaafatte immoo, Oromoodha ofiin jedha" garuu, meeshaa isaan uffatan, itti fayyadaman yoo ilaalte Fkn. Callee, Dooqa, Huccuu. Sirna isaan gaggeeffatan gidduu galeeffachuun qorachuun nidanda'ama akka fakkeenyaatti sirna Ateetee, Callee naqachuu, aadaa dubartii jechuun kadhaa godhamuufaa jechuun ragaa Oromummaa isaanii bakka isaanii bu'ee dubbatu waa hedduu kaaseera (Artistii Gammachiis Bayyanaa Caamsaa 2,2011)

Kanaaf, akka yaada nama kanaatti Oromummaa walloof kan ragaa dhugaa ta'e moggaasa lafarraa ta'uu isaa kan namatti agarsiisudha. Kun immoo nama caalaa eenyummaa saba tokkoo dhugaa bahuuf maqaan moggaasa lafarraa kan qaama adda addaafi yeroo waliin hinjijjiiramne ta'uusaadha.Afaan biraan dhimma haabahaniyyu maleee aadaafi duudha isaanii kaleessaa qabatanii kan jiraniifi seenaa isaanii kaleessaa haalaan ibsachuu kan danda'an ta'uu isaanii ragaan hedduu dhihaachaa kan tureefi dhihaacha jirudha. Ibsitoota kanneen keessaa moggasni maqaa wantootaa isa tokko waan ta'eef naannoo isaaniitti waantonni adda addaa duraan moggaasa akkamii akka qabaniifi kan eenyummaa sabichaa calaqqisiisuuf humna hammam akka qaban agarsiisuuf moggaasa maqaawwan lafawwan kaleessaafi eenyummaa sabichaa har'aa gama adda addaan dhugaa jiru ibsuun eenyummaa hawaasichaa isa dhugaa hawaasa naannoofi kan biroo quba qabsiisuufi jecha kan qoratamedha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti waa'een eenyummaafi moggaasa lafarraa haala qabatamaa Oromoo Walloo jedhu kun jalqabaa kaasee hanga dhumaatti haala barbaadamuun duraa dubaan qindeeffamee kan dhihaateedha.

Kunis kan agarsiisu sirni bulchiinsa darbanii aadaa, eenyummaafi duudha saba kanaa balleessuufi burjaajjessuuf waan hinraawwanne hinjiru Garuu, sabni kun afaan isaa gad lakkisuun aadaafi eenyummaa isaa har'a harkaa qabu kana ammas dhabamsiisuuf carraaqaa jiruyaada jedhu kaasaa jiru jechuudha.Yaada kana gabbisuuf Omura (1994) "*Some Oromos essentially become Ethiopians changing their names and their piece of their cultural identity in order to live among the dominant culture with less discrimination*," jechuun kaa'a. Kana jechuun hawaasichi addatti dhiibbaan utuu irra hinga'iin jiraachuuf aadaa warra gabroomfatee dhaaluun maqaa isaanii baafataa akka ture agarsiisa.Akkuma yaada odimtootarraa argameetti gaaffii

dhibbaa sirna moggaasa maqaa waantota irratti geessisan miti yeroo ‘Hayilesillaasee’ Oromoon Walloo Amantaa isaa illee akka jijjiirratu taasisamuun isaa haqa Addunyaan mirkaneessedha jechuun afaan tokkoon dubbatu.

Dhimma deebii isaanii kana kan dhugoomsu fakkeenyaaf waa’ee**Mahaammed Alii** gara **‘Nugus Mikaa’elitti’**, **Haliimaan** gara ‘**Menenittii’** maqaa isaanii jijjiiruun sunuu ragaa guddaadha. Kun immoo moggaasa warra kaan bira darbamee gara isa cimaafi guddaatti dhufamuu isaa nama hubachiisa. Yaaduma kana cimsuuf Kan biraan immoolola Ahimadiin Giraany mirgaafi duguuggaa sanyii musiliimaarratti raawwate kabachiisuuf gaggeeffame jallisuun “**ye Ahimad giraany wereraa** “, jechuun maqaa xureessuun akka uummanni musiliimaa uummata kiristaanaa duguuguuf aggaammate fakkeessuun hammeenyaan dhiheessuun kan musiliimaa dhoksuun waa lama nama hubachiisa. Tokkoffaa harar yeroo sana qaama Itoophiyaa akka hinturre, yookiin uummanni musiliimaa lammii Itoophiyaa akka hinturre fakkeessuun seenaa Ahimad kana mata duree “Ahimad Giraany werera” jechuun jedha (Amaddiin Jabal 615-1700:292)

Yaada barruu olii kanaa yoo ilaalle deebii maanguddoota waliin kan wal dhugoomsudha. Deebii kennitoonni kan biraa immoo maqaa warra Baabboo jedhu gara ‘**Bisteemaatti’** jijjiiruun, maqaa gandoota ganda keenyaa lakkoofsa itti moggaasuun kan duraa dhoksuuf bakka buusuun waamuu isaanii jechuun haqa jiru eeraniiru. Fakkeenyaaf ganda Caalii kan ture 012 bakka buusuun 012 jechuun itti fayyadamaa jiraachuu.Walumaagalatti, dhiibbaan kun dhiibbaa sirnoota bulchiinsa darbaniin godhamaa ture ta’ee aadaafi afaan warra moototaa guddisuun kan warra kaaniii akka sarbamuufi hawaasichi eenyummaa isaa wallaaluufi itti saalfachuun kan biraan akka booji’amuuf kan saanii akka hordofamu yookaan dhaalu godhama turuu agarsiisa.Fakkeenyaaf ragaan isaan kaasan Oromoon loon tiksa malee qonna hinbeeku amaara irraa deemsa keessa barate jechuun, sirna gadaa illee nama nama ajjeesetu abbaa gadaa ta’a jechuun akka irraa dheessan gochaa turaniiru jedhu. Waan kana immoo kan dhugummaa isaa mirkaneessu qaamota biroon seenaa uummata Oromoo lallaaqsisuun barreessisanii olkaa’uu isaaniidha. Fakkeenyaaf, E.Ullendorf (1960)namni jedhamu “the Oromo had nothing no contributeto the civilization of Ethiopia.They possesd no material or intellectual culture and their social organization was at afar lower stageof development than of the population among whom they settled”.Kanaaf yaadni waraabbii kanaa faallaa Oromoo ta’uun isaa nama wal hingaafachiisu. Maaliif yoo jedhame uummanni kush

qaroomina Itoophiyaaf miti addunyaafuu kan adda durummaan beekamu ta'uu keenya ragaa waliin waan oltaa'eef.

Kanumaan kan wal qabate waa'ee moloksee abbaa baahree yoo ilaalle barruu fuula sadiirratti '*Zenahula (oromo*)" jedhee maqaa balleessuuf jecha itti yaadameeti malee dhugaadhuma ta'ee kan dhihaate miti. Tokkoffaa, jechumti sun rakkoo moggaasaa qaba. "Zeenaahula (oromo)?" '/seenaahula(oromo)?'ta'a, inni biraan kannama dhibu namumti maqaan isaa dhahame kun eenyuyyu kan hinbeekneefi biyya keenyaafi biyya biraattis kanbeekamne ta'uusaa, lamaffaa, waraqaa fuula sadii akka kitaabaatti fakkeessuu isaaniifi sadaffaa, immoo Asiliin (orginal) barruu sanaa dhabamuun isaa kun fakkeessuun ofii lallaaqanii qeesiitu barreesse nuti maal beekna jechuun koppii isaa baay'isuun hanga Awurrooppaatti erguun beeksisa irratti hojjechuu fakkaata. Akkuma oromoon yeroo mammaaku "karaan baateefi maqaan baate duubatti hindeebitu" jedhu sanaati(Barreessaafi Gaazexeessaa Birruu Tsaggaayyee Caamsaa 2, 2011 ).
Walumaagalatti gara Wallootti adda ta'a malee guutuu Oromoofi oromiyaarratti maqaa jijjiiruu qofa miti eenyummmaayyu jijjiiruuf sirnoonni darban dhagaa hingalagalchine akka hinqabne nama hubachiisa.Fakkeenyaaf, 'Bishooftuu- Dabire zayit', Adaamaa- Naaziret jechuun kunneen ragaadha.

### 4.5.1. GamaEenyummaafi Afaan Oromoo Walloo Warra Qaalluufi Baabboo

*Gaaffii Oromoon Walloo eenyummaafi afaan isaa qabatee jiraachaa ture hanga yoomiitti jechuun gaafatamaniif*, deebii warri Baabboon, kennan kallattiidhaan maalummaafi eenyummaa sabichaa kan mul'isan hambaaleefi hafteewwan aadaafi moggaasa lafarraa maqaalee adda addaa kan Oromoo akka hintaneef waa hunda gosa warra bittootarraa akka baratetti fudhachiisaa turuun akka of jibbaniifi Oromummaanis akka burjaajja'an gochuun isaanii sun maal akka agarsiisu nibeekna. Eenyummaafi aadaasaa afaan guuttatee akka hinibsanneefi gosa galoomiin akka of ibsan taasiseera. Akka seenaatti Walloo eenyummaafi afaan isaa haalaan qabachuun kan itti fayyadamaa ture yeroo moootii 'Amadee Kolaaseeti' jedhama jedhan. Oromoon walloo tokkumaan waa'ee isaa akka taphatuuf mootiin Amadeefaa kun toorban Walloo keessatti nageenya fiduu bira darbanii Oromoo warra Qaalluu, Baabboo, Ambaaseliifi Tawulederees ofitti dabaluun humna Wallootaa jabaa akka hundeessan nidubbatama waan ta'eef, yeroon kun keenya turte jechuudha jedhan. Garuu sanas ta'e kanas hanga tokko eenyummaa keenya

hambifanneerra, afaan silaa gaafa waraana walloo yeroo ‘marsaa’ jedhame sana amantaatti haftu moo afaanitti haftu jennaan amantaatti akkuma jedhame jedhan sana afaan irri guddi keenya daganneerra jedhu.

Gaaffiima kanaaf warri Qaalluus deebii isaanii gariin afaaniifi eenyummaa isaa hanga har’aatti harkatti qabatee lubbuu keessatti eegaa jira, gariin immoo eenyummaa isaa qabatee afaanicha gad lakkiseera. Lakkoofsaan muraasa kan ta’an immoo kallattii adda addaan burjaajja’uun eenyummaa isaayyu lakkisee gosaan wal waamuu eegaleera jechuun deebisaniiru.
Yaada deebii kennitoota lachuu irraa waanti dubbisamu waa’ee afaaniifi eenyummaa isaanii ilaalchisee hojiin kaleessa hojjetame akka guddoo laaffiseeruufi kan booriif illee akka sodaachisu agarsiisa. Kana ilaalchisee Asafaan (2009:90) akka ibsetti “Oromoon duula gosa galoomii (assimilation/ amharization) dandamatee afaan isaa, aadaan isaa turuun waan tokko ta’us ammas oromoon yoo jabaatee hiree ofii isaa ofiin murteeffachuu hindandeenye afaan ilmaan isaa itti barattuufi waan ishii akka barattuuf hiree isaa yoo hinmurteessiini rakkoodha” jedha.

Yaaduma kana ilaalchisee akka qorattoonni seenaa saba kanaa seenessuuf yaalanitti Kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 20$^{ffaa}$tti jedhu irratti waa’ee Oromoon walloo eenyummaa isaa afaan, aadaa, amantaa isaa qabatee turuu kan danda’e akka seenaan jedhutti hanga xumura jaarraa 19$^{ffatti}$. Hangaa yeroo kanaatti heeraafi seera ittiin wal bulchan kan wal fakkatu qabu turan. Kun immoo akka sirna tokkoon bulan irra darbee akka tokkuummaaa hawaasummaa qabaataniif gahee guddaa taphateera.

### 4.5.2. Waantota Kufaatii Eenyummaa Oromoo Walloof Sababa Ta’an

Gaaffiima waa’ee eenyummaa saba kanaan wal qabatee ka’een eenyummaafi afaaan isaanii akka gad lakkisan waatota sababa ta’an jechuun gaaffii ka’een wal qabatee yaadni akka deebiitti dhihaate taa’eera. Mootonni walloo bara 1835 keessa ilma ‘***obboleettiifi adaadaa isaanii Raas Alii***’ gargaaruuf gara Gondor deddeebi’aa waan turaniif hojiin jalaa kufe. Kufaatiin hojii kanaa immoo tokkuummaa walloo diiguuf sababa guddaa ta’eera. Kanarraa ka’uun wal dhabuun naannoodhuma jiranitti wal bulchuuf bulchiinsa ofii isaanii akka uummatan taasisame.haaluma kanaan abbootiin biyyaa maqaa wallootiin wal waamamaniifi akka naannootti hundeeffaman walii galtee dhabuudhaan akka diinaatti wal ilaaluun humnoota Gondorii ka’aniin haala salphaan

akka weeraraman isaan gochuun eenyummaa ofii kennatan(Seenaa Oromoo hanga jaarraa 20ffaa, 2008:116**)**

Akka waraabbii kana irraa hubannutti mootii Gondor kan ture Raas Alulaa intala Liiban Abbaa Jabboo Haliimaa ‘**ማንን**’ kan jechuun maqaa biraa moggaasaniif fudhuun isaanii soddoomuun fira fakkkaachuun tokkummaa saba kanaarraatti harka lafa jalaan hojechaa turuusaafi dhimma walloo dhiisanii warri walloo bulchan isa waliin akka yeroo isaanii dabarsan gochuun akka uummanni irratti ka’uun ofirraa isaan galagalchu gochuun yeroo wal dhaban daandii sanaan itti seenuu isaaniidha. Akkasumas du’a isaa booda immoo kan mootii Gondor kan ta’e Yohaannisitu ishee fuudhe. Yohaannis dubartii dhabeeti ishee fuudhe osoo hintaane ammas itti fayyadamuuf jecha. Gochaan akkanaa kun ammas akka jiru beekuun kan kaleessaarraa barachuun kan har’aa baraarachuun dirqama ta’a waan ta’eef waan kaleessaa daawwitii keenya godhachuu qabna yaada jedhu kaasaniiru manguddoonni warra Baabboo.

*Eenyummaa warra walloo kana yeroo adda addaatti kan laaffisu moo kan jajjabeessutu guddata gaaffii jedhuu itti fufuun gaaffeef,*deebii kennitoonni warra Qaalluu waa kana dubbachuuf rakkisaadha. Maaliif yoo jenne warri bara bulchiinsa ammaan dura ture beeku isa ammaa kana nijajata. Jechuun kan duriirra niwayya haa ta’u malee ammas oromummaa keenya kana jajjabeessuurra gara laaffisuutu madaallii kaasa. Akkamitti yoo jenne fakkeenyaaf aadaa dargaggoonni dur lafjalee yookiin tapha gaarayyuu jechuun fuudhaafi heeruma dura walitti dhufuun taphatan kana dhibeefi amantaan wal qabsiisuun yeroo ammaa kana akka hafu godhameera.Gochaan kun immoo akka ijoolleen dhoksaan wal gahuun aadaa duraan hanga fuudhaafi heerumaatti qunnamtii saalaa hingoone akka raawwatan taasiseera. Dur yeroo lafjalee taphatan maatiin gara lachuu waan isaan beekuuf yoo walitti bu’an safuutu bade jechuurra darbee mucattiin kaadhimaa biraa waan qabduuf inni illee mucaa kaadhimaa isaa kanatti bu’e barbaaduun waan fedhe waan godhuuf mudhii ol malee mudhii gad hin darban. Har’a garuu aadaa kana dhibee ‘HIV/EEDSII’ babal’ise jechuuniifi akka amantaa musiliimaatti dhiiraafi dubarri waliin taphatuun haraama jechuun aabbotii amantaa amansiisuun dhorkameera. Garuu dhibee jedhame kana kan babal’isu isa kam akka ta’e eenyuyyuu ni beeka. Erga aadaan kun badee akka miidiyaa irraa dhageenyutti naannoo Amaaraa keessaa godinni saba Oromoo Kamisee dhibee ‘HIV/EEDSIIN’ sadarkaa 1ffaa irratti argamti.

Yoo kan bara Hayile sillaasee kaasnee ilaalle walloo irratti waani hinraawwatamne hinjiru. Garuu, nu meeshaa waraana ammayyaafi humna waraanu hinqabnu, garuu gargaarsa waaqaan injifatamnee hinbeeknu. Fakkeenyaaf,Jeneraal Abbabaa Gammadaa jedhamu nutti erguun qabsooftota keenya warra ija ta’an kan akka Hasan Ammeefaa jaarsummaan bosonaa akka deebi’aniif sheekotaan amansiisuun yeroo isaan tole jedhanii dhufan harka galfachuun bakka garagaraatti geessuun warra ija keenya ta’an kanneen rashansiise. Keesumattuu Hasan Ammee nama cimaa waan ta’eef gabaa kamiseetti bakka namoonni hedduu jiranitti fannisiise. Yeroo kana Hasan haada mormatti dhahatanii barmeela irra dhaabbate jalaa dhahuuf isaanii qophii gochaa jiru akkas jedhe mee naa eeyyama waan dhaammadha jedhe jennaan eeyyamaniif, yeroo kana ***“yaa Oromoo Hasan Ammee du’e jettanii Amaara ajjeessuu akka hindhiisne”*** *j*edhe.Yeroo kana inni barmeela jalaa dhahuuf jiru gidduun Amaara meeqa ajjeesteetta jedhee gaafannaan laphee isaa dhiitee lafatti gombisuun si waliin 13 (kudha sadii) jedhee sanumaan darbe jedhu.Kanarraa kan ka’e hawaasichi dhaabbatee du’a Hasan arge afoolaan akkas jechuun ibsuu eegalan:

*Kamiseen hinbu’iin*
*Kamiseen kan cubbuuti*
*Hasan Ammee hazarraaf*
*Kamisa bahe lubbuun Jedhu.*

Guyyuma kana namni biraan yeroo fannifamuuf jedhutti haati nama kanaa akkas jechuun Jeneraalicha /Jeneraa Abbabaa Gammadaa) kadhatte jedhu:

*አበበ ገመዳ የእግዛሃበር ታናሽ - Abbabaa Gammadaa yee igzaayer taannash*

*የዛረ ማርልኝ ሁለተኛ አልወልድም፡፡ye zaaree maarilliny hulettenyaa alweldim***.** jechuunhaati isaa osoma akkanaan kadhattuu fannisuun ajjeesan jedhu. Kanaaf,kun kamiseetti ta’uun qabsooftota biroo eenyummaa isaaniif socho’an akka sodaachuun garbooman taasisuudha. Akkasumas Oromoo warra kaaniifis eenyummaafi aadaa isaa jajjabeessa jechuuf nama dhiba jedhan (shee Sayid Qacamee waxabajjii 2011).

Kan biraan hojiin daran badaaan Hayilesillaaseen saba kanarratti hojjete lubbuu ajjeessuun alatti bara xaaliyaaniin booji’amtee biyya gad gadhiiste sana Hayisillaaseen fardaan biyyarra naanna’uun deemuu isaanii mirkaneeffatee yeroo gaara Garaadoorraan (xoosaa tararaa) isa amma jedhan kanarraan jaleesaa waliin gara Qaalluutti seenu uummanni Abba Dassee osoo

hinbeekiin Xaaliyaaniitu nutti dhufte jechuun rifuun waraana itti banan. Yeroo kana Hayilesillaaseen irraa goree baqachuun karaa biraa shawaa lixaa Makkooyyee gahee warra isaan bulchuun amma dafaati warra Qaalluu kanarratti waraana banaa yeroon achiin darbuuf dhufu waraana nutti bananii giddiin jalaa baane jedhe. Yeroo kana kan mootii naannichaa ta'e isaan Xaaliyaaniidha se'aniiti malee akka isin ta'e quba hinqaban jechuun isa kadhatee waraana itti hinbannu waan biraan adabaa jedha.

Hayilesillaaseenis erga akkas jettee adabbiin koo inni biraa akka barnoota hinbaranne deemaati manneen barnootaa isaanii hunda diigaa jechuun manneen barnootaa diigsisuun akka barnoota hinbaranne nu taasisuun isaa kan lubbuu namoota sabboontotaa ajjeesise caalaa saba kana miidheera jedhan manguddoonni warra qaalluu. Deebii isaanii kanarraa waanni hubatamu namni barate maal hojjeta yoo jenne hojiin isaa inni duraa ofbeekuun sabboonaa ta'uun gara isa itti aanuutti darba. Kana waan dursee raageef egereen isaa maaliif deema isa jedhu sana garanumatti osoo lafa hinqabatiin eenyummaa sabichaa burjaajjessuufi doofummaatti hambisuuf jecha itti yaadamee manneen barnootaarratti murtii dabarse malee waanni isaan rawwataniif isaaf akka hintaane sirriitti hubateera. Garuu, furtuun isaan ittiin sabicha wallaalummaa keessatti hambisuuf ofharkaa qaban maal akka ta'e walitti bu'uu isaanii dura waan barnootaa kana hojii manaa godhachuun oolchee bulchateeitti yaaduun murtii duraa fakkaata.

***Fakkii sibiila Hasan Ammeefaa itti fannifaman agarsiisu***



***Fakkii 3. Sibiila nama itti fannisan kan gabaa Baatee keessa yeroo ammaa kanallee jiruuti.***

Fakkiin olii kun yeroo har’aa gabaa kamisee keessa hinjiru, kan baatee garuu ammayyu jira. Kanaaf waan jarri itti fannifaman agarsiisuuf dhufe.Warri Baabboos kan olii akkuma jirutti ta’ee dabalataan aadaafi duudha duraan ittiin wal bulchaa turre keessumattu sirna fuudhaafi heerumaan walqabatee kan duraan gurbaan mucattiif faaya akka Birrii Bisiifaa kan mormaatti kaawamu kennuuf sana kun qabeenya qisaasessu jechuun aabbotii amantaa amansiisuun akka dhorkamu taasisamee dhorkameera. Erga inni dhorkamee immoo kan bakka bu’e warqii ta’e. Kan duraan Birii Bisii maallaqa 200fi 300 (dhibba lamaafi sadiin) fudhu har’a warqii maallaqa hanga 25,000 (kuma digdamii shaniin) isa qabeenyaan gad aanaa ta’etu fuudha. Kanaaf,kun kan nama hubachiisu aadaafi eenyummaa jajjabeessu miti diinagdeen illee akka of hindandeenye yeroo yeroon seera namarratti baasuutu rimata jedhan. Haala kana ilaalchisee Amaddiin kitaaba Gadaa (1988:101-102) wabeeffachuun bittoonni Absiniyaa safaraa akka meeshaa waraanatti

fayyadamuun Oromoo kan ittiin miidhan, kan Oromoo aritiin gara Amaaraatti ittiin geeddaran, afaan duudhaa isaa ittiin balleessaniifi suuta suutan eenyummaa Oromoo akka badu taasisaa akka turan ibseera. Hayilasillaaseen carraaqqii inni taasise siyaasaafi diinagdee qofaan uummata Oromoo miidhuu miti. Aadaa Oromoo balleessuus nidabalata amantiilee kan akka amantii kiristaana ortodoksii Absiniyaa, Katolikii malee kanneen akka Islaamaafi Amantii duudhaa Oromoo akka badan taasifamaniiru.

Yaadni barruu kanaa ega eenyummaa isaanii jajjabeessu miti waan ta'eef kan darberraa barannee dhiibbaa ammas jiru kanas mulqachuu danda'uu akka qabnu keessumattuu dhaloota har'aa quba qabsiisaa hiree keenya ofii keenyaan akka murteessinu heerri biyyattis akka eeyyamu hubachuun dirqama eenyummaati yaada jedhudha.

## BOQONNAA SHAN: ARGANNOO, CUUNFAAFI YABOO

Boqonnaan kun qaamolee qorannoo keessatti ka'an cuunfaa, argannoofi yaboo kan ofkeessatti qabatedha. Isaan kunis adda adda bahanii akkaataa ifa ta'uu danda'utti dhiyaataniiru. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan ijaarsaafi eenyummaa Oromoo Walloo warra Qaalluufi warra Baabboo haala qabatama moggaasa lafarraaniifi afoolaa sabichaa itti dabaluun xiinxaluun hubannoo sirriifi dhugaa ta'e hawaasichaan ga'uudha. Keesumattuu dhaloonni haaraa waa'ee eenyummaa isaanii irratti xiichuun akka hojjetan xiiqessuuf moggaasa maqaalee adda addaa kaasuun dhugaa jiru agarsiisuun isarra dhaabbachuun onnachuun akka itti fufaniif aggaamamee kan gaggeeffamedha. Moggaasni maqaa kun hiika akkamii akka qabu adda baasuun xiinxaluuf, odeeffannoo manguddooliifi beektotarraa argame xiinxaluun hiikni akka itti kennamu ta'eera. Haaluma kanaan ragaan funaaname akkaataan itti hiikamaniifi qaacceffaman boqonnaa arfaffaa keessatti tokko tokkoon taa'ee jira.As jalatti immoo hojiin hundi isaa bakkatti gabaabsuun cuunfamee dhihaatedha.

### 5.1.Argannoo

Mata duree 'xiinxala Ijaarsaa Eenyummaa moggaasa lafawwan Oromoo Walloo warra Qaalluufi warra Baabboo" jedhu kana odeeffannoo qaama adda addaarraa argameefi haala qabatamaan moggaasaafi afoola hawaasichaa, jechamootaafi sirnoota isaan gaggeeffatan akkasumas, kitaabotan dubbiseefi hubannoo koo itti ida'uun qaaccessameera. Haaluma kanaan argannoon qorannichaas:

- Moggaasa maqaa daa'immaniif moggaasamu ilaalchisee qaama adda addaan akka moggaafamuufi ammas moggaafamaa kan jiruu ta'uusaa. Isaanis maanguddootaan, maatiin, sheekotaafi Waliyyootaan kan raawwatudha. Moggaasa kanneeniif waantonni bu'uura ta'an hedduunjiraachuu isaa waantatokko gidduu galeeffachuun moggaasuun akka jiru. Moggaasni qabatamaan lafarra jiran hedduun isaanii kan hinjijjiiramne jechoota afaan Oromoo ta'uu isaanii, Fakkeenyaaf, warra Baabbootti maqaa gandootaa, Dharraa Baatii, Ganda Caalii yoo ta'an warra Qaalluuttis maqaan gandootaa, Baatee, Agamsa, Harbuufi kkf. Moggaasa maqaaleef maqaalee waantota naannoo sanatti baay'inaan argamanii, taateewwan naannichatti mudateen wal qabsiisuun, maqaa gosa

namoota naannoo sana jiraateen walqabsiisuun maanguddoonniifi hawaasni naannichaa kan itti mooggasudha jedhan(Abduukariim Huseen caamsaa 2011).

- Moggaasawwan kanneen akkaataa armaan oliin moggaasuun jiraatus hawaasni gariin immoo ammayyu hiikaafi maalummaa moggaasa maqaa lafarra jiruu hubachuu dhabuun hiika biraa itti kennuun burjaajja'aa jiraachuun, Hiikni moggaasa lafarraafi hubannoon hawaasichaa wal dhabuusaa, jechuun hubannoo gahaa dhabuu, akka fakkeenyaati Warra Walloo eenyummaa isaanii gaafannaan Amaara ofiin jedhan, lafa gaafannaan Oromoodha ofiin jedhe jedhu sun ragaadha.Garuu ragaan dhugaa haqaafi laaqaa hinqabne moggaasni ganamaa lafarra jiraachuusaa,amma garuu adeemsa yeroo dheeraa keessa yaadrimeen irraanfatamaa dhufuu isaa nimul'ata.
- Moggaansi lafarraafi maqaawwan adda addaa naannoo sana jiranii eenyummaa saba kana ibsuuf humnaafi dhugaa qabaachuu isaanii, akkasumas walitti dhufeenya isaan eenyummaa isaanii waliin qabu nihubachiisa. Hiikni moggaasa maqaalee kunneen hiika kan argatan namoota sana moggaaseen qofa kan hubannoo argatu ta'uun ragaadha.
- Afoolliifi sirnoonni adda addaa eenyummaa isaanii calaqqisiisan bal'inaan hanga har'aattijiraachuu isaa, Fakkeenyaaf, sirna lafjalee, jechamoota afaan lameen wal makaniifi afoola hedduu, akkasumas meeshaalee adda addaa jiraniifi itti fayyadaman hundaan eenyummaa isaani waantonni ibsan jiraachuu isaa niagarsiisa.
- Sirni bulchiinsota Nafxanyootaa (habashaa) yeroo adda addaatti afaan irratti, aadaarratti, diinagdeerratti, amantaarratti dhiibbaa daangaa hinqabne taasisuu isaa,Sababa dhiibbaa yeroo adda addaa irraa kan ka'e hawaasichi garatti oflakkaa'u dhabuun gariin isaa karaa lakkuu irra jiraachuusaa hubatameera. Dhimma moggaasa maqaalee bakkeewwaniifi daa'immanii sabichaa irratti sirni yeroo Hayilesillaaseefi isaa boodas kan ture dhiibbaa adda addaa gochuun jiraachuu isaa nimul'ata.
- Sana booda garuu gama amantiifi siyaasan afaan warra moototaa guddisuuf jecha dhiibbaa gaggeefameen maqaan moggaafaman kan afaan Oromootiin hintaaneefi kan afaan Oromoon ture jijjiiruun kan ofii isaaniin moggaasan jiraachuu. Akka fakkeenyaatti, maqaa gandaa Qolaaddii kan ture gara 'Urgoo Barriitti', Warra Baabboo kan ture gara 'Bistiimaatti', akkasumas, maqaa namootaa Haliimaa gara Menenitti, Mahaammed Alii gara Raas Mikaa'elitti warri jijjiiraman kunneen ragaadha. Yeroo ammaa kanattis eenyummaa saba kanaa waantonni gufachiisan hedduun jiraachuu isaa, Amantaa dahoo

godhachuun aadaa isaa akka lakkisu burjaajjessuu, fakkeenyaaf, tapha lafjalee haraama dhiiraafi dubarri waliin taphuun jechuun ;Aqafaan' akka badu taasisuun dargaggoota dhibeef saaxiluu,

Fakkeenyaaf, warra Baabbootti afaanichaan hinbaratan, hinhojjetan, hinwaaqeffatan, warra Qaalluutti maqaa duraa kan biraan bakka buusuun jiraachuu
Walumaa galatti Sabni kun baratee eenyummaa isaa qabatee akka mirga isaa kabachiifatee kan saba biraas kabajee sabboonummaan hinjiraanneef duulli kallattiifi alkallattiin barnoota dhorkisiisuu sabicharrati mudachuun akka burjaajja'an godhamaniiru.

## 5.2.Cuunfaafi Yaboo

Moggaasni maqaa yoomiifi haala kamiin akka jalqabame adda baasuun rakkisaa akka ta'e qorattoonni hedduun eeraniiru. Kanuma ilaalchisee Crystal (1989:290) akkas jechuun ibsa. "We have no direct knowledge of the origin and early development of language and name as well or it is easy to imagine how such knowledge is obtained." Yaada waraabbii kanaarraa akkuma hubachuun danda'amu, haala jalqabbii moggaasa maqaafi afaanii ilaalchisee yoom akka eegalame adda baasuun rakkisaa ta'uu agarsiisa. Haata'u male Marsanii (2008) yoo waa'ee moggaasaa ibsu "moggaasni maqaa aadaa sabaa keessaa isa tokko. Hiikni maqaa moggaafamee kunis hiika sirrii kan argatu aadaa hawaasa maqaa sana moggaase keessatti qofa"Jedha. Moggaasni lafarraa eenyummaa saba tokkoo ibsuuf hammam akka humna qabu raga adda addaan mirkaneessuuf kan kana caalu akka hinjirre ifaa ta'uusaa agarsiiseera.

Gama kaanin bu'urri moggaasa maqaa bakkeewwanii: maqaa namaa, wantoota naannoo sanatti baay'inaan argaman, haala qilleensaa, taatee bakka sanaafi maqaa namaafi haala bakka sanaa walitti qindeessun akka moggaafamu adda bahuun taa'era. Akka walii galaatti yoo ilaalamu hawaasni Oromoo Walloo warra Qaalluufi Baabboo aadaa moggaasa maqaa daa'immaniifi bakkeewwanii boonsaa ta'e kan mataasaa kan qabuufi akkaataa moggaasa kana itti raawwatu haala adda addaa gidduu galeeffachuun akka ta'e, qorannoo kanaan adda baheera. Kanaafis waan bu'uura godhatee moggaasa kana rawwatu akka qabuufi moggaasni lafarraas dhugaa jiru raga waan ba'eef,haala ijaarsa eenyummaa isaa ganamaa bira gahuun danda'ameera. Haata'u malee hawaasni naannichaa gariin moggaasa maqaalee lafawwaniif hubannoo gahaa kan qaban akka hinqabneefi garatti of lakkaa'an rakkachuun daandii lakkuu / dhaanquu/ qabataniiru. Hubannoo

gahaa akka hinqabanneef sababa kan ta'e immoo sirnoon Habashaa duraan darban aangoofi amantaa ofii isaanii dagaagsuuf saba kanaa awwaalaa turuudha, sabni kun akka Oromoo hintaanetti burjaajeessuun garii Kiristinnaa kaasuun afaaniifi eenyummaa isaa irraa mulqaniiru, garii immoo eenyummaa isaanii irraa mulquun afaan itti dhiisaniiru, garii immoo moggaasa ganamaa sana akka hinhubanneef jijjiirsisuun lallaa qanii garatti goru dhabee taa'eera. Kanaaf, saba kanaaf qaamni Oromoo ta'eefi abbummaan kan dhimmichi ilaallatu biiroon aadaafi turizimii kallattii hundaan seenaa kana barreessuufi barsiisuun osoo baratamee jajjabeeffame,Warra walloo kanaaf seenaa dhugaafi lallaaqaa hinqabne dhaloota booruuf ol kaa'uun akka dargaggoota har'aa kanarraa eegamu osoo yeroo yeroon hubannoofi deeggarsi barbaachisu kennameef.

Akkasumas, moggaasa lafawwan hundaa galmeessuun hiika isaa waliin osoo aanaaleefi godinaalee kutaa biyya walloo keessa kaa'ame,Dabalataanis Oromoo Walloo kanaaf maanguddoonni buleeyyiifi bulchiinsonni sadarkaa adda addaa irra jiran namoota hubannoo lallaaqamaan eenyummaa isaanii gad gadhiisuun waa hedduuf saaxilamaa turaniif jiraniif walitti dhufeenya uumuun osoo wal barsiisaniifi golambaa gidduu gala tokko uummatan yookiin ijaarratan, dhimma amantaa dawoo godhachuun qaamolee eenyummaa ganamaa saba kanaa burjaajessan qaamoleen akkanaa kun akka irraa dhaabbatuufi hubannoo gahaa ta'e immoo osoo dhalootaaf kenname gaariidha.

Walumaa galatti seenaan sabni Oromoo Walloo kun hanga ammaatti eenyummaa isaa irraatti waan hedhuu waan raawwatameef dogoggoroota turaniifi jiran kanneen hiikuuf furtuun guddaan barnoota waan ta'eef, saba kanaaf manneen barnootaa bakka jiranitti akka isaaniif mijaa'uufi barattoonnis akka baratan gochuun hojii isa jalqabaadha. Kanaaf, duula wallaalummaa balleessuun lammii ofbeekee biyyaaf wabii ta'u uumuuf qaamni dhimmi ilaalu hundi dhimma barnootaarratti waan danda'uun boqonnaa tokko jedhee eegaluutu fala ta'a. Keessumattuu qaamni barate ogummaafi teeknikaan deeggaruu cinaatti seenaafi seera gidduu galeeffachuun akka irra deebi'uun seenaan kun ofdanda'ee luka lamaan dhaabbatu gochuuf gaheen isaanii olaanaa waan ta'eef yeroofi bakkaan osoo hindaangeeeffamiin fiiguun dirree har'aa kanatti ta'uu hubannee fiigicha eenyummaa keenya dursisiisu eegaluun dirqama lamummaafi ogummaati.

**Wabii**


Adunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa. Qoranoo Hujoo*: Finfinnee. Mega Printing PLC

Ahimaddiin Jabil. (---?). *Seenaa Musiliimota Itoophiyaa 615-1700*.Itoophiyaa.

Asafaa Tafarraa (2009). *Eelaa.seenaaogummaa oromoo*: Finfinnee,Oromia.

Aneessaafi Gamachuu. (2005).”Constructing Identities: presenting self and society with objects”: Afrika material cultures.

Bascom, W. (1992).*American Folklore in the New world Bloomingto And Indiana polis*: Indiana University press.

Beekaan Gulummaa . (2015).*Tuujuba*. Finfinnee:Oromiyaa.

CrystalD .(1989). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambrige University press.

Cambridge English dictionary.

Dastaa Amaaree (2000). *“በቦረና የበኩር ልጅ ስም ሲያሜ በዓል አከባበር”* waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (MA) .Yuunivarsiitii Addis Ababaa. (Qorannoo hinmaxxanfamne)

Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu’uura Qorannoo*. Addis Ababaa: Max.2ffaa. Mana Maxxansaa Far East Trading PLC.

Dorsen, Richard.(1972). *Foklore and Folk Life.An introduction*.Chicago and London; The University of Chicago press.

Dunkling L .(1977). *First Names First.* London: M.Dent and Sons Ltd.

Encyclopedia Americana .(1995).Vol 11.USA. Glolier Incroporated.

FedhasaaTaaddasaa. (2013).*Subii*.Finfinnee: Oromiyaa.

Finnegan, Ruth .(1970) .*Oral literature in Africa.* Oxford: Oxford University press.

Gammachuu Magarsaa. (2011, waxabajjii 29-30).“*Dhimma falaasama Oromoo irratti*”. Yuuniversiitii Salaaleetti: *dhaabbata qorannaa afaaniif wal ga’ii irratti qorannoo barreeffamaan dhihaate*.(kan hinmaxxanfamne).

Hanks &Hodges.(1995). *ADictionary of First Name.*New York: Oxford University press

John. H. (1997). *Pickering Literature* 5th Ed. London Oxford University Press.

Kotheri, C.R .(2004). *Research Methedology. Methods and Techniques, 2nd (edt) India:*New Age International Ltd.

Mahaammed Xooyib.(qopheessaa sagantaa keessummaa anaa dhufuu). (2011,Onkoloolessa 20). Finfinnee, OMN.

Marsanii Bobbaasaa (2008). *Duudhaa.*Barruulee Ayyaana Irreechaa. Finfinnee D.G printing Enterprise.

Mulgeetaa Nagaasaa.(2014). *Documentation and analysis of the Ritual performances of sera Gada among the Karrayyuu Oromoo*”: PhD Dissentation, AAU.

Powell. M. .(1990). *Biblography of Place naming Literature.* United States and Canada: Canada

Seefuu Tsaggaayee. (2008). *“xiinxala moggaasa maqaa daa’immaaniifi bakkeewwanii aanaa waliisoo”*.YAA.(Kan hinmaxxanfamne).

Scott, W. and Deirdred, D. J.(2009). *Research Methodology for everyday life.*Sanfransisco: Jossey Bass Publisher

Sims and Stephen. (2005). Living folklore. An Introduction to the Study of the People on their Traditions: black well publishing.

Smith, E .(1969). *Theory of Name Lore.*New York : Harper and Raw Publisher

Stewart, G .(1967). *Name of the Land.*A historica Account place naming in the United States. Boston: Houston Milton Company

Yaaddessaa.(2001).*Mala Qorannoo Bu’uuraa*.Far east Trading. PLC

http://en.wikipedia.org/wiki/Oromo_people

**Dabalee A**

**Meeshaalee odeeffannoon itti guuraman agarsiisu.**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Koollejjii namoomaa, Qorannooafaanotaa, Joornaalizimiifi Sabquunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

**Kabajamtoota odeefkennitootaa**

Duraan dursee beellama koo kabajuun bakka kanatti argamuu keessaaniif galata guddaa argadhaa.Kaayyoon afgaaffii koo kanaa baarnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookiloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree “Qaaccessa Ijaarsa Eenyummaa moggaasa lafarraaOromoo Walloo Haala Qabatamaa warra Qaalluufi Baabboo” jedhu irratti ilaalchisee ragaa qorannoof funaannachuuf waan ta’eef ragaa dhugaa akka naaf kennitan jecha. Kanaafuu hirmaannan keessan kallattiidhan afaaniin deebii kennuurratti qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif baay’ee barbaachisaa waanta’eef, ragaa dhugaa seenaa saba kanaa dhugaa jiran osoo irraa hin hambisiiniifi itti hindabaliin natti himuun gahee keessan akka gumaachitan kabajaan isin gaaffa. Ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kaan ooluufi iccitiin isaa kan eegamu ta’uu waadan isiniif gala. Kabaja argadhaa.

1. Oromoon walloo kun eenyummaa isaa hanga yoomiitti qabatee ture?
2. Naannoo jiraattan kanatti moggaasa maqaa waantota lafarraatti argamanii kanneen akka lageenii, gaarreenii, harroowwanii, mukootaa, gandootaa, magaalotaa, karaaleefi maqaan sirna adda addaa mee tarreessaa?
   a/ maqaa lageenii d/maqaa mukeen adda addaa
   b/ maqaa gaarreenii e/maqaa gandootaa
   c/haroowwanii f/ maqaa magaalotaa
   g/maqaa sirna adda addaa h/ maqaa guyyootaa?
3. Moggaasa maqaalee kanaaf bu’uurri maal? Mee akka fakkeenyatti
4. Moggaasa maqaalee adda addaa kana keessatti eenyutu qooda qaba?
5. Uummanni walloo kun hiika moggaasa lafarraa kana beekuu? Hin beekan yoo ta’e sababa maal ta’eefi?

6. Seenaa oromoo walloo kana kan biroo irraa waanti adda taasisu jiraa? Yoo jiraate haala jiruufi jireenya isaanii irratti dhiibbaa geessise moo nifayyade? Akkamitti?

7. Haalli jiruufi jireenya uummata kanaa yeroo ammaa maal fakkaata jechuun gama eenyummaa isaan, aadaan, duudhaan, haala fayyadama afaaniin?
8. Saba kanarratti yeroo durii kaasee hanga har'aatti akka aadaa, afaan, eenyummaa isaanii dagataniif qaamni dhiibbaa irratti geesisan tureeraa? Yeroo ammaa kana hoo maal fakkaata?

10.Haala moggaasa maqaalee lafarraa oromoo walloo kanaa irratti mootummotni /bulchiinsotni/darban dhiibbaa geessisan qabuu? Yoo qabaate gama kam kamiin taasisame?

11.Gara walloo kanatti yeroo fuudhaafi heerumaa dursanii sirni tapha taphachiisaa kan dargaggoonni galgala galgala walitti dhufuun taphatan jira jedhama dhuguma jiraa?

11.Deebiin gaaffii olii kunYoo jira ta'e jechi taphachiisaa jedhu kun eessaa dhufe, yoom eegale, akkamiin taphatama, taphicharratti maal maaltu barbaachisa, qooddattoonni eenyufaadha, afoolli itti dhimma bahan jiraa? Yoo jiraate maal maal jechuun taphatu, akkamiin jalqabamee akkamiin xumurama?

## Dabalee B

**Gaaffilee qorata afaanii Afgaaffi beektotaafi ogeessota biiroo aadaafi turizimiif dhihaate.**

1. Moggaasa lafarraa ilaalchisee qorannoon kana dura naannoo kanatti taasisame jiraa? Hin jiru yoo ta’e eenyummaa saba tokkoo isa ganamaa maaliin calaqqisiisuun danda’ama?
2. Moggaasni maqaaleewwan lafarraa kun eenyummaa saba tokkoo ibsuuf hammam humna qabu?
3. Gama fayyadama afaaniifi aadaa isaaniin hawaasni kun maal fakkaata? Kana jechuun moggaasni maqaaleewwan qabatamaa lafarraa kanneen akka Deessee, kombolcha, qaalluu, Baatee jedhamuun jiraniifi afaan hawaasichi amma itti fayyadaman walcinaa qabuun mee naaf himaa? Yoo garaagara ta’e maaltu dhiibbaa taasise sinitti fakkaata?

## Dabalee C

## Marii gareef gaaffii dhihaatan

Gaaffilee Afgaaffi Maree Garee Xiyyeeffanoo Manguddootaafi Beektotaaf Dhihaatan

Yuunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa,Qo'annoo Afaanotaa, JoornalizimiifiQunnamtii, Muumme Afaan Oromoo ogbarruufi fookiloorii.

**Hubachiisa:** Kaayyoon gaaffilee kanaa Yuunivarsiitii Finfinnee sagantaa barnoota diigrii lammaffaati qorannoo "Xiinxala Ijaarsa Eenyummaa  Moggaasa lafarraa haala qabatamaa oromoo walloo" jedhuuf qofa kan oolu ta'uusaa kabaja waliin isin hubachiisa.

**Qajeelfama:** Gaaffilee Armaan gadii Akkaataa Qabatamaa naannoo kana keessa tureefi muxannoo keessan itti dabaluun akka naaf deebiftan kabajaanan isin gaafadha jechuun eegalama.Kana jalatti yaada namoota adda addaarraa fudhatamanfi kan biroo maanguddootaafi beektota biroof carraa kana kennuun walitti fiduun yaadicha dhiheessuun akka irratti marii'atan taasisuun yaada bilchate fudhachuufi dhugoomsuuf jecha filatame.

1. Hiikumti jecha walloo jedhu hoo maalinni? Akkamiin moggaafame?
2. Eenyummaa oromoo walloo har'aa kana kan laaffise maal?
3. Gara walloo kanatti sirbi 'kaarrooyyee kaarrooyyee' jedhamuun sirbamu baay'ee beekamaafi jaallatamaadha. Mee kaarrooyyeen kun maal? Eenyuuf jedhame dhiiraaf moo dubartootaafi? Yeroo akkamii sirbama?
4. Moggaasni lafarraa duriifi har'aa maal akka ta'eefi akkamiin akka ta'e mee eenyutu waa nuu jedha?
5. Faayidaan moggaasni kun dhaloota haaraafi hawaasaaf qabu mee irratti  yaada  kennaa .
6. Dhiibbaan gama siyaasaan yookaan sirnoota darbaniin moggaasa maqaalee lafarraarratti geesisanii ni jiraa? Yoo jiraate eenyutu naa ibsuu danda'a?

## Dabalee D

## Waantota dawwaatamuuf karoorfaman

1. Haala teessuma lafaa Oromoo Walloo
2. Moggaasa maqaa lafarraafi walitti dhufeenya bakka bu'aafi bakka bu'amaan waliin qaban mirkaneeffachuuf daawwachuu
3. Sirna adda addaa irratti argamuun aadaafi duudha sabichaa maal akka fakkaatuufi bakka bu'u daawwachuu

**Dabalee E**

**Maqaa namoota odeeffannoon irraa funaanamee**

| Lak k. | Maqaa guutuu | Saal a | um urii | Ganda | Gahee isaanii | Gosa odeeffann ookennan | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | sheek Umar Qaasim | Dhi | 59 | 02 Q | sheekicha | | Eebla, 6/2011 |
| 2 | obbo Hasan Ahmad | Dhi | 55 | 012 Q | Qot. Bulaa | | Eebla,6/2011 |
| 3 | shek Mohammed | Dhi | 75 | 020 B | Sheeh | | Ebla 4,2011 |
| 4 | Obbo Ibraahim Mohaammed | Dhi | 89 | 011 B | Qot. bulaa | | sadaasa, 2011 |
| 5 | shee sayid Qacamee | Dhi | 65 | 09 Q | daldalaa | | waxabajjii 2011 |
| 6 | Sheeh Hajii Mahaammed | Dhi | 63 | 03 B | Sheeh | | caamsaa, 2011 |
| 7 | Shee yasuuf | Dhi | 46 | 03B | Sheeh | | Eebla, 06/2011 |
| 8 | Hadiyaa Kadir | Dha | 35 | 01B | BAfi T | seenaaWa r.Baabboo | waxabajjii, 2011 |
| 9 | Ahimad Diimaa | Dhi | 89 | 020Q | Qot. bulaa | | Cam.2011 |
| 10 | Sheeh Mohaammed Amaan | Dhi | 70 | 017B | Sheeh | | Cam. 2011 |
| 11 | Shee Hajii Mohaammed | Dhi | 75 | 019B | Sheeh | | Cam. 2011 |
| 12 | Abduu Ayyaaloow | Dhi | 37 | 01Q | BAfi T | Seenaa war. Qaal. | Waxab. 2011 |
| 13 | Shuumuu Mahaammed | Dhi | 56 | 05 Q | Qotee bulaa | Seenaawa. qaalluu | Caamsaa 2011 |
| 14 | Abduukarim Huseen | Dhi | 54 | 020Q | Qotee bulaa | Warra baabboo | Caamsaa 2011 |
| 15 | Shee Muhee Indiris | Dhi | 60 | 06B | Qaallicha | Seenaa | Caamsaa 2011 |
| 16 | Siraaj mahaammed | Dhi | 63 | 08Q | Daldalaa | Warra Qal | Caamsaa 2011 |
| 17 | Asfaw Awwal | Dhi | 65 | 021Q | Daldalaa | War.Qal. | Waxabajjii 2011 |
| 18 | Soofiyyaa ahimad | Dha. | 34 | 02B | BAfiT | ogeessa | Waxabajjii 2011 |
| 19 | Abdallaa Abduu | Dhi | 63 | 010 Q | Qotee bulaa | Warra Ba. | Waxabajjii 2011 |
| 20 | Yaasin Abduu | Dhi | 60 | 016 B | daldala | War.Qal | Waxabajjii 2011 |

**Dabalee F**

Fakkiilee qorannicha keessatti qorataan akka ragaatti itti fayyadame agarsiisu.

**Fakkii 1. Gabaa Baatee kan duraan warra Baabboo amma warra Qaalluu taatee**



**Fakkii 2. Fakkii bishaan ho’aa warra Baabboo ganda Miilleetti argamuu**



**Fakkii 3. Ganda warra baabboo keessaa kan warra Caalii agarsiisu.**



**Fakkii 4. Masgiida warra Qaalluu keessa ganda shonkee keessatti argamuu**

